# ITTI FAYYADAMA AFAANIIFI FAARUU OROMOO SIRNA MUUDA KEESSATTI: XIYYEEFFANNOON GODINA ARSII AANAA GUNAA DIRREE SHIBBAASH MOOMINAATTI

**TAADDASAA CAFFIQ TAKLAMAARIYAAM**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORIIF DHIHAATE**

**YUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANIIFI JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**AMAJJII, 2014/2021**

**FINFINNEE**

# ITTI FAYYADAMA AFAANIIFI FAARUU OROMOO SIRNA MUUDA KEESSATTI: XIYYEEFFANNOON GODINA ARSII AANAA GUNAA DIRREE SHIBBAASH MOOMINAATTI

**TAADDASAA CAFFIQ TAKLAMAARIYAAM**

**GORSAAN: ADDUNYAA BARKEESSAA (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORIIF DHIHAATE**

**YUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANIIFI JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**AMAJJII, 2014/2021**

**FINFINNEE**

## YUNIVARSIITII FINFINNEE DHAABBATA QORANNOO DIGRII DURA TIIN BOODDEE

Waraqaa Qorannoo ulaagaa digrii lammaffaa(MA) Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii gamisaan guuttachuuf Taaddasaa Caffiq Taklamaariyaamiitin mata Duree "Itti Fayyadama Afaaniifi faaruu oromoo sirna Muuda keessatti: muuda dirree shibbaash moominaa kan xiyyeeffate"raawwatamu waliin hidhata qabaachuun qophaa'e ulaagaa sadarkaa yunivarsiitiin kaa'e guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa__________________________________Mallattoo__________Guyyaa____________

Qoraa keessaa_______________________________Mallattoo__________Guyyaa____________

Gorsaa_____________________________________Mallattoo__________ Guyyaa____________

# IBSA

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gadiitti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kanaan dura yuunivarsiitii kam keessatti iyyuu qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanne ta'uu isaafi wabiileen waraqaa kanaaf dubbisee fayyadame hunda wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa_______________________________________

Mallattoo_____________________________________

Guyyaa______________________________________

## *Axereera*


*Kaayyoon qorannoo kanaa itti fayyadama Afaaniifi faaruu Oromoo sirna muuda Dirree Shibbaash Moominaa keessatti maal fakkaata? kan jedhu xiinxaluudha.Akkasumas,barruuleen mata duree kana waliin hidhata qaban sakattaa'amaniiru.Malli qorannichaa mala akkamtaa yoo ta'u, tooftaalee iddatteessuu miti carraadha.Gosoota miti carraa keessaa immoo akkaayyoo fayyadameera. Maloonni funaansa ragaalee qorannichaaf hojiirra oolanii af-gaaffii,marii garee,daawwannaadha.Ragaaleen maloota kanaan walitti qabaman ammoo tooftaa qorannoo ibsaa fayyadamuun qaacceffaman.*

*Adeemsa kana hordofuun hojiin qorannoo kanaan bira gaa'aman: itti fayyadama afaanifi faaruu oromoo Sirna muuda Dirree Shibbaash Moominaa waqtiilee itti kabajamu akka qabu,sirna ayyaana muuda kan qajeelchuu danda'u hawaasa keessaa warra wayyuu,hayyuu,shananoo faa akka ta'an,akkasumas faaruwwan adda addaa dhimmoota adda addaaf akka tajaajilaman,kana malees, itt i fayyadamni afaanii sirnicha keessatti waliin dubbii idilee irraaa adda ta'uu, hirmaattonni saalaan,beekkumsaan,umriin,qabeenyaan,amantaan osoo wal hin qoodinhirmaach uufi seenaa Shibbaash Moominaas ibsamee jira.*

*Faaruuwwaniifi itti fayyadamni afaanii sirnicha kana keessa jiran guddina afaan tokkootiif murteessaa waan ta'aniif gara ogbarruutti jijjiiramuu akka qaban yaboo qorannoo kana keessatti ibsamanii jiru.*

## Galata

Qorannoon koo akka galma ga’uuf jalqabaa hanga dhumaatti yeroo isaanii osoo hinqusatin dadhabbiifi nuffii tokko malee gorsaafi deeggarsa ogummaa kan naaf kennaa turan gorsaa koo Addunyaa Barkeessaa (PhD) galatni isaanii guddaadha.

Gama biroon,maatii koo deeggarsa barbaachisu hunda naaf gochuun na barsiisaaniif galata guddaa qabdu. Isuma kanaan wal-qabatee kayyoon qorannoo kanaa akka bakka barbaadame sana gahuuf kan na cinaa dhaabbachaa na jajjabeessaa turte haadha manaa koo Asnaaquu Sisay galan-ni isheen qabdu iddoo olaanaa qaba.Hiriyoota koo dhimma qorannoo kanaa irratti na cinaa dhaab bachuun deeggarsa ogummaan na gargaaraa turan hundaaf galanni koo heddudha.

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Axereera ........ i

Galata ........ ii

Baafata ........ iii

Jibsoo ........ vii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1

1.1. Ariirrata Qorannichaa ........ 1

1.2. Ka’uumsa Qorannichaa ........ 3

1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa ........ 4

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 4

1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 5

1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 5

1.7. Qindaa’ina Qorannichaa ........ 6

1.8. Ibsa Iddoo Qorannichaa ........ 6

1.8.1. Argamaafi Bal’ina Lafaa Aanaa Gunaa ........ 6

1.8.2. Haala Qilleensaa ........ 7

1.8.3. Diinagdee Ummata Aanichaa ........ 7

1.8.4. Amantii ummata Aanichaa ........ 7

1.8.5. Aadaa ummata Aanichaa ........ 7

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU ........ 8

2.1. Seenaafi Hundeeffama Sirna Muuda Dirree Shibbaash Moominaa ........ 8

2.2.Dhiibbaafi Hacuuccaa Hanga Lubbuu Shibbaash Moominaarra Gahe ........ 16

2.3. Maalummaa Itti Fayyadama Afaanii ........ 18

2.4. Faayidaa Fayyadama Afaanii ........ 22

2.5. Afaanifi Yoomessa ........ 24

2.6. Maalummaa Muudaa ........ 25

2.7. Sirnoota Muudaa ........ 26

2.8. Yaaxxina Qorannichaa ........ 27

2.8.1. Fayyadamni Afaanii Akkamitti qoratama? ..... 27
2.8.2. Fayyadamni Afaanii Akaamitti ilaallama? ..... 27
2.9. Sakkatta'a Qorannoowwan Wal-Walfakkii ..... 28
BOQONNAA SADI: Saxaxaafi Ximmala Qorannichaa ..... 30
3.1 Saxaxa Qorannichaa/Design/ ..... 30
3.2. Ximmala Qorannichaa/Methodology/ ..... 30
3.2.1. Hirmaattota Qoranichaa ..... 31
3.2.2. Madda Odeeffannoo ..... 31
3.2.3. Iddattoofi Mala Iddatteessu ..... 31
3.3. Meeshaalee Funaansa Ragaalee ..... 32
3.3.1. Afgaaffii (Interview) ..... 32
3.3.2. Marii Garee ..... 34
3.3.3. Daawwannaa (Observation) ..... 34
3.4. Mala Qaaccessa Ragaalee ..... 35
3.5. Naamusa Ogummaa ..... 35
BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE ..... 36
4.1.Itti Fayyadama Afaanii Sirna Muuda dirree Shibbaash Moominaatti ..... 36
4.2. Itti Fayyadama Afaanii Maalummaa Faaruu keessatti ..... 36
4.2.1. Jamaan Yookiin Salaamoon Dirree Muudaa Gahu Faarfatan ..... 37
4.2.2. Jamaan Dirree Mudaa Gara Manaatti Yoo Deebi'u Faarfatan ..... 37
4.2.3. Faaruu Kadhannaaf Faarfatamu ..... 38
4.2.4. Yemmuu Wareega Kennan Faarfamu ..... 38
4.2.5. Faaruu Araaraaf Faarfamu ..... 39
4.2.6. Namoota Dirree Muudaa Bareechaniif Faarfamu ..... 39
4.2.7. Faaruu Yeroo Qaabsoo Faarfamu ..... 39
4.2.8. Faaruu Dhufa Muudaa Himu ..... 39
4.3. Faayidaa Afaanii sirna Muuda dirree Shibbaash Moominaatti ..... 40
4.3.1. Faayidaa Walbaruufi Muuxannoo Waljijjiiruu ..... 41
4.3.2. Faayidaa Walamanuufi Walsimachuu ..... 41

4.3.3. Mallattoo Walqixxummaafi Tokkummaa ........ 41
4.3.4. Tajaajila Walgargaaruu ........ 42
4.3.5. Iddoo Araaraa ........ 42
4.4. Adeemsafi Yoomeessa Sirna Muuda Dirree Shibbaash Moominaa ........ 42
4.4.1. Adeemsa Sirna Muuda Dirree Shibbaash Moominaa ........ 42
4.4.2. Yoomeessa Sirna Muuda Dirree Shibbaash Moominaa ........ 43
4.5. Qooddattoota Muuda Dirree Shibbaash Moominaa ........ 44
4.5.1. Hayyuu ........ 44
4.5.2. Wayyuu ........ 45
4.5.3. Shananoo ........ 45
4.5.3.1. Kan Faaruu Faarsisu ........ 45
4.5.3.2. Shananoo Waan Muudaaf Dhufe Raabsu ........ 45
4.5.3.3. Shananoo Waa Eegu /To'atu ........ 46
4.5.3.4. Shananoo Wareega Fuudhufi Eegu ........ 46
4.5.3.5. Wayyuu /Abbaa Karraa ........ 46
4.5.3.6. Jamaa/Salaamoo ........ 47
4.6.Qabiyyeewwan Itti Fayyadama Afaanii Muuda Dirree Shibbaash Moominaatti Mul'atan ........ 48
4.6.1. Arraagaa ........ 48
4.6.2. Faloo ........ 49
4.6.2.1. Faloo Waan Gaariif Falamu ........ 50
4.6.2.2. Faloo Waan Badaaf Falamu ........ 51
4.6.2.3. Iddoo Faloo ........ 52
4.6.3. Dhibaayyuu ........ 52
4.6.4. Ayyaana ........ 52
4.6.4.1. Qaadiriyaa ........ 53
4.6.4.2 Tiyaaniyaa ........ 53
4.6.5. Awuliyaa ........ 53
4.7. Faaruu Sirna Muuda Dirree Shibbaash Moominaatti Faarfamuufi Faayidaa Isaa ........ 53

BOQONNAA SHAN: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo ........ 61
5.1. Cuunfaa ........ 61
5.2. Argannoo (Findings) ........ 63
5.3. Yaboo Qorannichaa/Recomandation ........ 63
Wabii (Bibiliography) ........ 65
Dabaleewwan ........ 67

## Jibsoo

| | |
|---|---|
| Itti Fayyadama Afaanii - | Tajaajila Afaan haala (context) adda addaa keessatti hojiirra oolu |
| Hayyuu- | Beekaa hawaasni hawaasa keessaa filatu |
| Wayyuu- | Kan Waaqayyoo uumamaan dandeettii kenneefii uumefi kabajamaa |
| Arraaga- | Aadaa duraan shibbaash Moominaa muuda keessatti itti amananiidha. |
| Shananoo- | Muuda keessatti gahee hojii adda addaa kan qabaniifi seera eegsisaniidha. |
| Faloo- | Adeemsa uumaa bade qajeelchuuf taasifamuudha. |
| Mazaazoo- | Iddoo salaamoon/Jamaa muudaa yoo dhufu qubatu |
| Juzaama- | Gosa dhukkubaa qaama namaa kukutu |

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Namni jiruu isaa fooyyessuuf iddoo adda addaatti faca'uun waliin gurmaa'ee jiraata. Jireenya waliinii isaanii keessatti rakkoowwan adda addaa jiruufi jireenya isaanii keessatti isaan muudatu ufi karaalee jireenya isaanii ittiin guddifataniidha.Jireenyi gamtaa hawaasni waliin jiraatu kuniha ala gaddaafi gammachuu,hammeenya,jibbaafi jaalala isaanii walii ibsuuf,irratti waljajjabeessuuf, waliin qoodamuufi waa deeggaruuf dhimmi guddaan isaan walitti hidhuu danda'u Afaan itti dhimma bahaniidha. Antilla (1972); Lyons (1981) yaadolee armaan olii bu'uura godhachuun, afaan qabeenya dhalli namaa haala jiruufi jireenya isaanii keessatti isaan muudatu gaddaafi gammachuu, hawwii, jibbaafi jaalala, falaasamaafi amantaa isaanii kan ittiin ibsatu meeshaa walqunnamtii guddaadha.Gama,biraatiin afaan qaamolee sagalee dubbiitiin kan uumamu meeshaa walii galtee dhala namaati. Afaan mallattoo eenyummaa saba tokkootti. Kana jechuun, sabni tokko aadaa, eenyummaa, duudhaa, falaasamafi amantaa isaa kan ittiin ibsachuu danda'u afaan isaatini.

Addunyaa (2016:1) akka ibsutti,*''Afaan sagalee dubbiitti kan fayyadamu,malattoo eenyummaafi baattuu aadaa hawaasa tokkoo kan ta'e meeshaa walqunnamtiiti*'' jedha.Yaada kana irraa wanti hubatamu Afaan aadaan kan walqabatuufi eenyummaa hawaasa tokkoo kan ibsuu danda'u ta'uu isatti.Hayyun Hdson (1996:230) yoo addeessu,"*The social fuctions of language are the ways in which we use language to give our view of our relationship to other people*'' jedha. Akka yaada kana irraa hubannutti,afaan tajaajila hawaasaa keessatti karaa yaada keenya ittiin ibsannuufi hariiroo namoota biroo waliin qabnu ittiin cimsannuudha.

Hayyootni Hodge and Kress (1993) waa'ee afaanii akka ibsanitti, "*Afaan kan dhalli namaa hawwii, fedhii,yaada isaa mallattoolee garagaraatti gargaaramuun ittiin ibsatuudha*"jedhu.Kana irraa kan hubatamu,afaan handhuura jireenya ilmaan namaa ta'uu isaafi miira isaatti dhagahame afaaniin akka ibsatuudha. Afaan gochawwan sammuu isa guddaa ta'uun waa'ee achii as dhufaatti dhala namaa maal akka ta'e akka dhuunfaatti,akka hawaasatti,akka sabaatti ittiin kan of ibsinuu dha.Sabni tokko siyaasdiinagdeen isaa maal akka fakkaatu ibsachuuf kan dhimma itti ba'uu danda'u afaan isaatiini.Afaan jireenya hawaasni gamtaan dhimma jiruufi jireenyaa isaawaliin

jiraachuufi waliin qoodamuu keessatti riqicha ta'ee yoo tajaajilu;hawaasni haala jiruufi jireenya gamtaan jiraatan keessatti Afaan bifa garagaraatiin dhimma itti bahuu danda'u. Hawaasni aadaa, amantaa, ilaalchiifi fedhiin isaanii garagaraa, yeroo walitti dhufan akka haala jireenyaa garee isaanii irratti hundaa'uun waan walitti dhufaniif yeroo kana haala qabatama fayyadama yeroo hawaasni dhimmamu irratti hundaa'uun afaan itti fayyadamuu danda'u.

Yaada kana Meetham (1971) yoo ibsu,namni afaan tokko sababa afaan tokko beekuuf afaanitti bifa tokkoon hinfayyadamu. Sababni isaa,afaanitti kan dhimma baanuuf dhimmootafi kaayyoo adda addaatiif loqoda afaanichaa garagaraa akka isaaf mijatutti jijjiiraa itti fayyadamna waan ta'eef,afaanitti fayyadamuuf haalli hawaasummaa inni keessa jiru caalatti dhiyeenyifi fageenyi kaayyoo isaa waliin qabu baay'ee murteessaa akka ta'eedha.Namoonni yeroo afaanitti fayyada man haala tajaajila afaanii iddoo yookaan haala keessa jiran sana beekuufi beekuu dhabuun wal-qunnamtii gahaa taasisuu irratti dhiibbaa geessisuu danda'u.

Hawaasni haala adda addaakeessatti maaliif fayyadama afaanii garagaraatiinakka dhimma bahan, fayyadamni afaanii faaruwwan oromoo keessatti tajaajila akkamii akka kennan,kutaa hawaa-saa garagaraa biratti ergaa akkamii akka qabu baruuf immoo;gaaffilee bu'uura xiinqooqaa hawaa saa eenyuutu,eessatti,maaliif,haala akkamii keessatti akka fayyadaman beekuun barbaachisaadh. Wolf (2000) hawaasni Oromoo aadaa,duudhaafi afaan tokko waliin qabaatus, haala fayyadama afaanii irratti adaaddummaa qaba.Kunis, hawaasni tokko afaan haala qabatama iddoo yookaan dhimma fayyadamuuf sana irratti kan hundaa'uu ta'ee haala aadaa naannoo sanaas bu'uura godhachuun kan fayyadaman waan ta'eef adda adda ta'uu ni danda'a.Haaluma kanaan ummaanni Oromoos ta'ee hawaasni biroo afaan tokko osoo waliin qabaataniyyuu afaanuma waliin qaban kana haala tajaajila iddoo itti fayyadamannifi sababbi ittiin fayyadaman irraatti hundaa'uun afaan bifa garagaraatiin fayyadamuu danda'u.Fakkeenyaaf,hawaasni Oromoo haalaafi idoowwan mana murtii,mana yaalaa,waajiraalee mootummaa, ulfoo (iddoo muudatti), manneen amantaa, dirree siyaasaa,iddoo fudhaafi heerumaa,iddoo bittaafi gurgurtaafi kan kana fakkatan keessatti haala garagaraatti afaanitti fayyadamu. Bu'uuruma kaanaan hawaasni Oromoo Godina Arsii Aanaa Gu naa, “itti fayyadama afaaniifi faaruuwwan Oromoo sirna Muuda keessatti” iedhu, yeroo fayyadamaniifi haala keessatti faayyadaman giddu galeeffachuun xiinxalamaniiru.Godina Arsii Aanaa Gunaatti karaa aadaatiin fayyadamni afaan isaanii iddoowwan itti faayyadaman hedduu jiraan keessaa muraasni, itti fayyadama afaaniifi faaruuwwan oromoo muuda dirree Shibbaash Moominaa keesstti kan jedhuuudha.

Muunni aadaa ummata Oromoo kesssaa isatokko ta'ee,seerafi adeemsa mataa isaa kan qabuudha. Muunni kunis,akka dirree Shibbaash moominaatti (Gunaa Gannateetti) waggaa keessatti si'a sadi kan kabajamuudha.Ayyaanni kunis ji'a Onkololeessa 19,Muddee 19fi Caamsa 19tti kan kabajam uudha.Sirni muudaa kunis dhalootarraa dhalootatti ogafaaniin kan daddarbuudha.Ogafaanonni kunis itti fayyadama afaanii kan of danda'e qabu.Kanaafuu,sirna muudaa keessatti jamaan haala itti afaanitti fayyadamu seera mataa isaa qaba.Dirreen muudaa kunis,abbootii aangoo sadarkaa sadarkaan kan of keessaa qabuudha.Abbootiin aangoo kunis ta'eewwan muuda keessatti raawwataman hunda haala seera qabeessa ta'een kan raawwachiisaniidha.Kana booda muunni haga guyyaa 3-7 turuu waan danda'uuf jamaan akkuma dhimma isaatti kan turus turee kan galuu jarjares gara iddoo isaatti imala.Kanaafuu sirna muudaa kanarratti itti fayyadamni afaanii karaa adda addaan tajaajilarra kan ooludha.Haaluma kanaan jamaan haalli itti fayyadama afaanii dubbii idilee isaanii irraa adda.Sababni isaas yeroo sanatti ta'eewwan raawwataman hundi waa'ee ayyaanichaarratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef. Sirni Muudaa akka Aanaa kanaatti itti fayyadamni afaan Oromoo kam akka fayyadamaniifi faayidaan afaanii sirna kana keessatti maal akka fakkaatu qorattichi qorannoo isaa keessatti gadi fageenyaan xinxaleera.

## 1.2. Ka'uumsa Qorannichaa

Itti fayyadama afaaniifi faaruu oromoo sirna muuda dirree Shibbaash Moominaa keessa jiran adda baasuun, aadaahawaasichaa calaqqisiisuu keessattii gahee qabu, akkasumas muuda keessatti hawaasni ayyaana sana yemmuu kabajan faaruu,balaleeffannaa,hawwiifi kan kana fakkaatanafaanitti fayyadamuun akkamitti dhimma bahu? Jechuun qaaccessanii barreeffamaan kaa'uun barbaachisaadha.Kana malees, Adeemsifi yoomeessi sirni muuda dirree Shibbaash Moominaa akkamitti gaggeeffama? Sirna muuda dirree Shibbaash Moominaa keessatti afaan faayyidaa maalfaa qaba? jechuun adda baasuuf. Kanaafuu, qorataan qorannoo isaa gaggeessuuf wanti isaa kakaase gaaffiwwan armaan gadii deebisuufi.Isaanis:-

- Itti fayyadamnifi faaruu afaan oromoo sirna muuda dirree Shibbaash Moominaa keessatti maal fakkaata?
- Sirna muuda dirree Shibbaash Moominaa keessatti afaan faayyidaa maalfaa qaba?
- Adeemsifi yoomeessi sirni muuda dirree Shibbaash Moominaa akkamitti gaggeeffama?
- Qooddattoonni sirna muuda dirree Shibbaash Moominaa eenyu faadha?
- Faaruun sirna muuda dirree Shibbaash Moominaaf faarfaman kanneen kami?

## 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoowwan qorannichaa kana kaayyoo gooroofi gooree jechuun bakka lamatti qooduun ilaaluun nidanda'ama. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa "Itti fayyadama Afaaniifi faaruu Oromoo sirna muuda keessatti:Godina Arsii Aanaa Gunaa dirree Shibbaash Moominaa xiyyeeffa te"Kan jedhu yoo ta'u, Kaayyoon gooree immoo kaayyoo gooroo bu'uura godhachuun akka armaan gaditti xiyyeeffannoon ilaaluuf kaayyeeffatamanii jiru.

- Itti fayyadama afaanifi faaruu Oromoo sirna muuda dirree Shibbaash Moominaa keessaa addaa baasuuf,
- Faayidaa afaanii sirna muuda dirree Shibbaash Moominaa beekuuf,
- Adeemsafi yoomeessaa sirna muuda dirree Shibbaash Moominaa baruuf,
- Qooddattoota sirna muuda dirree Shibbaash Moomonaa beekuuf,
- Faaruu sirna muuda dirree Shibbaash Moominaatti faarfatamuufi faayidaa isaanii adda baasuuf,

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Iddoon muudaa dirreen Shibbaash Moominaa kun bakka ulfoon adda addaa itti kabajamuufi ogafaanonni baay'een dhimma garagaraatiif tajaajilarra oolaniidha.Kana malees,jamaan naannoo kanatti afaan isaanitti fayyadamuun eenyummaa isaanii bakka itti calaqqisiisaniidha.Kanaafuu, qorannoon k90un faayidaalee armaan gadii kennuu danda'a.

- Itti fayyadama afaanifi faaruu Oromoo sirna muuda dirree Shibbaash Moominaa keessaatti taasifamu qaaccesuun dhaloonni dhufu dubbisee akka qayyabatuufisa gargaara.
- Namoonni qorannoo kana dubbisan faayidaan afaanii muuda keessatti maal akka ta'e akka hubataniif isaan gargaara.
- Adeemsafi yoomessa muuda dirree Shibbaash Moominaa yoom akka ta'e akka hubataniif isaan gargaara.
- Qooddattoonni sirna muuda dirree Shibbaash Moominaa eennu faa akka ta'an dubbisanii akka hubataniif isaan gargaara.
- Faaruu sirna muuda dirree Shibbaash Moominaatti faarfamu adda baasaanii akka hubataniif isaan gargaara.

- Namoota iddoo kanatti qorannoo dabalataa gaggeessuu barbaadaniif fulcha ta’eefii tajaajila.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Xiyyeeffannoon mata duree kanaa, “Itti fayyadama afaaniifi faaruu oromoo muuda keessatti: dirree Shibbaash Moominaa aanaa Gunaatti kan xiyyeeffate”Sababni isaas,waa’ee Itti fayyadama Afaaniifi faaruu oromoo Muuda keesssatti akka guutuu Oromiyaatti xiinxaluun yeroofi mallaqa baay’ee barbaada waan ta’eef qorataan”Itti fayyadama afaaniifi faaruu oromoo muuda keessatti: dirree ShibbaashMoominaa kan xiyyeeffate jedhurratti daangeeffatee qorannoo isaa gaggeessera.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorattichi yeroo qoranno kana taasisu rakkoowwan garagaraa qorannichi akka galmaan hingeenyeef gufuu itti ta'anii turan.Hanqinnoonni yeroo qorannoo kana geggeessu qorattichatti gufuu ta'an keessaa muraasni isaanii: rakkoo dhukuba koronaa (covid19), tajaajila intarnneetii dhabuu, geejjiba dhabuu,rakkoo nageenyaafi kan kana fakkaatan irraa kan ka'e qorattichi qorannoon isaatti gufuu ta’ee ture. Kana malees, dhibeen koronaa akka Addunyaatti baay’ee yaachisaa waan ta’eefi namootni dirree muudaa deemanii akka hin kabajneef labsiin mootummaa waan dhoor keef odeeffannoo adda addaa argachuuf haali miijataa hin ture. Sababuma dhukkuba kanaatiin geejjiba iddoo tokkoo iddoo birootti imaluun yerodhaaf waan dhoorkameef akkka gaariitti socho ’uun ragaafi odeeffannoo argachuuf baay’ee rakkisaa ture. Rakkoon biroo immoo rakkoo sakatta’a barruulee adda addaa argachuu dhabuu ture.kana jechuun manni kitaaba gaggaarii naannoo qorattichi jiru irraa fagoo waan ta’eef akka barbaadametti yeroo hundaa argachuun gufuu guddaa ture.

Haata'u malee,qorattichi hanqinoota ibsaman kanneen tooftaalee garagaraatti fayyadamuun qorannon isaa akka fiixa bahu taasisee jira.Hanqinnoota ibsaman kana qorattichi akka furmaataatti kan itti fayyadame: Dhukkuba koronaa ilaalchisee of eeggannoo adda addaa taasisuun odeeffannoos ta’ee dhimoota barbaachisu galmaan gahee jira.Rakkoo tajaajila intarneetii immoo bakka Wi’n jiru deemuun barruulee adda addaa kan mata duree qorattichaa waliin walfakkaatan gara fila shiitti dabarfachuun dhimma baheera.Walumaagalatti hanqinoota qoratticha muudatan kanneen qorattichi tooftaawwan armaan olitti eeraman kanneenitti fayyadamuun qorannoo isaa galmaan gahee jira.

## 1.7. Qindaa'ina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shan of keessaa qaba.Tokkoon tokkoon isaanii wanti isaan of jalatti qabatan baay'eetu jira. Haaluma kanaan boqonnaan tokko seensa qorannichaa, Ariirrata qorannichaa, ka'uumsa, kaayyoowwan qorannichaafi barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, qindaa'ina qorannichaa, argama, teesuma lafaafi haala qilleensa Aanichaa, diinagdee, amantiifi aadaa ummatichaa kan ofkeessaa qabuudha. Boqonnaan lama immoo sakatta'a barruu,maalummaa itti fayyadama afaanii,faayidaa fayyadamaa afaanii,afaanifi yoome ssa,Maalummaa Muudaa,sirnoota muudaa,sakkatta'a qorannoowwan walfakkii fa'a kan of kee ssaa qabu ta,a. Boqonnaan sadaffaa mala qorannichaati. Kunis: Saxaxa qorannichaa, madda odeeffannoo, iddat toofi mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaafi mala qaaccessa ragaalee dhyaataniiru. Boqonnaa afur keessattis xiinxallii raga "Itti fayyadama afaaniifi faaruu oromoo muuda dirree Shibbaash Moominaa" jedhu qaaccessuun dhiyaataniiru. Boqonnaan shan immoo: cuunfaa, argannoofi yaboo qorannichaa of keesstti hammachuun qinda'ee jira.

## 1.8. Ibsa Iddoo Qorannichaa

### 1.8.1. Argamaafi Bal'ina Lafaa Aanaa Gunaa

Moggaasni maqaa aanaa kanaa kan argame gosa mukaa gunaa jedhamu naannoo sanatti baay'i naan waan argamuuf,Aanaa Gunaa jedhamee moggaafame.Aanaan kun kan hundeeffame bara 1942.A.L.I.ti.Aanaan Gunaa magaalaa guddtti Oromiyaa Finfinneerraa fageenya km 328 gara Kaabaatti argamti.Magaalan guddittii Godinichaa immoo Asallaan Aanaa Gunaarraa km 208 fagaachuun karaa kallattii Bahaatti argamti. Aanaaleen Aanaa Gunaa daangeessan, Kibbaan Collee, Dhiha Kaabaan Martii, kibba Dhihaan Kullaa, Kibba Bahaan Gololchaan daangoftee argamti.Magaalaan guddoon Aanichaas Abbaa Jamaa jedhamti. Aanaan Gunaa Ganda magaalaa Abbaa Jamaa dabalatee gandoota 17 qabdi.Baay'inni ummata ishee ammo kan Gandoota baadi yyaafi magaalaa walitti 100,000>ta'uu isaa ragaan Waajira Aadaafi turizimii Aanichaa irraa arg ame ni ibsa. Akkasumas, Aanaan kun bakka argama iddoo ulfoo Gannatee jedhamuuti. Iddoo ulfoon kun magaalaa Aanichaa irraa km3 fagaachuun argama. Iddoon ulfoo kunis namoonni amantii,aadaa,fedhii,ilaalcha,umrii,beekumsafi kan kana fakkaataan osoo walhin daangeessin bakka itti muuda kabajaniidha.

### 1.8.2. Haala Qilleensaa

Aanaan kun haala qilleessa gosa adda addaa kan of keessaa qabuudha.Kanaafuu,lubbu qabeeyyii hundaaf mijataadha.Haaluma kanaan haala qilleensaa Aanaa kanaa lafti baddaa %67fi lafti badda daree % 29 yoo ta'u,lafti gamoojii immoo % 4 dha.

### 1.8.3. Diinagdee Ummata Aanichaa

Ummanni Aanichaa baay'een isaanii jiraattota baadiyaafi qonnaan bultoota.Kanaafuu, bu'urri diinagdee Aanichaa qonnarratti kan xiyyeeffateedha.Gosti midhaanii Aanichi bal'inaan oomishu: Garbuu,baaqelaa,qamadii,atara,xaafii diimaafi adii,mishingaa, boqqolloo, missiraafi kan kana fakkaataniidha. Aanaan kun irra caalaan isaa baddaa waan ta'eef qonna arfaasaa facaasuun fayyadamu. Kana malees,kuduraafi fuduraa kanneen akka shankooraa,qullubbii adiifi diimaa, dinnichaa,raafuu gurraachafi raafuu maramaa, urgooftuu ittoo,hundee diimaafi kan kana fakkaata niidha.Kana malees,horsiisa beelladoota manaa kanneen akka:Loon,hoolota,re'ee,farada,harree, gaangee faadha.

### 1.8.4. Amantii ummata Aanichaa

Aanaa Gunaa keessatti umanni jiraatu amantii gara garaa kan hordofaniidha.Amantiiwwan kuniinis:Ortoodooksii,Pirooteestaantii,Musliima,Waaqeffataafi kan kana fakkaatan walkabajuufi waldanda'uun waliin jiraatu akka ta'eodeefkennitootarra ragaan funaanamuun qaacceffamee jira.

### 1.8.5. Aadaa ummata Aanichaa

Akkuma ummata oromoo,Oromiyaa bakka adda addaa jiraatanitti,ummanni aanaa kanaas aadaa baay'ee qabu.Kanaafuu,aadaan hawaasa tokkoof mul'istuu eenyummaa isaati.Yaada aadaa jedhu Warqinaa,(2008:12)."*Aadaan jiruufi jireenya ummata tokkoo kan biroo irraa gargar bahee ittiin beekamuu,dhimmoota eenyummaa of keessatti qabu misoomafi ijaarsa biyya tokko irratti gahee ol'aanaa gumaachuuf yaada akka furtuutti itti fayyadamnuudha*,"jedha.Hayyonni simsfi stephen s,(2011:7),"*participating and sharing in aparticular groups tradition allows members of the group to feel they are apart of it*."jechuun ibsaniiru Yaada kanarraas kan hubannu,miseensa garee hawaasa tokkoo ta'uuf aadaa hawaasichaa keessatti hirmaachuun qooda fudhachuun akka qabaniidha. Aadaan kan waliinii akka ta'es kan ibsuudha.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2.1. Seenaafi Hundeeffama Sirna Muuda Dirree Shibbaash Moominaa

Dirreen Gunaa Gannatee Godina Arsii Aanaa Gunaa Ganda Gunaa Gannateetti argama. Masgiinni kun magaalaa Aanichaa Abbaa Jamaa jedhamurraa kiiloomeetira sadi gara Bahaatti fagaachuun argama.Moggaasni Gannattee bara durii keessa Shibbaash Moominaan jalqaba naannoo sana yemmuu qubatan haalli qilleensaa baay'ee waan isaanitti mijateef naannoon kun 'gannata' jechuun dinqisiifatan.Jechuma isaanii kana dhagahuun hawaasni naannoo sanaas Gannatee jechuun waamuu eegalan jedhama.Hiikkaan jecha Gunaa jedhus,akkuma maanguddoonni naannoo sanatti argaman ibsanitti gosa mukaa baay'inaan achitti argamu akka ta'e ni himu.

Dirreen Gunaa Gannatee dachee tabbaa bu'aa cahiin itti heddummaatutti argama. Xiyyeeffannoon qorannichaa,itti fayyadama afaaniifi faaruu oromoo muuda dirree Shibbaash Moominaa Aanaa Gunaa Gannatee waan ta'eef malee,Shibbaash Moominaan iddoo addaa addaatti dirree muudaa ijaaruun hawaasni akka itti tajaajilamu taasisanii jiru. Naannoo Faraqqasaatti walitti qabaadhaan akka tokkootti dirree muudaa Faraqasaa jedhamuun haa waamamu malee, masgiiddan hedduutu tooratti argamu. Masgiinni guddaan naannoo kanatti dhuma bara 1950 keessa kan ijaarame masgiida Hoombaa kan Nuur Ahimmad Mashashaa yoo tahu, kan dursee ijaarame masgiida dirree Shibbaash Moominaa guddiicha citaan kaabameedha. Masgiidota jiran keessaa Qubbaan reeffi (janaazni) Shibbaash Moominaa keessa boqatellee Faraqqasaatti argama.

Shibbaash Moominaa (Shibbaash Warqiyimar) Faraqqasaatti masgiida san bara weerara Minilik booda,jechuun bara1880'tamman keessa hunddeefamuun isaa ni beekama.Bara sanin duras bakka heddutti masgiidni heddu akka ijaaramee turellee ni beekkama.Masgiiddan masgiida Faraqqasaa dura ijaaramanis,Harargee keessatti Malkaa Jabduu,Dirree Dhawaa,Qullubbii,Gubbaa Qorichaa,Agamtii,Balballeettiifi Galamsoo,kutaa Baaleetti,Zaliibaafi Barbaree, Finfinnetti Lagahaar (Laagaar), Arsitti Soolee,Walaargi(Quuco),Gunaa Gannatee,Gaadoo Gaalamaa.Mooyyee Aanole (Iltaama),Faraqqasaa,Booraraafi Ari'a,Shawaatti Hadaamaa,Wallootti Yejjuu….Kan Kana Fakkaatan yemmuu lakkaawwaman,walumaagalatti masgiida 40-50 akka gahan ni tilmaamamu.

Shibbaash Moominaa ijoolummatti akkuma maatii isheetti kiristaana turte.Booda Awuliyaan irra qubatee akka amantaa Islaamaa fudhattu dirquunis ni amanama.Kanaafuu,Awuliyaadhaan dirqamtee kutaa Walloo konyaa Yejjuutii kaatee gara Arsiifi Harargee dhuftee,Dirree Nuur Huseen

doo’attee jaalattuu isaa qahuu kan ragu “isaan waan jaboo maraa beekanii, Nuur Haseen waliin maqoo oolanii” jedhani faarsu.Achii Dirree Sheek Huseenitti eebbifamtee gara Arsii dhuftee qubatte. Arsiidhaa gara Harargee deemtee,nama kaaddaamii (tajaajilaa) Sayyidii Abdulqaadir turtee.Sheek Alii Jaamii jedhamu kaaddamuu eegalte.Sheek Alii Jaamii irrallee haala gaariin eebbifamtee Amantaa Islaamaallee Innummaan qaabachiisuu danda’e.

ShibbaashMoomina erga eebbifamtee gaggeeffamte booda,naannoo Dirree Dhawaattifi Qulluub-biitti,achii ammoo gara Galamsootti masgiiddan amantiifi awuliyaa ijaartee muudaa akka turte ni himama.Haa ta’u malee,namoota tokko tokkoofi sirna duraanii biratti hinaaffaafi jibbiinsi waan itti uumameef, keessattuu hooggantoonni sirnichaa itti ka’anii masgiiddan hundaa irratti gubbudhaan qabeenya saamuu jalqaban.Aayyoo shibbaash Moomina jibbamuun rakkoon kannee n akka hidhamuu,qabeenya saamamuufi lubbuu ishee balleessuf masgiiddan wajjiin gubaatii gaggeessanii jiru.Rakoowwan ciccimoo miidhaa kanaaf sababa ta’an keessaa akka fakkeenyatti haa ilaallu:

1.Shibbaash Moominaa dura Kiristaana turte,Booda amantaa Islaamaatti waan geeddaramteefi masgiiddan baay’ee ijaarudhaan ummata musliimaafi kiristaanaa keessaa hordoftoota heddu waan argatteef,akkasumas wareegafi silatii baay’ee galuuf waan eegaleef,amantaa,qabeenyifi baay’inni hordoftootaa sirna gita bittaatiin akka wal dhabsiise beekameera.

2.Shibbaash Moominaa hundee sabummaadhaan Oromoofi warra beekamaa karaaman keessattu u obboleettii Geetiyyee Abbaa Marshaa waan taateef,warri ishee ammo amantii Kiristaanaa akka fudhatan moototni akka Atsee Yoohaanisiifi Atsee Minilik waan dirqaniif muslimummaan isitifi baay’inni hordoftoota ishee gita bittaa sirnichaa waan sodaachiseefi rifachiiseef hinaaffaa olanaa itti kaase.

3.Haalli shibbaash itti jirtu,gara fuula duraatti amantii Islaamaa bal’isee,kan Kiristaanaa ni xiq-qeessa jechuudhaan Isheen akka baddu gochuuf kittilayyooni gita bittootaa waliigaluun dura sirna Minilikiitti booda ammo sirna Zawudituttis yakkanii maqaa gurraachessun rakkoo itti uu-muun jireenya hawaasummaa keessaa foo’uu yaalanii turan.Haa ta’u malee,Shibbaash Moomi-naa Awuliyaa irraan burqeen ajaa’iboota baay’een waan irraa mul’ateef maqaafi Awuliyaan isheen waamamtuufi beekkamtuu gochaatii erga adeemee booda sababbii balleessaniin barbaa-duu eegalan.Keessattuu kutaa Arsii erga galte booda “mootii Arsii,giiftii Gunaa”jedhamuun ishee sirna Zawudiituu rakkoo guddaa irra geessa jechuudhaan jibbi itti hammaate.Mootii ykn

Giiftii jedhamuun ishee akka waan masara yookiin Siree Minilik korteetti waan ilaallameef, yakka sanaan dura Minilik irratti,booda ammo Zawudituu irrattii himatamtee masgiiddan ishee akka gubatanii barbadaa'an mootota Habashaa irraa ajajamuun warra beeku biratti dhoksaa hin turre.

Bu'uura ajaja Zawaditutiin masgiiddan Qullubbii,Gubbaa Qorichaa,Gunaa Gannatee,Gaadoo Gaalamaa,Quucoofi Mooyyee Aanolee yeroo adda addaatti osoo isheen keessa jirtuu,balbala itti cufanii fuul-duraafi duubaan ibidda itti qabsiisuun gubanii meeshaafi qabeenya ishee hundaa irraa saamaniiru.Shibbaashillee masgiiddan ibiddaan yemmuu gubatan Rabbiin isheen kadhattuu fi amantu utubaawwan masgiidota gubataniitti maxxansee,osoo hin gubatin baasuu danda'e. kunis,dhugaa akka ta'e manguddootni seenaa shibbaashin beekaniifi dhaga'an ni seenessu. Awuliyaan shibbaashillee cufaayyuu guyyaa guyyaan beekamuufi amantii argachuun hordoftoon ni Musliimaafi Kiristaanaa baay'ataa adeemun,erga Shibbaash ibidda itti qaban keessaa yeroo baay'ee nagayaan baate jedhu manguddotni.Fakkeenyaaf,qondaaltota sirna Zawudituu keessa Shibbaash Moominaan yakkamisiisanii saamsisanii masgiida gubsiisan keessaa aanaa Gunaatti, Fitaawuraarii Habeebee,Fitaawuraarii Wubishatifi Dajjaazmaach Yiggazuufaa akka turan, ummata koonyaa Arbaa Guuguu biratti iccitii gabayaati jedhu namoonni beekan.Kunis ummata Harargee,Baaleefi Shawaa birattis ifaadha. Kunis Bara Zawdituu rakkinni cimee itti fufus kan injifatte Shibbaash turte.

Gara boodaattis Shibbaash Moominaa dhiibbaafi hacuuccaa sirna bittaa sanaan miidhamaa waan turteef Awuliyaan ishee akeekeefii lafa bosonaafi tabbaa giraabni itti guddatu,Faraqqasaa filattee masgiida ijaarattee qubachuu danda'uun beekameera.Diinni ishee hordofuun miidhaa turellee, hifannaan harka irraa maratee taa'uu danda'e. Isheenis Rabbiin kadhattee hanga lubbuun jirtu Faraqqasaa qabuttee nagayaan taa'uu dandeessee jirti.Diina ishee balleesuuf carraaqan keessaa Fitawuraari Habeeben Aanaa Asakoo toora Diimaa jedhamutti du'e.Duulaafi du'aisaa ilaalchisee asii gaditti ilaaluun ni daada'ama.Aayyoo Shibbaash Moominaa,Sheek Alii Jaamiitiin amantii Isalaamaa haa qabattu malee,shari'aa Islaamaa hoggaa Gunaa jirtu Sheek Abdallaa Masoo kan jedhamu irraa sirritti hordoftee dhugoonfachuun hin shekkasiisu. Hanga ammaa,seenaa guutuu otoo hin ta'in gabaabumatti baay'inna keessaa akkaataa Aayyoo Moomina turteefi dhiibbaa amantaa fi masgiida ishee irratti sirni bittaa yeroo sanaa adeemsisaa ture ni addeessa.

Namni masgiida Shibbaash Moominaafi Qanyaazmaach Taayyee keessa hin beekne yookiin ammoo irra gubbaafi oduu dhageettiin beeku yookiin oduu jibba diina isaanii irraa dhagayu Shibbash Moominaafi akaakayyoota isheellee raagduu (withards ) fakkeessani odeessu. Oduun kunis kan dhugaa irraa fagaate.Ragaan barreeffamaafi ogafaan adda addaa akka ibsutti Nuur Ahimmad/Taayyee/ Mashashaa Faraqasaa jiran Nuur Ahimad keessummoota gurguddoo taayitaa mootummaa irra turan,dureessota biyya keessaa,namoota adiifi gurraacha,itti gaafatamtoota ama ntii Islaamaafi kiristanaa,daldaltoota gurguddoo,jiraatota magaalaafi qotee bultoota,barattootaafi barsiiftot…kan kana fakkaatan hundaa ogguu Faraqqasatti simatanii keessummeessan,wajjin qaaqan,yemmuu rakkoo baasanii rabbiin kadhataniif bira teennee argineerra jedhu.Hunduu akkaata rakkoo isaa itti dubbatee eebbifamu, akkaataa silata itti galchan isaan ammoo haala keessummoota itti keessummeessan (bakka hirribaa, nyaataa dhugii akka itti laachisani badhaasan) akka itti gaggeessan sirritti hubanneerra kan jedhutu jira.

Nuur Ahimmad Mashashaa (Qanyaazmmach Taayyeen) ogguu san waggaa 60 ol turan.Taayyeen hojjaan giddu galeessa,bifaan magaala ifaa,uffataan midhagaa,nama magaalatti qarooman gudda-te fakkaatu.Hoggaa keessummoota simatanii wajjin qaaqanis, haala nama ammayyaatiin ture. Ogguu gaggeessanis sanuma.Jarjara malee fuula ifaadhaan yemmuu guddaafi xinnaa wajjin qaa-qan fuula abbummaafi obboloyyummaatin malee akka waliyyummaani miti.Waliyyillee hin fakkaatan.Yemmuu boqonnaa isaanii ammoo kiraarii rukutuu jaalatu. Kiraariin isaan rukutanis yeroo hundaa geerarsuu dha. Gerarsuu yemmuu gaggeessan ammoo Nibiyyichafi Awuliyaa akkayoo isaanii faarsuu (manzuumaa fi hadraa faaruu shibbaash) jaalatu. Geerarsuu wanti jaalataniif bara Xaaliyaanin impaayera Itoophiyaa weerarte goota (patriot) turan. Booji’amnaan Moqaadishootti waggoota shanii hidhaa Xaaliyaanii jala turan. Biyyas haala gaariin jaalataa turan.Nama rakkate hundaa dandeettii isaanitiin jechuun maallaqaafi kdhaa Rabbiitiin ni qarqaaru. Maqaa Rabbiitiin ni eebbisu. Gariibdota (dargaa) tooyuu isaanii jala jirtu hundaa wal-caalchisuu hin beekan. Isaan biratti hunduu qixxee dha. Dubartoota fuudhan torbaa qabu. Hunduu mirga qixxee qabu. Maatiin isaanii hunduu akka barmoota ammayyaa argattu, bakka manni barumsa sadarkaa isaan madaalutti bobbaasanii barsiisaniiru. Kunis hanga biyya alaatti ergullee dabalta.Haata’u malee,naannoofi biyya isaanii misoomsuuf carraa argachuu hindandeenye.Sababni isaas sirni bittaa yeroo sana jiru hinaaffaa waan qabuufi caalamuu waan hin barbaanneefi hawaasni xiyyeeffannoo isaanii gama isaanitti akka hin caalchisneef dhiibbaa

isaan irra geesisaa turan.Haa ta’u malee dhiibbaa isaan irratti taasifamu dandamachuun hojii misooma adda addaa irratti hamma ta’e hirmaatanii jiru.

Nuur Ahimmad (Taayyee) Mashashaa, namattis, biyyattis, hojittis boonuu hin beekan. Bakka hojii hundattuu ni argamu. Ni hojjatus ni hojjisiisus. Haa ta’u malee fedhiin hin guutamneef. Nuur Ahimmad kennaa Rabbillee guddaa qabu. Nama onnen cufattee qaaquu dadhabee, waggaa heddu dhibeen ture, nama harkaa miilli walsakaalee sochii dadhabee, bitaa mirgaan namni baadhatee, tinisee adeemun, nama ijji lamaan osoo bishaan hin jigin haguugamtee namaan masakamee masgiida Hoombaa fidanii, Nuur Ahimmad (Taayyee) Mashashaa“Rabbiin isin haa fayisu” jennaan fayyanii mataa isaanii danda’anii deemanii galan Rabbi nu argisiiseera jedhu. Kan onneen cufattee dubbate, ka harkaa miilli sakaalame hiikamee akka loltuutti ajajaan bitaafi mirga mirqaansisanii adeeme, kan ijji jaamte fayyiteef agarsiisuun oduu akka hin taane ni himama. Namoota fayyaniif dirqamni (ajajni) kennamee ture waggaa waggaan Hoombaa (Faraqqasaa) irraa hin hafinaa kan jedhu qofa ture. Kunis galata Rabbii akka hin irraanfanne gochuuf ture.Bara 1974(1966) A.L.Awfi Itophia duraaduuban kan ijaan argineedha jechuun maangudoonni tokko tokko ni himu.

Kanneen males, ajaa’ibni biroollee ni jira. Namni hojii daldalaa magaalaa Asallaa keessaa qabu tokko (Bara 1966 ALI) ilmi isaa maallaqa jalaa hannaan, dallansuudhaan “Shibbaash si haa maraachiftu” jedhee dheekkamee abaaree ture. Ilmi isaa sun ni maraate, Miigonis ni hidhame. Abbaan ni gadde. Awuliyaa abaareen san jilbiifatee kadhatee, “ogguu ilmi koo naa fayye, qarshii dhibba shanii siif silata galchee, galatii himadha” jedha. Ilmi ni fayyeef, namichi sun silata san qabatee Faraqqasaa dhaqee, masgiida Hoombaa seenee gammachuu fi galataaf dhufu himata. Nuur Ahimmad “Baga Rabbiin siif dhagaye” jedhaniin. Hangasi wanti biroo kan jedhan hin jiru. Namittiin takka ammo kutaa Baaletti dhiirsan wal-loltee, booda Faraqqasaa, Masgiida Hoombaa seente. Waldhabbii ishee fi dhiirsaa ni himatte. Raagaa tokko bira dhaqxee abaarsisufi qabeenya qabdu keessaa harka duuwwatti haftee bayou ni himatte. Ogguu sana Nuur Ahimmad,“Maalif raagaa bira dhaqxe? Maal si siiqseree? Ammas gara biyyaa gali. Rabbi isin haa araarsuu”jedhaniin.Taayyen maqaa Rabbii Guddaatiin eebbisu malee,kan biro hin jedhani.Nuur Ahimmad Mashashaa raagaafi moraa hin turre.Shibbaash Moominaanillee akkasuma. Hoolaa diimaa, gurraacha, adii, lukkuu bifa kanaa sanii, re’eefi kan kana fakkaatan faladhu jechuun isaan bira hin jiru. Adursa aarsanii, jimaa qamaanii kan kan fakkaatu gochuu hin beekan. Maqaa

Rabbiitiin eebbisuun aadaa isaanii akka ture kan itti kalaayee wajji qaaqee keessa beeku kanneen hubachuu ni danda'a jedhama.

Ajaa'iban hedduu keessaa deemamee barreessuu hin barbaachisu.Haa ta'u malee,maqaa Shibbaa shin Moominaatiin Rabbiin kadhatee namni milkaaye baay'eedha. Milkiifi ajaa'iba Awuliyaan (karaamaan) Shibbaash Moominaa qabuuf nama heddutuu galata himachuuf gara masgiida Fara-qasaafi Hoombaa waggaa waggaan deemee zayyara (daawwata).Masgiidonni Shibbaash Moomi naa bakka adda addaatti argaman sirritti ni beekamu. yemmuu masgiida Faraqqasaa jedhamu, onnee namaa hundaa keessatti,jechootni mootii Arsii,Mootii Hoombaa,Mootii Faraqqasaa,Giiftii Arsii,Giftii Gunaa Gannatee,GiiftiiFaraqqasaa,Shibbaash Moominaa,Haadha Bayyuu,Leenca Ho ombaa,karaamaa Shibbaash,karaamaa Taayyeefi kan kana fakkaatan gurratti bilbiluu ni danda'a. Maqaan Shibbaash Moominaa yknAwuliyaan ishee,akka abbaan waamuu fedhetti haa baay'atu malee,kunneenifi kan hafes yoo jiraate hundumtuu kan tuquu yookiin akeekuufi waamuu barbaa du Awuliyaa shibbaash Moominaa Faraqqasaati malee kan birooti mitiKana bira dabru ammo ak kayoota shibbaash,sayyid Nuur Ahimmad (Taayyee) Mashashaa yookiin Awuliyaa Nuur Ahmad waamuu isaati.Masgiidni maqaafi seenaa bal'aa qabuufi ajaa'ibbaan gurguddoo hin galmeeffamii n Rabbi beeksise kuni,bara 1880 tamman keessa ijaaramuuf bu'uuramee ture.Booda immoo bal'a tee ijaaramee maqaa guddaa har'a bal'innaan waamamu gahuun isaa qormaata hedduu keessa lufuu isaafi ciminna Awuliyaa Moominaati kan jedhu nama xinnoo miti.Kuni har'as hin shakkisi isu.Masgiidnifi Awuliyaan sirna Minilik keessa dhalatee,guddatee,dhiibbaafi hacuuccaa hangas gaye keessa dabree,qormaata hundaa injifatee,hanga ammaa ciminnaan hordoftuufi amantuun ba ay'ateef kuni ummata garaagarummaa sabaa,gitaa,saala,amantii,qooqafi aadaa adda addaa qaba-niin daawwatamaat jira.Ummatni Masgiida Faraqqasaafi Hoombaa doo'atu (zayyaru),ummata amantaa Islaamaa,kiristinnaafi kan biroollee hordofuudha.Sabummaan ummata sanallee kana sana jedhamee lakkoobsaan adda addaan kaayuun nama dhiba.Akkuma sabummaadhaan foo'uun nama dhibutti afaanifi aadaaleen addaan baasanii katabuun nama rakkisa.

Dimshaashumatti,sabootaafi sablammiiwwan Itoophiyaatiin alattis,sabootni biyyoota alaa heddu-tuu Faraqqasatti argamuudhaan doo'ata.Hundumtuu Masgiidafi dirree sanitti kan argamuuf ma-qaafi sababa Awuliyaa Shibbaash Moominaati fi sayid Nuur Ahimmadiitiin Rabbiin kadhatee kan milkaa'e galataaf kuun ammo fayyaafi umrii dheerinnaaf,akkasumattis dunyaafi nagaya arga chuuf hawwee silataafi wareega galchuuf waadaa gala.Hunduu haajaa ofii himatee milkaayuuf, dhibee qabaatu fayyuuf,dhaba ilmaafi dunyaa irraa bayuuf,hawwiifi fedhii qabu hundaa guutta-

chuuf ni kadhata.Ni watwaata.Ogguu milkaaye akka niyyaa (yaada garaa isaatti waggaa waggaan achitti deddeebi'uuf yookiin wareega galchuuf ni hamilata (karoorfata). Namni isaafi ishee dirqu hin jiru.Arsii keessaa Sheekkota tokko tokkoo malee,baay'inni ummataa keessattuu kan konyaa Arbaa Guuguu,Xiichoofi Cilaaloon dabalatee shibbaash Moominaa akka jaalatan ni beekama. Kanaafuu kan danda'e fagooyyuu ni doo'ata.Kuunis bakka jiruufi manatti Awuliyaa Shabbaash waamudhaan kadhata.Arsiin wanti Moominaan jaalattuuf seenaa of danda'e qaba. Kunis ergaa sheek Alii Jaamii, Moominaan eebbisee, Awuliyaan irraan burqee, musliima taatee, keessattu kutaa Arsii seente booda jibba sirna bittaa yeroo san irraa qabdu irratti Sheek Abdallaa Masoo shari'aafi seera Islaamummaa sirritti erga barsiiseen booda Arsiin Shibbaash Moominaan ofitti maxxansuurraa ka'e.Walitti makamuu dabalata.Walitti Maxxanuun sunis akka Moominaa gam-maaddee kasoomtuufi akka nyaaphaatti of hin lakkoofne gochuu danda'e.Kana irraa kan ka'een Arsiin Moominaa jaalachuudhaan Moominaa teenya jedhu.Isheenis waggoota lubbuun jirtu Arsii akka qaama ofiitti jaalataa turte.Jaalalli sun hanga har'aatti akaakkileewwan isheefi Arsii irraa dhoksa malee ifatti mul'ata. Shibbaash Moominaa bara jiruu ishee aadaan, qooqaan (Afaaniin), nyaataa dhugiin,uffataan,jireenya hawaasaa hundaanuu Arsiitti makamuudhaan jiraataa turte.Kan aafuu waliyyuummaan ishellee Arsii biratti jaalatamaafi kabajamaadha. Kana hundaa kan dhuga'oomsufi mirkaneessu akkayoon Moominaa sayyid Nuur Ahimmad (Taayyee) Mashashaa bara jiruu isaani keessatti namoota sabaafi sablammiiwwan biroo irra caalaa manguddootafi beektota gosa Arsii ofitti kaleessuun waan dagatamu miti.Ummatni Arsii akka Aayyoo Shibbaash Moomina jaalatu har'as kan ibsu qubannoo yeroo muudaa ti. Arsiin waggaa waggaan Shibbaash Moomina yaadachuu fi gamoo zayyaruuf onkoloolessa guyyaa 19 Faraqqasaa ogguu dhaqu ashuffee qubbaan kara kibbaan jiru irra qubatu. Kunis jibbaaf osoo hin tahin jaalannaa Aayyoo Moominaa mirkaneessuudhaafi. Bakkeen qubatanis, bakkeen oolanii bulanis, bakkeen silataafi wareega bakkeen itti haddaranis,masgiidni sheekkotni qur'aana itti qaraatus masgiida qubbaa biratti argamu keessa tahuun dhoksa hin qabu. Kanarraa kan ka'een shibbaash Moominaa Arsiidhaa kan jedhus namota baay'eedha.

Guyyota ayyaana Moominaa itti kabajan san keessattii, Arsiin Shibbaash Moominaan,Sheek Huseeniin,Sayyidii Abdulqaadiriin,Sheek Ibraahimiin,Haaji Naasiriinfi kan kana fakkaataniin akka fedhii isaanitiin Awuliyaa fedhaniifi jaalatan waamanii haddaruun beekamaadha. Sabaafi sablammiiwwan biroo maqaa shibbaash Moominaafi Nuur Ahimmad Mashashaa qooqasaanitiin sheek Huseenillee haddaruunis ifaadha.Akkuma sabaafi sablammiiwwan biro Faraqqasaa doo'a-

tutti Arsii keessallee namootni akka jamataa, fuqraa, uleefi qamaatellee guyyoota ayyaana Dirree Faraqqasatti argamuudhaan doo’atuun,hadaruufi haddarsiisuun (jeekkaruufi jeekkarsiisuun) ifaa dha.Kana malees,calle dhooftun,raagaafi raayiduun,miciree lakkooftuu,kan fakkaatanDirree Faaqasaatti argamanii waleebbisanii,sadaqaa kennuufi fudhachuun,wareega galchuufi hayyamaan ciincaa buusuun,jimaa qama’uufi qamaasisuun, dalaqee waldalaqsiisuun waakkiifi shakkii hin qabu.Namni DirreeFaraqqasaa doo’atuufi dhaqu saba hundarraayi.Abboota taayitaa,qotee bulaafi daldaltuun,beekaafi wallaalaa, Tujjaarri addunyaa horee qabu, giiftin horoo qabdu, hiyyeessi qullaa (duwwaa) adeemu, kan fayyaa dhabe, kan fayyaa qabu, kan of silate(wareegee), kan wareega oofu, kan dhabe argatee dhaqu, ummanni geejjiba akka konkolaataa kottee duudaafi miilaan Dirree sana gahu hunduu maqaa dhimshaashaatti waamamuun qaba.

Maqaan isaanillee Jamaa shibbaash jedhamee beekama yookiin waamama.Jamaa sanneen keessaa kan haajan guutameef, milkii himataaf qubbaafi Diree masgiidaa yoo gayu ni ililcha. Kan silata qabu akka silatni gayeefitti qarshii, adurusa, horii, urgoo (shittoo)fi kan kana fakkaatan baadhatee (gundunfatee) galata himachuudhaaf adeema. Kuun gara fuula duraa waggaatti milkaayuf niyyatee (karoorfatee) watwaatee awuliyaa shibbaash yookiin Taayyee kadhachuun aadaa erga ta’e tureera.Galata himachuufi hawwii himachuuf kan imale hunduu, masgiida keessatti, alatti, manatti, gaaddisa manaa jalatti, qarree qarqaratti boqatee jimaa qaama’ee, jeekkaree, adurusa aarsee harkaafi dibbee dhayee (rukufeel yoo kadhatu kan fayyaa hin qabne ammo dalaqee dalaqsisee,kufee, ka’ee, kaatee, taa’ee, jilbiiffatee, gangalatee, callisee, iyyee kan kadhatu Awuliyaa shibbaash Moominaati.Namoota haalli kun irraa mul’atu keessaa kan fayya’a malee baay’een isaanii kan dhibee adda addaatiin tuqame jechuun, kan jaaniin tuqxeefi budaan nyaatte, kan qorichi maraache, kan falfalaafi asmaatiin jaanjessite kan hiddi maraache, kan jaanniin dhoofte, kan horii dhabee hiyyummaadhaan daaraan irraan garagale, kan jaalalaan dhibame,(tuqame) kan haala adda addaatiin dhibee Rabbii malee, namni hin beeknen tuqame, kan sammuun joore hundatuu Dirree Faraqqasatti argama. Kunneen hunduu akka fedhii isaatiin nagayaafi fayyaa argachuuf Dirree Faraqqasaa Awuliyaa shibbaash Moominaati dhaquun kadhannaan taasifamaafi.Masgiidni Faraqqasaa nammoota haallan kanneeni qofa hin keessummeessu.Namoota taayitaa mootummaa gurguddoo irra turaniifi jiran, namoota amantii gurguddo o bakka bu’an, qondaaltota waraanaafi gita bittaa biyyaa, abboota seeraa, abukaatotaafi haxoota hundatuu doo’ataa ture.Keessatuu bara Nuur Ahimmad Faraqqasaa jiran kunneen dhoksaa malee doo’ataa turuun ifaadha.Jamaa ayyaana Faraqasaa doo’atuuf dhaqan keessaa namootnifi qondaal-

tootni bara Hayile Sillaasee badhaafamanis baay'ee akka turan dhoksa hin turre. Badhaafni sunis meeshaalee adda addaa kan akka uffata suufaa,uffata halkaniifi guyyaa,warqee,qarshiifi konkola ataa faa ture. Jamaa masgiida Faraqqasaa doo'atu keessaa, baay'inna silataafi wareega galchan keessaa qarshii,uffata adda addaa,horii ganfaa,xaqoo, gaala, adurusa, midhaan,damma,dhadhaa, aannan,limmoo,qamalee,nama,bofa,dhagaafi kan kana fakkaatan akka ta'e namoonni seenaa bee-kaan ni himu.Arsiin masgiida Faraqqasaa dhaqu keessaa kan achitti argamu gamisni ziyaaraaf yoo tahu,kuun ammoo silata galchuudhaaf waan ta'eef waan silataa kennuun aadaa dha. Haa ta'u malee,akka jamaa biroo (kan awuliyaan irraan burqe malee) dalaquudhaan kufanii ka'uun ham-mas mara irraa hin mul'atu.Sheekkonni masgiida dhaqanillee waamicha warraatiin ture. Hennaa achi gayan booda qura'aana dubbisuudhaan Rabbi lubbuu Shibbaash Moominaatiif akka itti araaramu kadhatuuf.Dhumarratti kabaja sheekkotaatiif badhaasni tokko tokkollee ni laatamaafi ture. Sadaqalleen haala gaariitti kennamaaf.

### 2.2. Dhiibbaafi Hacuuccaa Hanga Lubbuu Shibbaash Moominaarra Gahe

Akka armaan olitti eeruf yaalametti Shibbaash Moominaa warqi Yimarin dachee irraa dhabamsii suuf carraaqqiin diinni adeemsise daangaa hin qabu ture. Carraaqqii sanneen keessaa duulli ifaan ifatti taasifame qondaaltoota armaan olitti eeramaniin gaggeeffamedha.Sababaan duula sanaallee, Aayyoo Shibbaash warqi"Mootittii Arsii,Giiftii Arsii"jedhamtee jamaan weeddifamuun ishee sirna mootittii Zawudituutiif ololaafi summii haguuggame waan qabuuf otoo hin bal'anne dursin ee haa mancaafnu jechuudhaan itti ka'an. Sababni sun ammoo fudhatama hin qabu.Sababni fudhatama qabuufi kan manguddoonni gurguddoonni seenessan akkas ture. Shibbaash warqin Wallooyyee turtee.Maaliif Harargeefi Arsii filatte? Harargeefi Arsiin ammo Minilikiin lola male e nagaayaan hin gabbarani mitii? Sana malees,ummata kiristinnaa diddee Islaamummaa dhugoo mfatee mitii? Shibbaash Moominaa isaan cimeessitee,sirna Zawudituu fonqolchitee ummata amanta kiristaanaa hordofu sassakaaluuf daandii saaqachuuf malee dhimma biro hinqabdu.Yaada ishee sana yeroodhaan maseensun filannoo biro hin qabu jechuudhaan sirni gita bittaafi gaggeesi toonni amantaa kiristinnaa gumii taa'ani shibbaashin Arsii keessaa ari'uuf itti walii galan. Hog-gantoonni raayyaa waraanaallee akkuma duratti maqaan tuqametti fitaawuraarii Habeebe faa turan.Qondaaltonni sirna mootummaa Zawudituu akkuma Iyyaasu Mikaa'elitti qabsaayanitti irra deebi'uudhaan Shibbaash Moominaa amantaa kiristinaa ofirraa darbitee"Muslima ta'uun, Harar-geefi Arsii keessa garmaamtee masgiddan babal'isuun,Mootittii ArsiiGiiftii Arsii"jedhadhamuun ishee diina Zawdituu ta'uu mirkaneessuuf Shibbaashin bakkaa dhabsiisuu,masgiddan hundaa

ibiddaan barbadeessuu,qabeenya hundaa saamuun,barbaachisaadha jechuudhaan itti murtaa'e. Qondaaltonni waarana hooggantu murtii sana fiixa baasuuf Finfinnee gara Arsii,achii geenyan ammo masgiida magaalaa guddittii aanaa Gunaa turtee Gunaa jedhamte akkuma gayanitti cabbic haafi xuxichaan masgiida gubuufi meeshaalee saamuuf arifataan itti bobba'an.

Masgiidni magaalaa Gunaa yeruma sana barbadaaye.Meeshaan argame marruu ni saamame.Aay-yoo Shibbaash otoo qaanqeen irra hin bu'in utubatti irkattee nagaayaan baraaaramte. Qodaa ma-naa,maallaqnis,xaqoofi horiin maalaa kan argame hunduu raayyaa waraanaa kan xuxichaafi cab-bichaan gurma'an (human loltuu kan garee garee) hunduu qabeenya ijji argite hundaa akka culul-lee foon argitee butatee gara Finfinnee tirate dacha'e.Duulli sun galuu gammadus masarri Zawdi-tuu rifannoo sodaachisaafi sukaneessan ta'e keessa waan lixeef gadda booya hin qabne ture. Sababni isaas guyyuma Masgidni Gunaa gubatee qabeenyi Shibbaash saamamaa oole san ijji Zawdituu lamaanu akkuma dunuunfattetti hafte. Qondaaltonni sirnicha Zawdituu, mootittiin boru yookiin boruu iftaan fayyiti otoo jedhan guyyaan guyyaa,torbaan torbaan ji'a baay'en dabrun dirqama ta'e.Qondaaltonni sirnichaallee ni rakkatan. Mallis ni dhabame. Malli dhabamus namni fala beeku hin dhabamne. Falli argames qabeenya Shibbaash kan saamame hunduu manaafi harka nama tokkootti osoo hin hafin bakka fiddanitti arifataan akka deebi'u jechuudhaan ajajni Zawdituu irraa gara qondaaltota raayyaa gaggeesanittii dabre. Ajaja san galmaan gahuun dirqama waan ta'eef qabeenyi masgida sana keessaa saamame hunduu hennaa deebi'u, Fitaraari Habeebeen fal'aanaa warqee bareedaa tokko dhokfatee otoo hin deebisin ture. Jidduma sana keessa Zawdituun wayyoftee ijji laachinuu fayyuun bal'innaan odeeffame. Kan keessa beeku lola Awuliyaa Shibbaash akka tures ifaan ifatti walirraa fuudhee tamsaasudhaan guutuu biyyaatti beekame. Iccittiin sun masara zawudituutti akka awwaalametti biyyee hin uffanne.

Bakka masgidni Gunaa gubatetti Taabota Mikaa'ela Gunaattu ijaaraame.Fitawuraarii Habeebeen daangaa laga Qabbanaayaatti(Finfinnetti)dhalatuun ni beekama.Teesson ammo waajjira Imbaasii Ingiliizii fuullee akka tures hin shakkisisu. Haa ta'u malee du'aafi awwaalli Habeebee otoo hin beekamin waggaa dhibba tokkoo ol akka gaafate ni himama.Barreen kaluu kana keessa qorannaa cimaa taasifameen Habeebeen xayyaaran,Allaattin,bubbeen,butteen,yookiin lolaan maaltuufi ee-nyun butamee Arsii Bahaa,Aanaa Asakoo ganda qotee bulaa Diimaa jedhamutti akka awwaale hin beekamne.Akka obboo mangistuu Urge kan Diimaa wuucaaletti dhalatee jireenyisaa magaa-laa Finfinnee ta'e eerutti Habeeben Diimaatti du'ee taabota armaan olitti eerame keessatti awwaa lamuun ummata nannoo san jiru hundaaf iccitii miti jedhaniiru.

Masgiddonniifi hordoftoonni Aayyoo Shibbaash Moominaa dhiibuufi hacuuccaan bara Iyyaasurraa eegalee hanga Zawudituttis haala hammeenyafi fokkisaa keessa darbuun ummata Arsiifi Shawaa biratti hamii hin qabu.Haa ta'u malee bara bittaa Hayilasillaasee keessa hooggantoota amantaa gurguddoo lamaanitiin jibbamus hammas hin dhiibbamne jechuun ni danda'ama.Sababni kun is gama tokkoon Jamaan Shibbaash cimuudhaan baay'atee bal'innaan dagaagee sabaafsablammii ,saalaafi amantaan bifaafi qooqaan (Afaanin)garaagarummaa tokko malee Dirree Moominaafi Faraqassaa Hoombaatti walqixxummaan qubachuun jamaan achitti argamu akka fedhetti waleebbisee yeroodhaan nagaayaan,tasgabbiidhaanfi gammachuun ililchaa ergaDirree gahaniin bood dee achitti boqachuun jamaan kamiiyyuu dhimmaa dhufeef haasa'atanii nagayaan nugalchii,bara dhufuun nugayii dhaammatee gammadaa gara dhufetti deebi'u.Walumaagalatti qorattichi barreef famootafi afgaaffiwwan adda addaa taasisuun dhiibbawwan adda addaa sirna bittaa durii keessatti sirna muudaa irratti (Aayyoo Shibbaash Moominaa)fi hordoftoota isaaniirra gahaa ture gabaab umatti akka armaan olitti xiinxaluun danda'amee jira.

### 2.3. Maalummaa Itti Fayyadama Afaanii

Maalummaa itti fayyadama afaanii ilaalchisee galmeen jechootaa'Long man dictionary of langua ge teaching and applied lingustics'jedhamu akkas jechuun ibsa."*Language usage is the way people actually speak and write*."(2002:572).

Dabalataanis toorri weebsaayitii :http//en.wikipedia.org/wki/usage Itti fayyadama Afaanii akkas jechuun ibsa.

> *Language usage is the manner in which written and spoken language is used,the poi nts of grammer,syntax,style and choise of words and the way in which a word or phrase is normaly and correctly used usage can mean the way people actualy use language or prescriptively the way one group feel the people ought to use it.*

Yaada armaan olii irraa akka hubannutti itti fayyadamni afaanii haala ittiin afaan barreeffamaan yookiin dubbiin tajaajiluudha.Kanaafuu itti fayyadamni afaanii akkaataa namoonni haasaafi barreeffama keessatti afaan itti dhimma bahan jechuudha.Kana malees,itti fayyadama afaanii kan jedhamu naamusa ogummaa afaanii irratti xiyyeeffatu ta'ee akkaataa afaan itti fayyadamnu,ittiin hubannu,ittiin dhaamsa dabarfannufi addunyaa kana keessatti faayidaa irra ittiin olfannuudha. Afaan hammuma hubanne itti tajaajilamnna malee faayidaan afaan nuuf kennu haala hubannoo keenyaatiin oli ta'uu ni danda'a.Sababni isaas tajaajilli afaan ilma namaatiif kennuu danda'u baay'ee waan ta'eef akka salphatti ilaaluun dubbachuun ulfaataadha. Ilmi namaa yemmuu jiraatu

hawaasa waliin jiraatu waliin dhimmoota hawaasummaa adda addaa (gadda,gammachuu,jaalala, jibbaa)fi kan kana fakkaatakan ittiin ibsataniifi ittiin waliif birmatan Afaanitti fayyadamuuni.

Ilmi namaa jiruuf jireenya isaa fooyyesuuf iddoo adda addaatti faca'uun jiraata.Faca'iinsi kun immoo bakka jirutti loogafi afaan mataa isaa uummachuun itti tajaajilamaa jira.Haaluma kanaan addaad dummaan afaanii umamuu danda'a.Haata'u malee,hawaasni adda addaa aadaa,duudhaa, amantaa,siyaasafi diinagdee isaa fooyyeffachuufjecha afaan isaan walqunnamsiisutti fayyadamu. Akkaataan fayya damiinsa afaanii kun immoo sababoota haala keessatti fayyadaman sababa itti fayyadamaniifi iddoo itti fayyadaman giddu galeessa godhachuun Afaanuma waliin dubbatan sana haala addaa addaan je chootafi haasaa afaanichaatti fayyadamuun dhimma itti bahuu danda'u.kanaafuu itti fayyadama afaanii jechuun ilmi namaa wanta dhaga'uu,araguufi beeku oga faanitti fayyadamuun akkaataa itti jiruu isaa gaggeesudha.

Dabalataanis itti fayyadama afaanii jechuun akaataa hawaasni tokko jiruu guyyuu isaa keessatti wantoota raawwachuu qaban hojiiwwaan adda addaa kalaquun kalaqa isaanii itti fayyadama afaanitti fayyadamuun dalagaa isaanii gara bu'a qabeessatti jijjiiruun qabatama kan ittiin taasisanii dha. Akkasumas ogafaanota adda addaa afaanota adda addaattti fayyadamuun haala hawaasni tokko Afaan gargaaramuun hojii tokko hojjatuudha. Itti fayyadamni afaanii iddoowwan adda addaa keessatti hojiiwwan adda addaa (sirnoota,ayyaanota,siyaasaa,amantaa,ba rnoota…) keessattti namoota sadarkaaadda addaa keessa jiran (beekumsaan, umriin, saalan, hojiidhaan, fedhii nama dhuunfaan,qabeenyaan…) hundi haala itti keessatti fayyadamaniidha. Haaluma armaan olitti ibsuu yaaletti itti fayyadamni afaanii haala armaan olii kanaan namoonni sadarkaafi haala adda addaa keessa jiran garaagarummaa qaban keessatti haala itti fayyadamanii dha.Kanaafuu afaanitti fayyadamuuf yoomeessa afaanichaa beekuun murteessaadha.Itti fayyada ma afaanii ilaalchisee qorannoo Mokonnin Ragaasaa (2008),Clark (1996)wabeef fachuun yoo ibsu:

> *People language every day conversation for transacting business planning meals and vacation,debating polotics, teacher use language for interacting studentspreac hers for preaching to parshiners and comedians for amusing audiances,lowyer,jugd e and witness use it in carring out trailsdiplomats in nigotioting treatiesand actosin per forming shekspeare novels,reporter and scientiesrely on the written word to inte rtain information and persuade.* jechuun ibsa.

Yaada kana irraa wanti hubannu ilmi namaa waliin dubbii dhimmota kanneen akka siyaasaa,barn ootaa,seeraa,nageenya,qarannoofi kan kana fakkaatan irratti wantoota barreeffaman beeksisuufi

odeeffannoo adda addaa kennuun amansiisuudha.walitti dhufeenyi yeroo taasifamu,namni tokko yookin hawaasichi looga afaanichaa keessaa isa kam akka fudhatu agarsiisa.Kana jechuunnis fayyadama afaanii eenyu eenyuuf,yoomiifi eessatti afaan kam maal jedha? isa jedhu agarsiisa. Kana jechuun,eenyuu inni jedhu eenyummaa nama sanii irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u,kunis dhiira ykn durba,ijoollee ykn nama guddaa,kan barate ykn kan hin baratiin nama jireenya sadarkaa olaanaa qabu ykn nama jireenyi isaa sadarkaa gadi aanaa irra jirufi kan kana fakkatu ta'uu danda'a.Eenyuuf inni jedhus eenyummaa nama dubbatamuuf yookaan haasa'an taasifamuuf sana kan ilaallatuudha.Kunis akkuma armaan oltti ibsameetti saala,urmii,sadarkaa barumsaafi sadarkaa jireenyaa irratti kan hundaa'e ta'uu danda'a.Namootni lamaa kan sadarkaan wal gitaniifi wal hin ginne ta'a.Yemmuu kana jennu yeroo itti dubbiin sun taasifamu kan ilaallatu yoo ta'u,kunis galgala,ganamafi kankanafakaate ta'uu danda'a.Eessatti kan jedhu immoo iddoo haasaan sun itti gaggeeffamu agarsiisa.(Fishman,1971)

Kana malees,xiyyeeffannoon xinqooqaa fayyadama afaanii keessatti garaagarummaa garee murtaa'aa tokko keessatti jiru kan ilaalu yookaan haala fayyadama irratti addaa addummaa garee hundaa irratti mul'atu kan ilaaludha.Afaan waan hundaa kan hammatufi qaama jiruufi jireenya ta'uufi namni ooltee bultee isaa kan ittiin ibsatufi jiruufi jireenya isaanii kan ittiin gaggeeffatu ta'uu isaati. Kana malees, afaan karaa ittiin odeeffannoon qaama tokkoo irraa kan birootti darbu qofa osoo hintaane qaamolee hawaasa tokkoo kan biroo wajjiin walitti hidhuu danda'u ta'uu isaati.Fayyadama Afaanii ilaalchisee Yuong Reachard (2008)yaada yoo kennu:

> *Language use provides the theoretical and descriptive foundations for the Invest igation and solution of language related problems, especially those Of language education(first,second,and foreign language teaching and learning)but also the problem oftranslation and interpretation, lexicography, forensic, linguistic and perhaps, jedha.*

Yaada kana irraa wanti hubachuu dandeenyu fayyadamni afaanii Keessattuu afaan barnootaa yoo ta'e afaan tokkoffaa,lammaffaa yookaan afaan alaa baruu barsiisuu keessatti rakkoo fayyadama afaanii irratti mul'ataniif jijjiirraa afaanii keessatti mul'ataniif furmaata kaayuudha.Kana malees,caasaa afaan tokko irratti qo'annoofi qorannoo taasisuun qaaccessanii furmaata barbaaduun akka danda'amuudha.afaan keessatti haalli fayyadama jechootaa yookaan dhamjechoota afaanichaa gahee guddaa kan taphataniidha.Jechoota malee afaan ibsamuu hindanda'u.Jechoonni ammo bakka sirriifi akkaataan itti fayyadama isaanii malee yemmuu itti fayyadamaman ergaa barbaaddame argachuun hindanda'amu.Jechoota fayyadamuu keessatti gareen jechootaa kanneen

akka,jechoota loogaa,jechoota ergisaa jechoota hirkattoofi kan kana fakkaatan sirnaan fayyadamuun ergaa barabaaddamee dabarfachuun waliigaluun nidanada'ama.Kana malees,Itti fayyadama afaanii jechuun adeemsa ilmi namaa dandeettii afaanitti fayyadamuun haala akkamiin ogum maawwan afaanitti fayyadamuun guddinna aadaa,afaanii,siyaasdiinagdee,amantaa,...isaa ittiin calaqisiisuufi guddisuudha.Qabxii kana ilaalchisee hayyuun adda addaa yaada gara garaa kennanii jiru.Gabii (2015:9) yoo ibsu:"*xiyyeeffannoo xinqoqaa addaaddummaa Afaan tokko yookiin lo qoda tokko keessatti haala dubbiin,seerlugaan,jechaan, garaagarummaa Afaan yookiin looga gi ddutti uumamuudha*"jedha.Kana malees,xiyyeeffannoon xinqooqaa fayyadama Afaanii keessatti walfakkeenyafi garaagarummaa garee murtaa'aa tokko keessatti jiru kan sakatta'uu yookiin akka ataa itti fayyadamiinsa irratti garaagarummaafi walfakeenya garee hudaa irrtti mul'atu kan xiinxa luudha.Xiyyeeffannoon itti fayyadama Afaanii irratti taasifamu kunis guddina Afaanitiifi aadaaf gahee olaanaa qaba.Hayyuun Gold Rakic,(1998) yaada dabalataa kennuun yoo ibsu,"*Language use is concerned with the promting our understanding of the role of language plays in human life .At its centers are theatrical investigations real world isues in wich language plays leading role*," jedha.

Shoorri fayyadamni Afaanii jiruufi jireenya ilma namaa keessatti taphatu kanneen ibsan yaxxinoota kanneen akka fayyadama Afaaniifi hojiirraa oolmaa isaa kan xiinxalaniidha.

Haaluma kanaan Yuong Rechard (2008) yaada kana yoo cimsu:

> *Language use provides the theoretical and descriptive foundations for the investig ation and solution of language related problems, especially those of language educ ation (first,second and foreign language teaching and learning), but also the probl ems of translation and interpretation, lexicography, forensic,linguistic and perhap s,"*jedha.

Ergaan yaanni kun ibsu,fayyadamni afaanii rakkoowwan afaaniin walqabatan furmaata barbaaduun yaaxxina bu'uuraa kaa'uun akka danda'amuudha.Keessattuu afaan barnootaa yoo ta'e,afaan tokkoffaa,lammaffaa yookiin afaan alaa baruubarsiisuu keessatti rakkoo fayyadama afaanii irratti mul'ataniifi jijjiirraa afaanii keessatti mula'taniif furmaata kaayuudha.Kana malees,caasaa afaan tokkoo irratti qorannoofi qo'annoo taasisuun qaaccessanii furmaata barbaaduun akka danda'amuudha.

## 2.4. Faayidaa Fayyadama Afaanii

Xiinxala fayyadama afaanii keessatti,afaan faayidaa guddaa qaba.Sababni isaas,kan xiinxalamu haala itti fayyadama afaan sanaati waan ta'eef.Yaada kana cimsuuf hayyuun Brownfi Yule (1983 :1) akkas jechuun ibsanii jiru.

> *The analysis of discourse is, necessarily,the analysis of language in use.As such,it cannot be restricted to the descriptionguistic forms independent of the purpose or funcitions which those forms are designed to serve in human affairs.While some linguists may concentrate on determining the formal properties of a language, the analyst is committed to an investigation what language is used for.*

Ibsi hayyoota kanneenis,xiinxala fayyadama afaanii jechuun faayidaa afaanii yoomessa afaan keessatti dubbatame sana wajjiin walbira qabanii xiinxaluu jechuudha.Kanaaf,xiinxalli fayyadama afaanii seera afaanii qofaa xiinxala osoo hin taane**,**faayidaa afaanii yoomessa keessatti dubbat ame sana wajjiin xiinxalama.Hayyoonni xinqooqaa tokko tokko amala idilaawaa afaanii qaacces suu irratti xiyyeeffachuu danda**'**u.Garuu,namni fayyadama afaanii xiinxalu tokko tajaajila afaanii irratti xiyyeeffachuu qaba.Gee (1999:1) haala armaan gadiitiin ibsee jira.

> *If I had single out a primary function of human language, it woud be not one,but the following two:to scaffold the performance of social activities (whether play or work or both) and to scoffold human affilitation within cultures and social groups and institutions.These two functions are connected.Cultures,social groups,and institutio ns shape social activities.*

Ibsi hayyuu kanaas**,**faayidaan afaanii kanneen ijoo ta**'**an bakka lamatti qooduun ilaaluun ni danda**'**ama jedhu.Tokkoffaan,wanta hawaasni hojjatu hojiidhaan agarsiisuuf,kana jechuun gochaaw wan hawaasni tokko hojjataa jiru,taphataa jiru yooiikn lachuu raawwachaa jiraachuu ibsuudhaaf nu fayyada.Lammaffaan**,**walitti dhufeenya hawaasa tokkoofi aadaa,garee hawaasaa yookiin waliin jireenya hawaasaafi sirna ittiin bulmaata hawaasa sanaa cimsuuf kan gargaaru ta**'**uu isaa ibsa. Faayidaan lameen armaan olitti ibsaman kunneen walitti hidhatiinsa cimaa qabu.Aadaan,waliin jireenya hawaasaafi sirni ittiin bulmaata hawaasa sanaa wanta hawaasni guyyaa guyyaan hojjatu qajeelchuu keessatti gahee guddaa qabaachuusaa hayyuun kun gabaabsee nu hubachiisa.Karaa biraatiin Afaan tokkummaa hawaasa sana cimsa jechuudha.Kanaaf,itti fayyadama Afaanii tokko yeroo xiinxallu kallatti adda addaatiin ilaaluu qabna jechuudha.Kallattiin kunneenis,hawaasni tokko dubbii tokkotti yeroo fayyadamu maal hojjachuuf yookiin ergaa maalii dabarsuudhaaf akka itti gargaarame ibsuufi hawaasni tokko sirna waliin jireenya isaanii keessatti gaddaafi gamma chuu isaanii afaanitti fayyadamanii akkamitti akka waliif hiruu danda'an ilaaluudhaaf gargaara.

Xiinxxallii fayyadama Afaanii irratti namn hirmaatu tokko yeroo xiinxalu faayidaa afaanii haala dubbatame sana keessatti qabu xiyyeeffachuu qaba.Kanaafuu,itti fayyadama afaanii Yemmuu xiinxallu odeeffannoo hawaasa irraa arganne dhiifnee hojii keenna qofa milkeessuufjecha ilaalch aa alaa qofa fayyaadamuun guutuu hin taasisu.Waan hawaasni jedheefi kan ofii walitti makanii yoo barreessan hojii guutuu taasisa.ilaalchonni kunis ilaalacha keessaafi alaa jedhamu.Yaaduma kana ilaalchisuudhaan hayyoonni Brownfi Yule(1993:1) akka itti aanutti ibsanii jiru.

> *It woud be unlikely that,on any occasion a natural language atterance would be used to fulfil only one function, to the total exclusion of the other.The function servers in the expression of content we will describe as transactional and that involved in expressing social relations and personal attitudes we will describe as international.*

Walumaagalatti fayyadama afaanii tokko yeroo xiinxallu,waan hawaasni ofiin jedhu dhiifnee ilaalcha hawaasa sanaaf qabnu barreessina osoo hintaane waan hawaasni ofiin jedhu akkuma jirutti erga fudhannee booda waan ofii beeknu itti dabaluudhaan xiinxalla.Qorannoon kunis ilaalchota jiran lamaan kanneen keessaa ilaalcha keessaa irratti xiyyeeffachuudhaan fayyadama Afaanii muuda keessatti:akka Godina Arsii aanaa Gunaatti xiinxalamee jira.Kana malees,yaada armaan olii kana toorri intarneetii https://saylordotarg.github.io>s16.t... akkas jedha.

> *Language involves both the ability to comprehend spoken and written words and to create communication in real time when we speak or write...Language olso ollows us to access existing knowledge,to draw conclusions,to set and accomplish goals and to understand and communicate acomplex social relation ships.*

Yaada kanarraa wanti hubachuu dandeenyu,afaan dandeettii dubbachuufi jechoota barreessuu akkasumas waliigaltee keessatti yemmuu dubbannuufi barreessinu akka keessatti hirmaannu nu taasisa jedha.Dabalataan toorri intarneetii https://www.mvoganizing.org.akkas jedha.

> *Language is intrinsic to the expression of culture. As a means of communicating values, beliefs and customs, it has an important social function and fosters feelings of group identity and solidarity. It is the means by which culture and its traditions and shared values may be conveyed and preserved.*
> *Language is one of the most important parts of any culture. It is the way by which people communicate with one another, build relationships, and create a sense of community.Communication is a core component of any society, and language is an important aspect of that.As language began to develop,different cultural communiti es put together collective understandings through sounds.Over time, these sounds and their implied meanings became common place and language was formed.*
> *Intercultural communication is a symbolic process where by social reality is constr ucted, maintained,repaired and transformed.As people with different cultural backg rounds interact,one of the most difficult barriers they face is that of language.Cultu*

*ral identity is heavily dependent on a number of factors including ethnicity, gender, geographic location, religion, language, and so much more. Culture is defined as a "historically transmitted system of symbols, meanings, and norms."Knowing a language automatically enables some one to identify with others who speak the same language.This connection is such an important part of cultural exchange.Lear ning a language can be daunting,but it's an important way to connect with people from different cultures. Language is one of the most important parts of any culture. It is the way by which people communicate with one another, build relationships, and create a sense of community.*

Afaan dhugummaa hawaasaa kan ibsuu dha.Afaan akka walqunnamtiitti gatii/bu'aa,amanamum maan aadaa saba tokkoo faayida qabeessafi eenyummaa gareefi fayidaan waliinii akka ariifatuuf gargaara.Kana malees,aadaafi barteen hawaasaa qabamee akka turuuf gargaara kan jedhuudha.

Afaan aadaa kamiiyyuu keessatti barbaachisaadha.Afaan mala namni kamiiyyuu ittin walii galuu,walitti dhufeenya hawaasa kan cimsuufi hawaasni fedhii waa uumuu akka horatu taasisa.

Walqunnamtiin qaama ijoo hawaasa tokkooti.Afaan aadaa adda addaa walitti fiduudhaan sagaleedhaan kan walqunnamsiisudha.Kana malees,afaan eenyummaa hawaasaa (amantaa,saala, gosa,umrii,…) isaa kan ittiin adda baafamuufi namoota aadaa gara garaa qaban waliin kan walqunnamsiisudha jechuun addeessa.

**2.5. Afaanifi Yoomessa**

Yoomessa jechuun hawaasni tokko afaan isaatti fayyadamee yoomifi eessatti gochaalee adda addaa raawwatu? Akkasumas,haala isaan afaan sana keessatti dubbatan jechuudha.Yaada kana ilaalchisee hayyuun Malinowski (1923: 307) akka itti aanutti ibsee jira.

*ithout some imperative stimulus of the moment, there can be no spoken statement. In each case, there fore, utterance and situation are bound up inextricably with each other and the context of situation is indispensable for understanding of the words.Exactly as the reality of spoken or written languages, aword without lingui-stic context is a mere frigament and stands for nothing by itself, so in the reality of spoken living tongue, the utterance has no meaning except in the context of situation.*

Yaada kanarraa wanti hubachuu dandeenyu**,**namni tokko secondi muraasaaf illee fedhii isaa ma-lee jecha tokko dubbachuu hinbarbaadu.Dubbiifi haalli keessatti dubbatamu walitti dhufeenya olaanaa qaba.Akkasumas,dubbii dubbatame tokko hubachuuf haalli itti fayyadamne baay**'**ee mur teessadha.Haasawa guyyaa guyyaan taasifamu keessatti jechi tokko yoomessa xinqooqaa malee yoo dubbatame waan tokko ibsuu akka hindandeenye ibsee jira.

## 2.6. Maalummaa Muudaa

Muuda jechuun hawaasni tokko wanta itti amanu bu'ura godhachuun gareen yookiin dhuunfaan ta'uun iddoo murta'aa ta'e tokkotti imala taasisuun sirnichi adeemsafi seera isaa eeggatee bakka itti adeemsifamuudha.Maalummaa muudaa ilaalchisee haayyonni gara garaa yaadota adda addaa dhiyeessanii jiru.Haaluma kanaan akka Ten Leus (2006:472) jedhutti:

"*Muda is only alittle bit,and is associated with ceremony*."Yaanni kunis kan ibsu, muunni waan xiqqaa sirna ayyaanaan walqabatu akka ta'eedha.Akkasumas Asmarom,(1973:15) "*The term 'mu da'when use by it self is the name of ceremony that is celebrated once…of the kallu*"jedha.wanti as irraa hubachuun danda'amu,muuda jechuun maqaa sirna ayyaanaa akka ta'eedha. Dabalataanis Asmarom Legesse,(1973:94) kitaaba isaa keessatti ceruli wabeeffachuun waa'ee muudaa yoo kaasu".*it is the place where the Oromo went to celebrate the muda ceremony*."Kana jechuunis,abbaa muudaa jechuun iddoo hawaasni Oromoo sirna ayyaana muudaa ittiin kabajatu akka ta'ekan agarsiisu yoo ta'u,yaadakanarraa ammo muuda jechuun sirna ayyaanaa akka ta'e hubachuun ni danda'ama.Kana malees,Dirribii Damusee (2009:248) akka ibsutti;"*sirna muudaa jechuun mana warra ayyaantuu dhaqanii dhangalaasa kennanii eebba argachuu jechuudha*" jedha yaanni hayyuu kanaas kan ibsuu, sirni muudaa waan tokka argachuuf kadhannaa taasifamuudha.

Haaluma walfakkaatuun,Gadaa melba (1988:21) akka jedhutti,"*Religioes Oromo often made mu da pilgrimage to some of the great Qallus and religious centers such as Arsi's Abbaa Muudaa (father of anointment*)"jechuun ibsa.Kana jechuunis,hordoftoonni amantaa Oromoo yeroo tokko tokko muudaaf gara qaalluu gurguddoofi iddolee kadhannaa yookiin amantaa kan Abbaa Muudaa Arsii keessatti argamutti imala taasisuu yaada jedhu of keessaa qaba.Gara qaalluu gurguddoofi ijoollee muudatti kan deemamuuf immoo sirna kadhannaaf akka ta'e yaada armaan olii kanarraa hubannee jirra.Darribii Damusee,(2009:248) itti dabaluun fuuluma kanarratti yoo ibsu,"*Ayyaanni Muudaa yeroo durii osoo labsii Miniliikiin hin dhoorkamiin dura sirna Gadaa uumanii Oromoo bakka fagoo adda addaa akka Lixa Oromiyaa, Sayyoofi kaaba Oromiyaa, Raayyaa asibuu ka'ee galaa qabatee,loon oofee yeroo heddu karaa bule irratti argamaa ture*". Akka ibsa kanaattis "Ayyaanni Muudaa kan Oromoonni kallattii gara garaa Wareega qabatanii irratti hirmaataniifi umrii dheeraa lakkoofsisuu isaa hubannna.Akkasumas Wiirtuu Jiildii 3[ffaa] (1990:72 73) keessatti ibsametti;"…*.bakki muudaafi sagadaa kun seenaa waggoota 820(dhibba*

*saddeetifi diigdama) ol akka qabu seenessoonni naannayaa ni himan*."Akka yaada kanaattis, dirreen Moominaa Gannatee iddoo muunni itti gageeffamu ta'uufi muudaniifi sagadani iddoo kannatti gaggeeffamaa ture yeroo dheeraa akka lakkoofsisee jiruudha.Walumaagalatti muuda jechuun mataa isaatiin sirna ayyaana akka ta'eefi sirnichis kadhannaa Waaqaaf kan gaggeefamu ta'uu isaati. Maalummaa muudaa Mekonnin Raggaasaa qorannoo isaa keessatti Salamoon (2007:159) wabeef- fachuun yoo ibsu:

> *Sirni muudaa naannoo tokkotti raawwatamu eenyummaa hawaasaa sanaa kan ibsu yoo ta'u,miseensa hawaasichaatiif akka dabarfamu kan barbaadamu yaadota baay' ee barbaachisoo kan of keessatti qabatan walxaxaafi ogummaan hawaasummaa kan a keessatti mul'atuudha. Kabaja muuda kana keessattis fakkoomiwwan hawaasaa ke essatti gatii olaanaa kan qabaniifi yaadota,seerota,sirnootafi ilaalchi hirmaatotaa haala salphaan kan mul'isuufi gochoota haala hubachuu danda'aniin kan* dhihaatan iidha,jechuun addeessa.

Gama biraatiin Turner(1978:34) akka ibsutti,"*Pilgrimage is a journey froma cecular central area to holy place located at apriphery*"jedha.Morinis (1984:254) gama isaatiin yooaddeessu, "*Pilgri mage is aprocess of transposition from the profane,mundane sphare to the sanctified,bounded sphere of divinity*"jechuun ibsa.Yaada barreessitootaa kana irraa akka hubannutti jiilli addunyaa qulqulluun ta'etti imala gochuudha. Jeylaan (2005:29) irratti immoo "*Jechi muuda jedhu hiika walitti dhiheenya ta'an biroo kan qaban haala dubbii adda addaa keessatti mul'atuudha*."Jedha. Hiikni barreeffamoonni kun ibsanis waa'ee sirna ayyaana Oromoo iddoowwan adda addaatti gag geeffaman bal'innaan nutti hima. Hayyonni adda addaa ayyaana sirnoota afuuraa waliin walqab-siisuun ibsan.Haata'u malee,ayyaanni hundi afuura amantummaa of keessaa hinqabu.Yaada kana ilaalchise Rapaport (1999:25) yoo ibsu: "*Jila yeroo hedduu afuura waliin wal-qabsiisuun murtii kennamu irratti akka walii hin galle eera."*

## 2.7. Sirnoota Muudaa

Muuda keessatti sirnoonni adda addaa ni raawwatu.Sirnoonni kunis hirmaattota yookiin jamaa baay'ee of keessaa qabu.Sirni kunis dhufaatii muudaa ilaalchisee dursa hojiiwwan adda addaa ni raawwtu.Hojiin kunis,dirree muudaa qulqulleessuu irraa eegala.Sana booda guyyaa ayyaanichaa yookiin Muudaa namoonni/jamaan adda addaa iddoo garagaraa irraa imaluun dirree kana qubach uun,sirnoota kanneen akka:Eebba,balaleeffannaa,faaruu/faarfannaa,ayyaana/awuliyaa,faloofi kanneen kana fakkaatan ni rawwatu.

## 2.8. Yaaxxina Qorannichaa

Yaaxina jechuun adeemsa hogbarruun tokko ittiin hubatamuufi xiinxalamuyemmuu ta'uu, faayidaa hogbarruu,walitti dhufeenya barreessaafi barreeffamichaa, dubbisaa,hawaasaa,seenaafi afaan ittiin barreeffamee kan calaqisiisudha.Yaadni toora interneetiirraa argames yaaduma kana yeroo cimsu,www.thefreedictionary.com/criticism. *"Theory is the process of understanding what the nature of literature is, what functions it has, what the relation of text is to aurthor, to reader, to language, to society, to history. Itis not judgment but understanding of the frames of judgment"*jedha.

Qoranoon kun yaaxinnoota jiran keessaa kan mata dure qorannichaa waliin deemuu danda'u yaaxxina fayyadama afaaniitti dhimma bayee jira. Kunis qabxiiwwaan ka'uu qaban gurguddoon fayyadama afaanii,fayyadamni afaanii akkamittii akaa ilaallamu,fayya damni afaanii akkamitti akka qoratamuufi fayyadama afaanii keessatti hiikni akkamitti akka ibsamuudha.

### 2.8.1. Fayyadamni Afaanii Akkamitti qoratama?

Akka Clark (1996) jedhutti,afaan kan qo'atamu haala caasaafi itti fayyadama isaatiniidha.Caasaa afaanii yeroo jedhamu qaaccessa xinsagaa,xinjechaa,xinhimaafi xinhiika afaanichaati.Haata'u malee,fayyadama afaanii qo'achuun akka caasaa afaanii qo'achuu salphaa miti.Kunis,Fayyadama afaanii qo'achuun xinqooqa hawaasaa qo'achuu waan ta'eef.Itti dabaluun,qo'annoon fayyadama afaaniifi caasaa afaanii tokko miti. Kanaafuu,qo'annoon fayyadama afaanii haala adda addaan hojiirra oolmaa afaanichaa qorachuudha.Yaduma kana fakkatu,Liulseged (1994) yoo kaasu qo'an noo fayyadama afaanii ilaalchisee akka ibsutti, hawaasa afaan adda addaa dubbatan keessatti seera afaanichaa waliin qaban filachuu kan gaafatudha.Seerichis haala adda addaarratti kan hundaa'u ta'uusaafi haalootni kunis naannoo,mataduree,bakka hojiifi kan kana fakkaataan fa'a ta'uu danda'a jedha.Kanaafuu fayyadama afaanii kan qorannu akkamitti afaan dhimma jiruufi jireenya kenya akeessatti dhimma akka itti baanuudha.

### 2.8.2. Fayyadamni Afaanii Akaamitti ilaallama?

Fayyadama Afaanii karaa adda addaatiin ibsamuu yookaan hiikamu danda'a. Akka hayyoota xinqooqa caasawaatti balballomsi haasbarruu barreeffamaafi dubbii kaayyoon isaa tartiiba jechootaa yookaan caasaa afaan keessatti dubbataafi haala(context)keessatti dubbate sana addaan baasuun ibsuudha.

*''Discourse analysis as analysis of written and spoken text with the aim of identify reccuring pattern of words or abstract structure in language by analyizing language data detached from its user and context use'' Johnstone (2008)fi Salkie(1995)* Maleenyaan fayyadama afaanii kan biroo immoo,maleenyaa tajaajilaa yoo ta'u,akkaataa hiikni dubbataa qabiyyee dubbiifi haala dubbataa irratti hundaa'uudhaan gargar ta'u qaaccessuuf kan tajaajiluudha.Yaadota kanneen irraa wanti hubachuun danda'amu fayyadamni afaanii akkaataa jechootni afaan tokkoo caasaa hala galumsaa keessatti hubatamuufi akkataa hiikni dubbii keenyaa akkataa tajaajila nuti itti dhimma baneef keessatti ergaan isaa hubatamuudha.

## 2.9. Sakkatta'a Qorannoowwan Wal-Walfakkii

Qabiyyee kana jalatti dhiyaatu qornnoowwan as dura hojjataman kanneen mata duree koo waliin walitti dhufeenya qaban yookiin walitti dhiyaatanitu sakatta'ama.Sakatta'a kana keessatti garaag arummaafi walfakkeenya isaanitu xiinxalama.Qorannoon mata duree kana waliin walitti dhiyaac huu danda'an akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

- Waraqaan qorannoo mata duree koo waliin walitti dhufeenya kan qabu Nageessoo Duubee (200),"*Qaaccessa Fayyadama Afaanii Waldhabdee Abbaafi Ilmaa Jaarsummaan Furuu keessatti*",kan jedhu yoo ta'u,dhimmi irratti xiyyeeffannoon laatames,waldhabdee abbaafi ilmaa jaarsummaan furuu keessatti fayyadamni afaanii maal-fakkaata? kan jedhu yoo ta'u,Qorannoon kiyya garuu "*Itti Fayyadama Afaanifi faaruu Oromoo Muuda keesatti: xiyyeeffannoon Godina Arsii Aanaa Gunaa* Dirree.Shibbaash Moominaatti" Tokkummaan mata duree kanaa lamaanuu itti fayyadama Afaani irratti kan balballoomsudha.
- Mokonnin Raggaasaa (2008)mata duree"*Xiinxala Ayyaanafi Fakkoomiwwan Sirna Raaw wii Muudaa Dirree Sheek Huseen*"kan jedhu irratti xiyyeeffata.Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas,ayyaannifi fakkoomiwwan sirna raawwii muudaa keessatti maalfakkaata kan jedhu gadi fageenyaan xiinxala.Mata dureen koo immoo "(*Itti Fayyadama Afaanifi faaruu Oromoo Sirna Muuda Keessatti: xiyyeeffannoon Godina Arsii Aanaa Gunaa*, Dirree Shibbaash moominaatti. Garaagarummaan isaanii, xiyyeeffannoon qorannoo Makonnin,"*Xiinxala Ayyaanafi Fakkoomiwwan Sirna Raawwii Muudaa Dirree SheekHuseen*"yoo ta'u,Kan koo immoo"Itti Fayyadama Afaaniifi faaruu Oromoo Muuda keessatti Dirree Shibbaash Moominaatti kan jedhu irratti.

- Naafyaad Hammuu (2009), mata duree “*Qaaccessa Kadhatanii Fuudhuufi Fayyadama Afaanii Achi keessatti mul’atu:Haala Aanaa Leemmuufi Bilbiloo*”,jedha.Xiyyeeffannoon qabiyyee kanaas,adeemsa kadhatanii fuudhuu keessatti fayyadamni Afaanii maal fakkaat a? Kan jedhu qaaccessa. Mata dureen qorannoo koo immoo “*Itti Fayyadama Afaaniifi faaruu Oromoo Muuda Keessatti:xiyyeeffannoon Godina Arsii Aanaa Gunaa*, Dirree Shibbaash Moominaatti kan jedhu. Xiyyeeffannoon isaas, sirna muuda keessatti itti fayya damni Afaanii maal fakkaata? Kan jedhu.Yaanni ibsame kun garaagarummaa isaanii yoot a’u,walfakkeenyi isaanii immoo lameenuu dhimma fayyadama Afaanii irratti kan xiyyeeffataniidha.

# BOQONNAA SADI: Saxaxaafi Ximmala Qorannichaa

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa/Design/

Qorannoon kun mala ibsaatiin "Itti fayyadama afaaniifi faaruu oromoo sirna muuda keessatti:dir-ree Shibbaash Moominaa kan xiyyeeffateAkka Godinaa Arsii Aanaa Gunaatti maal fakkaata? kan jedhu xiinxaluu irratti xiyyeeffaata**.**Qorannoon kun mala qorannoo akkamtaatiin kan qaaccef fameedha.Kanaafuu,qorataan qorannoo kana gaggeessuuf adeemsa qorannoo kanaa filateera. Walumaagalatti,boqonnaan kun mala qorannichaa ofkeessatti kan hamate yoo ta'u,mala qoranni-chaa,qooddattoota qorannichaa, madda odeeffannoo,iddattoofi iddatteessuu,madda ragaafi malli odeeffannoon itti funaaname wal duraa duubaan dhiyaatanii jiru.

## 3.2. Ximmala Qorannichaa/Methodology/

Kaayyoon qorannoo kanaa "Itti fayyadama afaanifi faaruu Oromoo muuda dirree Shibbaash Moominaa" yoo ta'u,mala akkamtaa fayyadamuun ta'eewwan muuda keessatti raawwataman maal akka fakkaatan mala ittiin ibsamuudha. Yaada kana David E.G.(2004:346) yoo ibsu,"The main focus of qualitative research is to understand the ways in which people act and accounts that people give for this actions."Yaada hayyuu kana irraa kan hubatamu, xiyyeeffannoon guddaan mala akkamtaa, ummanni waan tokko gochaan agarsiisan hubachuufi itti gaafatamumm aa hawaasichi gochoota raawwataman kanneeniif qaban xiinxaluuf akka ta'e agarsiisa.Sababa qorattichi mala akkamtaa filateefis dhimmoota qorannoo keessatti ka'uu malan namoota ragaa ke nnan yookiin odimootafi hawaasa keessatti hirmaachuun"*Itti fayyadama afaanifi faaruuOromoo muuda dirree Shibbaash Moominaa keessatt*i" maal akka fakkaatufi maaliif akka fayyadaman odeeffannoon sassaabbamee qaacceeffameera.

Ximmalli qorannoo haala waliigalaa qorannichaa kan to'atuufi qorannichi maal irratti akka xiyyeeffatu agarsiisa.Kanas,Dastaan,(2013:50) yoo ibsu,"*Ijaarsa qorannoo kan jedhamu qoran-noo gosa kamiituu ta'ee rakkoo jira jedhameef furmaata barbaaduu keessatti gaaffilee kaasuu, akkaataa odeeffannoon itti funaannamuufi akkaataa ittiin ibsan ta'uu danda'a*." Yaanni kun kan nu hubachiisu ximmalli adeemsa qorannoon tokko keessa darbu kan akeekuu ta'uu isaati.

Itti dabalees,Addunyaa,(2011:63),Cohen,Manionfi Morrison (2005:73) wabeeffachuun yoo ibsu, "*The purpose of research determine the methodology and design of the research*."Jechuun kaayyoon qorannoon qoratamuuf ximmala isaa irratti murteessaa akka ta'e ibsa.

Kanuma bu'uura godhachuun kaayyyoon qorannoo kanaa "*Itti fayyadama afaanifi faaruu Oromoo Muudamuuda dirree Shibbaash Moominaatti:akka Naannoo Oromiyaa Godina Arsii Aanaa Gunaatti*"kan jedhu waan ta'eef,mala qorannoo akkamtaatti fayyadamuun qaacceffameera.

### 3.2.1. Hirmaattota Qoranichaa

Qorannoon kun maanguddoota waa'ee muudaa gadifageenyaan muuxannoofi beekumsa qaban gaafachuuniifi namoota guyyaa muudaa iddoo sirnichaatti argaman daawwachuun kan raawwateedha.Kanaafuu dhimmi qoratamu ammo"*Itti fayyadama afaanifi faaruu oromoo Muuda dirree Shibbaash Moominaa keessatti:Godina Arsii Aanaa Gunaatti*",kan jedhu qaaccessuudha.

### 3.2.2. Madda Odeeffannoo

Odeeffannoo quubsaafi barbaachisaa ta'e argachuuf qorattichi madda odeeffannoo gurguddoo lamatti fayyadamuuni.Isaanis:Madda odeeffannoo jalqabaa(primary source)fi madda odeeffannoo lammaffaa (secondary source)ti.Maddi inni jalqabaa,odeefkennitoota yoo ta'u,maddi odeeffannoo lammaffaa immoo bakka maddi odeeffanoo jalqabaa hin jirretti qaama lammaffaa (sakatt a'a barreeffamoota adda addaa) irraa ragaalee argamuudha.Akka qorannoo kanaatti maddi ragaa hawaasa Aanaa Gunaa keessaa namoota kaayyoo qorannichaa galmaan gahan jedhamanii yaada maniif iddatteessuu akkayyoon filatamaniiru.Akkasumas itti fayyadama afaanii muuda keessatti dhimmoota hirmaatotaan raawwataman keessaatti hirmaachuufi hordofuun odeeffannoon sasaabbameera.Kanaafuu,maddi raga qorannichaa yoomeessa dhugaa keessatti hirmaachuun sirna muu daa keessatti haalli itti fayyadama Afaanii maal akka fakkaatu hordofuun xiinxalamaniiru.Kana malees, namoota beekkamoo mala iddatteessuu akkayyoon filataman kanneen muuda jechuun m aal jechuu akka ta'eefi faaruu,eebba,abaarsafi kan kana fakkaatan maaliif akka fayyadamaniif,itti fayyadamni afaanifi faaruu Oromoo muuda dirree Shibbaash Moominaa keessatti akkam jedhanii akka fayyadaman hordofamaniiru.

### 3.2.3. Iddattoofi Mala Iddatteessu

Iddatteessuun hirmaatota waliigalaa jiran keessaa kanneen bakka bu'uu danda'an murteessuu dha.Iddateessuun akkaataa yeroofi baajata qusatuufi kaayyoo qorannichaas galmaan ga'uu danda 'uu irratti hunda'uun baay'ina waliigalaa irraa daangaa iddattoo addaan baafachuun kanneen bak ka bu'an murteessuudha.Mata duree qorannoo kanaaf miijatu mala iddatteessuu miti carraa (non probability sambling)dha.Mala iddateessuu mitti carraa gosoota inniqabu keesaa immoo iddattoo

akkayyoo(purpurssive sampling) fayyadameera.Yaada kana Addunyaan (2011:6) Berg B.(2001:wabeeffachuun yemmuu ibsu:

> *when developing apurpersive sample,researchers use their special knowledge or expertise about some group to select subjects who represent this population. Nicholas Wiliam(2006:79) gama isaatiin"purposive sampling is where researcher se lects what he/she things is atypical sample based on specialist knowledge or selectio n criteria.jedha.*

Akkataa yaadota hayyota kanaatti qorataan iddatteessuu akkayyoo fayyadamuun beekkumsi wali igalaa duraan dhimmicharratti qabu murteessaadha.Kanaafuu qorattichi mala iddatteessuu akka yyoo fayyadamuun iddattoo qorattichaaf bakka bu'an filachuu danda eera.Kun immoo qorattichi madda ragaalee itti yaaduun filachuun odeeffannoo dhugaa qabeessa ta'e akka argatuuf isa garga aree jira. Sababni iddatteessuun barbaachiseef irraawwattoota hundarraa odeeffannoo sassaabuun rakkisaa waan ta'eef,akkasumas mallaqa, yeroo,humnnafi kan kana fakkaatan kan bakka bu'an filachuun barbaachisaa ta'a.Malleen iddattoo miti carraa keessaa akkayyoo fayyadamuun immoo qorattichi namoota madda raga ta'uun kaayyoo qorattichaa galmaan gahuu danda'an salphumatti akka murteessu gargaareejira.Haaluma kanaan qorattichi itti fayyadama afaanifi faaruu Oromoomuuda dirree Shibbaash Moominaa keessatti jedhu ilaalchisuun tartiibaan afgaaffiifi marii gareetiin namoota waa'ee muudaa gadi fageenyaan beekaniifi jeekkara jechuu danda'an namoota dhiiraa 6 filachuun odeeffannoo argatee jira.Kana malees,jamaa sirna muuda irratti argaman daawwachuun dhimma qorattichi barbaadeef gadi fageenyaan ibsamaniiru.

## 3.3. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qorataan qorannoon isaa akka milka'uuf mala ittiin odeeffanoo sassaabbatu beekuun murteessaa dha.Kanaafuu,qorattichi kaayyoo isaa wantoota galmaan gahuu danda'an meeshaalee funaansa odeeffannoof barbaachisan akka armaan gadiitti qindda'aniiru.Meeshaalee funaansa odeeffannoo keessatti fayyadan keessaa afgaaffii,daawwannaafi marii garee,funaanameera.

### 3.3.1. Afgaaffii (Interview)

Afgaaffiin meeshaalee funaansa odeeffannoo keessaa isa tokko ta'ee kan qorataafi odimaan fuulletti wal arguun odeeffannoon irraa funaannamuudh. Yaada kana David E. (2004:213) yooibsu:"*An interview is a conversation between people in which one person has the role of rese archer.The interviewer has to pose questions (in either structured,semi structured or unstructured format listen to and data capture) the responses and pose new questions*" akka

yaanni kun agarsiisutti waliin dubbii gaafatamaa waliin taasifamu ta'ee,isaan keessaa namni tokko qorannoo kan gaggeessu ta'a.Inni gaafatu gaaffii caaseffamaa,gartokeen caaseeffamaa yookiin hin caaseffamin gaafatamtootaaf dhiyeesuun deebii isaan kennan qabachaa,gaafii haaraa immoo dhiyeessaa deemmamuu qaba.Afgaaffii gartokkeen caaseffaman ilaalchisee David E.(2004) yemmuu ibsu,

> *Semi structured interview are non-standerdized and are often used inqualitative analysis.The interviewer has alist of issues and question to be coverd,but may not deal with all of them in each interview.The order of questions may olso change depending on what direction the interview takes.Indeed additional question may be asked including same which were not santicipated at the start of the interview,as issues arise.(David E.2004:216-217)*

Akka yaanni Kun agarsiisutti,afgaafiin gartokkeen caaseffamaan ulaagaa caaseeffamaa kan hin guunne ta'ee, qorannoo akkamtaa keessatti bal'inaan tajaajila.Adeemsa kana keessatti qorattichi dhimmootafi gaaffiwwan deebii barbaadan barreeffatee harkatti qabata.Dhimmoota kanneeniif deebii argachuu dhiisuu danda'a. Yeroo afgaaffiin odeeffannoon sassaabbamu dogoggorri adda addaa osoo uumameeyyuu battalumatti fooyya'uu danda'a.Yeroo afgaafiin odeeffannoon sassaabbamuu kan afaaniin dubbatamu caalaa sochii odimootaan odeeffannoo dabalataa argachuuf fulcha namaa laata.Kana malees,namoota dubbisuufi barreessuu hin dandeenye hundaaf waan mijatuuf afgaaffiin meeshaa funaansa odeeffannoo filatamaadha.Haaluma kanaan namoota akka iddattootti filatamaniif afgaaffiin gartokeen caaseffamaa ta'an dhiyaachuun deebii n akka itti laatamu taasifamee jira.Afgaaffiwwan odimmootaan deebii argatan kanneen meeshaal ee waraabbii(sagaleefi suursagaleen) deeggaramuun walitti qinda'ee dhiyaatee jira.David E.(2oo 4:227) yoo ibsu:"*The use of tape recorder is vital for conducting interviews,not only does it record the essential data,it permits the interviewer to consentrate on the process of listening,interpreting and refocusing the interviewer*."Akka yaada hayyuu kanaatti,afgaaffiif mee shaa waraabbii fayyadamuun odeeffanno qorannichaaf murteessaa ta'e walitti qabuu qofa osoo hin taane,miira guutuun dhageeffachuuf,qaaccessuufi irra deebi'anii xiinxaluuf gargaara.

Walumaagalaatti namoota akka iddattootti filataman walitti qabuun gaaffiwwan"Itti Fayyadama Afaanifi faaruu Oromoo Muuda dirree Shibbaash Moominaatti keessatti:Naannoo Oromiyaa Go-dina Arsii Aanaa Gunaatti"jedhu gaafiwwan qorannichaa dhugoomsuu danda'an hunda gaafa-chuun qorannoon hojjatameera.

### 3.3.2. Marii Garee

Ragaalee quubsaa qorannoo tokkoof barbaachisu meeshaalee qorannoo muraasaan argachuun rakkisaadha.Kanaafuu,gaaffiiwwan qorannoo kanaaf bu'uura ta'an gareedhaaf qopheessuun mur teessaadha.Yaaduma kana David (2004:230) yemmuu ibsuu, "*Focus group can be alow cost way of collecting data,but require aconsidreble amount cooper- tion and enthusiasm from partcipants"*Akka yaada kanaatti afgaaffiin garee xiyyeeffatame karaa baasii gadaanaatiin odeeffannoo walitti qabachuuf hedduu gargaara.Itti fayyadama Afaanifi faaruu Oromoo muuda dirree Shibbaash Moominaatti maal akka fakkaatufi faayidaa isaa gadi fageenyaan mari'atani jiru.Faayidaan marii garee isa namni tokko beeku namni biraa hin beeku.Kan tokko dagate inni biroo yaadachiisuun yaanni yookkiin mariin dagaaguu danda'a.Kanaafuu,odeeffannoo gahaafi amansiisaa ta'e argachuuf mala kanaan qorataan odeeffannoo kennamuun yaadannoo qabachuufi suursagaleen waraabuun funaannamee jira.

### 3.3.3. Daawwannaa (Observation)

Daawwannaan meeshaalee ragaan itti funaannamu keessaa isa tokko ta'ee,odeeffannoo jalqabaa (primary data) qorannoo tokkoof barbaachisu ittiin walitti qabuuf gargaara.Haala kanaan qorattichi lafa odeeffannoo gahaafi amansiisaan afgaaffii dhuunfaafi marii gareetiin argachuun rakkisaa ta'etti itti fayyadama afaanii muuda keessatti maal akka fakkaatufi akkamitti akka itti fayyadaman,akkasumas faaruu faarfamu keessatti faayidaan isaa maali? jechuun xiinxalamanii jiru.Itti fayyadama afaanifi faaruu Oromoo muuda Dirree Shibbaash Moominaa keessatti namo onni amantaafi afaan gara garaa qaban iddoo tokkotti walitti dhufuun sirnicha haala ho'aa ta'een gaggeessuu isaanii daawwatamee jira.Kaayyoon daaawwannaa inni guddaan deebii afgaaffiifi marii gareetiin argame caalatti nimirkaneessa waan ta'eef, wanti namni hojjatu adda adda ta'uu danda'a;waan namni dubbatus waan namni hojjatu irraa adda.Daawwannaan immoo odeeffannoo qoran noo tokkoof bu'a qabeessafi qabatamaa taasisa. Meeshaalee waraabbii ilaalchisee hayyuun David E.(ibid:326) yemmuu ibsu: "*In adition to text,photographers,or other visual data such as video or film recording are olso source of qualitative data*."

Akka yaada kanaatti barreeffamootatti aansee suuraawwan yookiin odeeffannoowwan ilaallaman kanneen akka vidiyoo yookiin suursagaleewwan adda addaa waraabuun daawwtamanii jiru. Haaluma kanaan qorattichis itti fayyadama afaanifi faaruu Oromoo muuda dirree Shibbaash

Moominaa keessatti:godina Arsii aanaa Gunaati maal akka fakkaatufi maaliif akka fayyadaman jamaa keessatti hirmaachuun xiinxalamanii jiru.

## 3.4. Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorannoon kun mala qaaccessa ragaalee akkamtaa kan fayyadamu yemmuu ta'u, kunis odeeffannoo akkamtaa gaafffiwwan akkamitti? Maaliif Jedhuuf deebii kennuuf kan tattaaffatuufi dhimmoota qorannoo keessatti ka'an hunda jechaan kan ibsuudha.Yaada kana David E.G (2004:346) yoo ibsu:*"The main focusof qualitative research is to understand the ways in which people act and accounts that people give for this actions."*

Yaada hayyuu kana irraa kan hubatamu, xiyyeeffannoon guddaan mala akkamtaa,ummanni waan tokko gochaan agarsiisan hubachuufi itti gaafatamummaa hawaasichi gochoota raawwataman kanneeniif qaban xiinxaluuf akka ta'e agarsiisa.Sababa qorattichi mala akkamtaa filateefis dhimmoota qorannoo keessatti ka'uu malan namoota ragaa kennan yookiin odimootafi hawaasa keessatti hirmaachuun itti fayyadama Afaanifi faaruu Oromoo muuda keessatti maal akka fakkaa taniifi maaliif akka fayyadaman keessatti hirmaachuun odeeffannoon sassaabbamuun qaacceeffa mee jira.

## 3.5. Naamusa Ogummaa

Hojiin qorannoo kanaa yeroo adeemsifamu bifa seera qabeessaafi naamusa qabuun kabaja hawaasaa eegee raawwate. Fkn yeroo qorannoo kanaaf afgaaffiifi daawwannaan dirree muuda keessatti taasifame, bifa aadaafi safuu hawaasichaa eegeen, mirga isaanii kabajeen akkasumas yeroo suuraafi vidiyoo eeyyama gaafachuun fedha isaaniitiin fudhatamee jira. Kanaafuu, waraabbii sagaleefi suuraa irratti fedhii isaaniitiin odeeffanoo qabatamaa barbaadamu akka kennan fedhii isaanitiin taasifamee jira jira.

Dhuma irratti xalayaa seera qabeessummaa gaafataniifi osoo hingaafatin odeeffannoo warra kennan maraa galateeffachuun xumuramee jira. Bifa naamusa qabuun haala olitti ibsameen qorannoo adeemsisuun adeemsa sirrii ta'uu kan nuuf mirkaneessu yaada V.Kahnfi W.Best (2005:347) dhiyeessaniidha.

> *Psychologist accord aproprate respect to the fundamental right, dignity, and woth of all people.The are aware of culture, individual, and role difference, including those due to age, gender, race, ethinicity, national origin ,sexual orientation, disability language and socio economic status*

# BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE

## 4.1. Itti Fayyadama Afaanii Sirna Muuda dirree Shibbaash Moominaatti

Muunni bakka namoonni amantii,aadaa,umrii,saala,afaan,ilaalcha,beekumsa,fedhiifi iddoo adda addaa irraa walitti dhufuun bakka kabajamuudha.Kanaafuu,qorattichis mala daawwannaa,afgaaf-fiifi marii garee taasisuun qaaccefamanii jiru.kanaafuu,haaluma kanaan qorattichis maloota kana fayyadamuun akka hubatetti afaan gosa lamaatu iddoo kanaatti tajaajila irra oola.Afaanonnikunis ,afaan Oromoofi afaan Amaaraati.Afaanonni kunis itti fayyadamarratti hunda'uun garaagarum-maa adda addaa qabu.Garaagarummaan kunis,garaagarummaa loqodaati.Garaagarummaan loqo daa kunis sadarkaa sagaleefi jechaatti uumamuun kan tajaajilamaniidha.Sababni garaagarummaa loqodaa kunis uumameef,namoonni yookiin jamaan iddoo adda addaa irraa waan dhufaniif loqo-da mataa isaanitti fayyadamu.Fakkeenyaaf,jamaan tokko tokko 'niyyaa' yoo jedhan,isaan biroo immoo 'fedhii'jedhu.Kana malees,'hadraan darra'e' yoo jedhan isaan biroo immoo'hadraan ho'e'jechuun itti fayyadamu.Haaluma kanaan,haalli itti fayyadama afaanii faaruu armaan gadii keessatti bal'inaan ibsamee jira.

## 4.2. Itti Fayyadama Afaanii Faaruu keessatti

Faaruun sirna muudaa dirree Moominaatti/Gunaa Gannateetti yookiin iddoo muunni kabajamutti ergaawwan adda addaa kanneen akka eebba,abaarsa,qeeqa,galata,simannaafi kan kana fakkaatan ittiin dhaamachuuf jamaan/salaamoon kan faarsudha.Dirree kanatti faaruuwwan Afaan Oromoofi Afaan Amaaraan`walkeessaa makuun haala ho'aa ta'een ni faarfama.Dirree muudaa kanaatti namni kamiiyyuu lafaa ka'ee faaruu faarsuu hin danda'u.Namni faaruu kana faarfatu kennaa addaa Moominaan eebbistee kenniteefi malee,namni kamiyyuu lafaa ka'ee ni faarfata jechuu miti. Faaruuwwan kunniinis itti yaadamee ogeessan walaloon qopha'ee kan faarfamu miti.Namni faaruu kana faarsuu danda'an ta'eewwan battala sirna muudaa keessatti ta'an hubachuun/ilaaluun faarfatu.Namni faaruu kana faarsuus ulee jedhama.Faaruwwan kun ergaa/dhaasa adda addaa qa-bu.Ergaa/dhaamsa isaanillee akka armaan gadiitti ibsamanii jiru.

### 4.2.1. Jamaan Yookiin Salaamoon Dirree Muudaa Gahu Faarfatan

Dirree muudaa kanatti namoota/jamaa baay'eetu sirna kana kabaja.Iddoo kanatti jamaan/salaamoon faaruwwan adda addaa jechuun qubatu.Faaruwwa kanas qorattichi akka armaan gaditti qaaccessee jira.Faaruwwan kunis nagayaan deebi'uufi qabeenyi isaanii du'ayii karra kanaatiin argamuu isaa akkasumas rakkoo tokko malee deebi'uu isaanii faarrudhaan akkas jechuun ibsu.

Waabilewoo waabilewoo
Imaanaa dhaamiyewoo,
Yaa dirree Moominawoo
Nagaan deebinewoo.
Muunni dhufee safaree gooba guutee
Mazaazaa (bakka) karraa koree
Salaamaleyikum abbaa nu horee.

Jechuun iddoo tokkotti baay'innaan tuucha'anii nagaa gaafachaa gara iddoo isaanii qopha'etti boqatu.

### 4.2.2. Jamaan Dirree Mudaa Gara Manaatti Yoo Deebi'u Faarfatan

Iddoo kanatti jamaan yemmuu seenuu/dhufuufi gara manaattis yemmuu deebi'u sirnaafi adeemsa mataa isaa qaba.Adeemsifi sirni kunis jamaan yeroon galli isaanii gahu yeroo barbaadanitti ka'amee hin galamu.Sababni isaas abbaan karraa yookiin wayyuun salaamoo/jamaa eebbisanii niyyaan isaanii akka milka'uuf hawwiifi fedhii qaban ibsuuf. Eebbifi gaggeessaan abbaa karraa kanaas nagayaan bakka dhufanitti akka isaan galchu waan amananiif eebbafi gaggeessa isaanii malee galuu hin yaadan.Jamaanis gara mana isaa deemuuf qalbiin yemmuu kakaatu,muddama isaanii ibsachuuf faaruwwan adda addaa faarfachuun dhaamsa isaanii dabarsu.Faaruwwan kunis akka armaan gaditti ibsamanii jiru.

Abbaadafoo daddafoo
Nugaggeessaa ni gallaa,
Gaggeessaan keessan
Nama geessaa warraan.
Abbaa dafoo daddafoo
Nugaggeessaa akka hin oollee
Umrii nu dheeressaa.

Jechuun faaruu kanaafi kan kana fakkaatan faarsuun hadraa ho'isanii fedhiifi jaalala isaanii ibsatu.

### 4.2.3. Faaruu Kadhannaaf Faarfatamu

Dirree Gunaa Gannateetti sirna muuda kana irrtti namoonni amantiin,saalaan,umriin,beekkumsaanfi kan kana fakkaataniin osoo walhin qoodin bakka itti hirmaataniidha.Namoonni kunisdhimmaafi niyyaa adda addaa waan qabaniif,niyyaan isaanii kunis akka milka'uuf faaruu keessatti ni ibsatu.Kanaafuu gosti faaruu kanas faaruu kadhannaa jedhama.Faaruu kanas akkas jechuun faarfatu.

Imimmaan ija guutee
Sitti bo'aa jamaa jala seenee.
Kennaa  abbaa,kan dhabduun dhungateenii
Gaafa jaafaar aduun dubbateenii.
Sheeka bineensi wayyee
Ana laalaa juzaamatu fayyee.
Kennaa abbaan,ariitiin deessisewoo
Sheeka moolaan dhaama teessisewoo
Madaafni kee dhahu lafee hin hambisuu
Kan madaa jaalalloo fayyisuu.
Kaluu dhiisee gadab asaasaa fidee
Warra sheekni gidee irraa fixee.
Yaa shafilee baguma wal-geettanii
Hikmaa abbaa dafoo dhageettanii.
Yaa ulfaatu,warri sinnuu ulfeesse
Sheeka moolaan,afuura urgeessee.

### 4.2.4. Yemmuu Wareega Kennan Faarfamu

Dirree sirna muudaa kanarratti kennaawwan/wareega adda addaatuu gaggeeffama. Wareegnni kunis adeemsafi sirna mataa isaa qaba.Sirni kunis,namoonni silata/wareega qabatanii dhufan kanniinis faaruu isaanii keessatti akkaataa itti wareega isaanii kennatan ni ibsatu.Akka fakkeenyatti qorataan armaan gaditti ibsee jira.

Foo'ee kiinnoo ,warri isiniin horeewoo
Irraa qeebali Shibbaash Moominawoo.

Jechuun ergaa isaaniidhaamu.Hiikni isaas jamaan isin qabeenya hortaniif yookiin kadhannaa/du'a'ii isaanitiin akka argatanitti amanuun yaada isaanii ibsatu.

### 4.2.5. Faaruu Araaraaf Faarfamu

Daabaayeen karaan lamaa
Sheekawoo isin nuu araaramaa.
Yoo tolu illee,yoo lolu illee hin turuwoo
Torba nu laalu malee hin buluwoo.
Shananoon gariin,yoo harka naballeesse
Haadha tee Ashiyyaan sitti dheessee,
Aashaa Nuuraa torba deessee ijoollee
Ka torbeessu Jamaal dhamoolee.
Quxbiin torbaa,torbanuu jaawwiin dhufaa
Baaba Rabbiin bane maaltu cufaa.

### 4.2.6. Namoota Dirree Muudaa Bareechaniif Faarfamu

Ni deebisa abbaa Rabbi deebisee
Gandi  keessan dirree bareechisee.
Jajuu abbaa waan dhufaa
Maal dubbate nuurri kee booru narraa mul'ataa.

### 4.2.7. Faaruu Yeroo  Qaabsoo Faarfamu

Gaafa dalloo wambadee qarqii ta'ee
Yoo madaafni abbaa biyyaa bahee,
Hin hiikkanne boombiin gaafa muloodee
Kalqiin daawwatee waan ati gootee.
Gaafaa dalloo,dalloomee itti fiigee
Akka gaafa hullee gaara diige,
Abbaan dafoo boombii godhee waan fafaa
Ijoollee tikaatu guure lafaa.
Nu duraanuu haxirii teessan jirraa
Hiixatanii hin ilaalan irraan.
Abbaa dafuu,tokkaashiin Ashuun deettee
Dhaadata keenna gizeen geettee.
Madaafni kee xiyyitii kuma nyaataa
Abbaa feetetti zaayira baata.

### 4.2.8. Faaruu Dhufa Muudaa Himu

Tolu boora,lolu leenca yaabbatee
Shananoon sheeka salaamaa gaafatee.
Guutuu dhufee,guutamaa biraa galaan
Warrummaan isin muuduu jaalalaan.
Muunni dhufee gooba karraa guutewoo
Shibbaash Moominaa ka jiilli muudewoo.

## 4.3. Faayidaa Afaanii sirna Muuda dirree Shibbaash Moominaatti

Dirreen muudaa Shibbaash Moominaa kun dirree itti aadaan adda addaa itti adeemsifamuufi siirnoonni gara garaa itti raawwwatan,akkasumas ogafaanonni haala adda addaan bakka itti ogummaa isaanii itti calaqqisiisaniidha.Kana malees,jamaan adda addaa iddoo gara garaa irraa muuxannoofi danddeettii heddu qabatee waan dhufuuf bakka itti aadaa,Afaaniifi aadaa gochaan agarsiisuu itti cimsataniidha.Wa'ee aadaa Afaaniin daddarbu ilaalchisee Muhaammad Hasen (1990:16) qorannoo Mokonnin Raggaasaa keessatti akkas jechuun ibsee jira.

> *The importance of oral traditions in the historical reconstruction of Oromo people as follows: The Oromo of oral arts provides us with ample(gahaa) information about the entire(guutuu) society including the myths from God's attributes through the relation of God to man to the complementary aspect's of man's relation to him*, jechuun ibsee jira.

Yaanni kun yemmuuu ibsamu,hawaasa Oromoo keessatti ogummaan aadaa Afaanii odeeffannoo gahaa waa'ee hawaasa hundaa,akkasumas waa'ee seenaa durii,walitti dhufeenya namaafi Waa-qayyoo gidduu jiru kan ittiin ibsatanii kan jedhu ta'a.Faayidaa itti fayyadama afaanii muudaa keessatti akka dirree Gunaa Gannateetti (Shibbaash Moominaatti) akka armaan gaditti dhiyaata-nii jiru.

Kana malees,afaan walqunnamtii namootni jiruu isaanii guyyuu keessatti taasisaniif bu'aa olaana a qaba.Kanaafuu,haalli itti fayyadamni afaanii muuda keesatti kallattii adda addaatiin eenyummaan namootaa akka mul'atuuf shoora olaanaa akka qabu mala funaansa raga daawwannaatiin dhimma bahuun ilaallamee jira.Itti fayyadamni afaanis,namootni dandeettii gara garaa qaban kallattiiwwan adda addaa irraa waan dhufaniif haalli itti eenyummaan isaanii calaqisiisuus akkasuma adda adda.Eenyummaan namoota kanaas karaa dandeettiiwwan afaaniitiin,sadarkaa barnootaan,saalaan,umriidhaan,loqodaan,amalaan,fedhiin,uffannaan,aadaanii fi kan kana fakkaaniin akka mul'atu ilaallamanii jiru.Kanaafuu,haala armaan olii kanarratti hunda'uun enyummaan namootaa akka mul'tu qorannoo kana keessatti ilaallamee jira.

### 4.3.1. Faayidaa Walbaruufi Muuxannoo Waljijjiiruu

Qorataan akka daawwannaa dirree kanatti taasiseen,dirree kanatti jamaan kallattiiwwan adda addaa irraa dhimmoota adda addaatiif karaa dheeraa/fagoo imala taasisuun iddoo kanatti argamu. Jamaawwan kunis namoota Afaan,aadaa,ogummaa,dandeettii,ilaalcha,amantaa,umrii,saala,fedhii fi kan kana fakkaatan hunda of keessaa qabu.Kanaafuu namoonni kun yeroo turtii isaanitti sirnoota gara garaa waliin raawwatu.Adeemsa kana keessatti walbaruun ni taasifama. Kana malees, adeemsa walbaruu keessatti immoo waliin haasa’uun, taphachuun, faaruu adda addaa faarfachuun, muuxannoo jiruu isaaniifi kan kana fakkaatan waliin dhimma bahu waan ta’eef fayidaa olaanaaqaba.

### 4.3.2. Faayidaa Walamanuufi Walsimachuu

Dirree kanatti namoonni yookiin jamaan dhufu cubbuufi miidhaa garagaraa hin raawwatu jedhamee waan amanamuuf walamantummaa olaanatu mul’ata.Walamantummaan kunis jamaa keessatti jaalalli kallattii adda addaan akka uumamu taasisa.Jaalalli kunis jamaan jiruu isaa boruu keessatti jamaawwan adda addaa kana waliin ija firummaan akka walilaaluuf sababa ta’aaf.Kana malees,dirreen kun cubbuu dalaguun, safuu eeguu dhabuun, waljibbuun, walqoqqooduun, walarrabsuun, walxiiqeffachuun, soba raguun,araara diduun,saamuuniifi kan biroos barbaachisaa akka hin taanetti waan barsiisaniif jiruu jamaa isa boruutiif bay’ee barbaachisaa akka ta’e qorattichi mala afgaaffiifi daawwanaatiin gatii olaanaa akka qabu sirna muudaa irratti mirkaneeffatee jira.

### 4.3.3. Mallattoo Walqixxummaafi Tokkummaa

Karra kanatti jamaan eenyummaafi maalummaa garagaraa qaban,waggaatti si’a sadi bakka itti walgahaniidha.Dirreen kun bakka itti wallaalaan,beekaan,qabaataan,dhabaanifi amantaa garagaraa qaban waldanda’uun walqixxummaafi tokkuummaadhaan walta’anii akka waliin jiraataniifi ilaalcha tokko akka horataniif,akkasumas akka ummata tokkootti akka yaadan,fedhii waliinii akka horatan,obbolummaaf jaalala walii akka cimsatan isaan gargaara.Jaalalaafi kabajaa, tokkummaaf obbolummaa ummattota adda addaa gidduu jiru daran cimsa. Haalli akkanaa kunis biyya tokkummaa dhugaa irratti fedhiifi jaalala walii irratti hundoofte ijaaramte uumuufis ta’ee guddina ariifachiisaa fiduuf gahee guddaa qaba. Kanaafuu dirree kanatti namoonni sadarkaa

isaanitiin osoo gargar hin bahin bifa walqixxummaafi tokkummaa qabuun keessatti hirmaataniidha.

### 4.3.4. Tajaajila Walgargaaruu

Aadaa hawaasa kamiiyuu keessatti walgargaaruun kan baratameedha.kanaafuu dirree muudaa kanaatti jamaan haala adda addaa keessatti waliif birmata.Fakkeenyaaf dirree muuda kanaatti jamaan wantoota nyaatamaniifi dhugaman kanneen akka galaafi buna namoota harka qalleeyyii ta'aniif wanta qaban irraa hiruun tajaajilli ni taasifamaaf.Kana malees,namoota gargaaramuu qaban kanneen akka harka qalleeyyii,dhibeen dararaman,idaan itti bahe,saamamaniifi kan biroos waliif rifachuun wal gargaaru.Kunis kan ta'uu danda'u,jamaan haala safuufi sansaka hawaasaa eegeen afaan isaanitti fayyaadamuun dhimma bahu.

### 4.3.5. Iddoo Araaraa

Ilmi namaa akkuma waljaalatu waljibbiinsifi waldhabbiin adda addaa ni uumama.Waljibbiinsifi waldhabbiin kunis yeroofi iddoo adda addaatti furmaanni ni taasifamaaf.Waldhabbiin kunis sadarkaa namoota adda addaa giddutti ni uumama.Sadarkaan namootaa kunis nama barate,nama hin baranne, hiyyeessa,dureessa,guddaa,gosaafi gosa,xiqqaa,dhiira,dubra,jaarsa,dargageessafi kan kana fakkaatan giddutti uumamuu danda'a.Nmoonni kunis guyyaa muudaa dirree kanatti imaluun walhimatu.Kana booda hayyuufi wayyuun akkasumas shananoowwan sirna kana hogganan jamaa walitti qabuun,kan waldhabddan,kan walitti mufattan waliif dhiisaa Rabbi isiniif haa dhiisuu,kan walcinaa jirtan waliif dhiisne Rabbi nuuf haa dhiisu jedhaa walitti tufaa jechuun wanta badaa onnee isaanii keessatti gadeeffatan akka baafatan taasisu. Kana booda kan walitti mufate mufii isaanii dhiisuun waliin nyaatanii waliin dhuguu jalqabu.Kanaafuu dirree kanaatti tajaajilli kuniifi kan kana fakkaatan raawwachuun faayidaa kenuu isaa xiinxalamee jiraj.

## 4.4. Adeemsafi Yoomeessa Sirna Muuda Dirree Shibbaash Moominaa

### 4.4.1. Adeemsa Sirna Muuda Dirree Shibbaash Moominaa

Haala itti muunni Dirree Shibbaash Moominaatti jalqabe ilaaluun duratti dubartii dirree kanatti muunni akka eegalu taasiste waa'ee Shibbaash Moominaa ilaaluun gaariidha.Seenaa dhaloota Shibbaash Moominaa 2.1.jalatti bal'inaan ibsamee jira.Haa ta'u malee,seenaa bal'aa Shibbaash Moominaa ibsamee keessaa dirree kanatti muunni akkamitti akka jalqabame gabaabinaan ibsa-mee jira.

Shibbaash Moominaan walloo keessa bakka yejjuu jedhamutti dhalatte.sana booda gara Harar,Aa naa Ciroo nama  awuliyaa Baar Alii jedhamutti galuun kaaddaamii (gargaartuu) isaa ta'uun yeroo dheeraa isa bira turte.Kana booda shibbaash Moominaa erga guddatteen booda namni Awuliyaa kun Shibbaash Moominaan Awuliyaan waan irra qubateef gara  Arbaa guuguu Aanaa Gunaa deemuun akka tajaajiltu eebbisanii itti tuttufuun ergan.Sana booda Shibbaash moominaa Aanaa ciroo irraa ka'uun imala dheeraa gochuun yeroo dheeraaan booda Aanaa Gunaa ganda Gunaa qubatan.Sana boda nama yeroo sana naannoo sana bulchu Abeebee Tufaa kan jedhamuun bakka sigaajjaa buufadhu naaf kennaa jechuun gaafatte. Gaaffin ishees deebii argachuun lafti kennameef.Namoonni tokko tokko Shibbaash Moominaa nama Awuliyaa ta'uu ishee beekan.kana booda namoonni baay'een iddoo kanatti  deemuun eebbifi kadhaan adda addaa adeemsifamuu eegalame.Moominaa Shibbaash biyya kanas baay'ee waan jalatteef,amaariffaan "Biyyi kun gannata"jette.Hawaasni naannooo sanaas jech isheen jette irraa ka'uun gannatee jechuun maqaan moggaaffameef.Kana irraa ka'uun gunaatee jedhamee hafe.Kana booda shibbaash Moominaa iddoo sanaatti humana jamaafi namoota naannoo sanaatiin ijaarrame.Kana booda hawaasni naannoo sanatti argamaniifi iddoo fagoo irraa jiran imala dheeraa taasisuun kan dhibame dhibee isaaf,kan hiyyoome hiyyummaa keessaa bahuuf,kan nageenya dhabe nageenyaafi kan kana fakkaataniif iddoo itti kadhannaan taasifamuu ta'e.Kanuma irraa ka'uun iddoon kun dirree muudaa ta'uun muunni eegale jechuun himama.Haaluma kanaan yeroo ammaas direen kun dhalootaa dhalootatti daddarbuun yeroo ammaas haala ho'aa ta'een kabajamaa akka jiru  odeefkinnitoonnii ni himu.

### 4.4.2. Yoomeessa Sirna Muuda Dirree Shibbaash Moominaa

Dirree Shibbaash Moominaatti yookiin Gunaa Gannateeti muunni waggaa keessatti si'a sadi kabajama.Ji'oonni itti kabajamus,Onkololeessaa 19,Muddee 19fi Caamsa 19 haala ho'aa ta'een kabajama.Ji'oonni kunis sababa itti filataman qabu.Sababni kunis,jinni Muddee guyyaa dhaloota Shibbaash Moominaati. Caamsi 19 guyyaa hacuuccaan adda addaa irratti taasifameedha. Hacuuccaan kunis guyyaa kanatti Shibbaash Moominaa masgiida ishee keessatti karra itti cufuun ibidda itti qabsiisan.Haa ta'u malee,Shibbaash moominaa battala kanaatti kitaaba qulqulluu hammattee utubaa irratti maramte.Xumura irrattis masgiinni erga gubatee dhumeen booda Shibbaash Moominaanifi utubaan isheen itti maramte osoo hin gubatin hafuun lubbun ishee baraarame jechuun odeefkennitoonni ni ibsu.kanarraan kan ka'e,guyyaan kun kabajama.Ji'a

Onkololeessa keessa immoo guyyaa amrii taate  yookiin duutedha.Kanarraan kan ka’e muunni dirree kanati kabajamu ji’ootafi guyyoota kana irraa jijjiiruun hin danda’amu.Haa ta’u malee,muunni iddoo adda addaattis kabajamu hundi walfakkaata jechuu miti.Fakkeenyaaf Mokonnin Raggaasaa waa’ee yoomeessa muuda Dirree Sheekhuseenii qoranno isaa keessatti akkas jechuun ibsa.“Muunni dirree Sheekhuseenitti waggaa keessatti si’a lama qofa gaggeeffama.Isaanis yeroo zaaraafi hajjii keessa muudama”jechuun ibsa laata.Kanaafuu dirree Sheekhuseenitti  muunni kun ji’a dhaabbataa ta’e hin qabu jechuudha.Sababni isaas bahuufi goobanuu ji’aarratti bu’ureeffata waan ta’eefi.

## 4.5. Qooddattoota Muuda Dirree Shibbaash Moominaa

Akka maanguuddoonni adda addaa fakkeenyaaf H/kullii H/Aadam,Muuhaammad Aliyyii, Kaab-boo faanti akka ibsanitti:Muunni bakka hawaasni bal’aan,sabaaf sablammiin adda addaa amantaa n,saalaan,umriin,beek- kumsaanfi kan kana fakkaateen osoo wal-hin foo’iin walgahuun bakka itti waaqayyoon kadhataniidha.Kana malees,hawaasni bal’aan iddoo kanatti walqunnamuun kan qabeenya  dhabe,kan fayyaa dhabe,kan ilmoo dhabe waa’ee nageenya biyyaafi dhuunfaaf iddoo itti kadhannaan taasifamuudha.Muunni yemmuu adeemsifamu seera,haala,iddoo,abbaafi sirnoota achi keessatti raawwatan adda addaa kan mataa isaa danda’e qaba.Hirmaattonni sirna muuda dirree Shibbaash Moominaa keessatti mul’atan kuniinis  akka armaan gadiitti  ibsamanii jiru.

### 4.5.1. Hayyuu

Hayyuun beekaa hawaasni hawaasa keessaa filachuun sirna Gadaa hoogganu abbaa muudaa jedhama.Gaheen isaa sirna kana keessatti ta’eewwan ta’an hunda qajeelcha.Namoonni adda addaa fedhii adda addaa qaban yaada isaanii ibsachuun ni eebbisu.Nama waltti mufates ni araarsu.Jamaa isaaniis  ija tokkoon ilaaluun nama gargaaramuu qabu loogii tokko malee akka gargaaramu ajaja dabarsuu.Hojiirra oolmaa dhimmoota kanaas ni hordofu.walumaagalatti huyyuun  sirna kana keessttii rakkoo hawaasaa muudatu,safuufi hawwama (nama seera jallisuufi safuu hawaasaa) hin kabajne kan to’atuudha.Kanaafuu,qabiyyee kana keesatti hayyuun ogafaanota adda addaa kanneen akka: eebbaa,balaleeffannaa (nurraa qabii),abaarsa,kadhannaafi kan kana fakkaatan haala dubbiifi faaruudhaan jamaaf ergaa isaanii dabarsu.

### 4.5.2. Wayyuu

Wayyuun kan namni filatu osoo hin taane Waaqayyoo dandeettii kenneefii kan uumedha jedhu. Dandeettiin kunis rakkoo ilma namaa qunnamuuf furmaata kennuu kan danda'uudha.Rakkoo ilma namaa kallattiidhaan kan Waaqayyoon walqunnamsiisaniifi kadhannaa taasisuun Rabbinis kadhannaa isaa kana dhaga'uun battallutti furmaata kennuu kan danda'uudha.Wayyuun Kan dhabeef dhaba isaa, kan gaddeef gadda isaa, kan dhibameef dhibee isaafi kan kana fakkaatniif du'ii kan taasisuudha.Walumaaga latti qorataan qorannaa isaaa keessatti odeefkennitootaa irraa afgaaffii taasisun akka hubatettifi daawwannaa taasisee ilaaleetti muunni dirree hawaasni sadarkaa jireenyafi sadrkaa barnootaa adda addaa keessa jiraatan osoo walhin qoodiin dirree muudaa|iddoo jilaa kanatti argamuun uumaa isaanii bakka itti galateeffataniifi kadhataniidha.

### 4.5.3. Shananoo

Shananoo jechuun sirna muudaa keessatti jalqabbii irraa kaasee hanga ayyaanichi goolabamutti kan haala miijessaniifi ta'eewwan adda addaa kan hordofaniifi kan seera qabsiisaniidha. Shnanoowwan kun aangoofi abbaa mataa ofii qabu.Muunni maruu shananoo mataa ofii qaba.Shananoowwan kunis gahee hojii mataa ofii qaba.Gaheen hojiilee shananoo kanaas akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

#### 4.5.3.1. Kan Faaruu Faarsisu

Shananoon kun jamaa waliin ta'uun faaruu faarsuufi faarsisuun hadraa ho'isu.Faaruwwan faarfaman kunniinis ergaa yookiin dhaamsa gara garaa qaba. Faaruwwan kunniinis kanneen akka faaruu,Eebbaa, abaarsaa, galataa, gootummaa… kan kana fakkaatan faaruun faarfama.

#### 4.5.3.2. Shananoo Waan Muudaaf Dhufe Raabsu

Shananoon kun salaamoowwan yookiin jamaawwaan iddoo adda addaa dhufan kunniin waan nyaatamuufi dhugamu akkasumas wareega,jimaa,bunaafi kan kana fakkaatan loogii tokko malee kan raabsaniidha.Kanaafuu iddoo kanatti kan beela'e kan nyaatu,kan dheebote kan dheebuu bahu,kan dare kan daara bahu,kan idaa qabu kan kafalaniif,kan dhukkubsate kan wal'aanamufi kan kana fakkaatan gargaarsi waan taasifamuuf shananoon kun namoota kanaaf haala walqixa ta'een gargaarsi akka taasifamuuf tajaajila kenna.

#### 4.5.3.3. Shananoo Waa Eegu /To’atu

Shananoon kun ta’eewwan muuda keessatti raawwatan hunda kan eegu yookiin kan to’atuudha.shananoon kuni wantoonni inni eegu keessaa kanneen akka;nageenya dirree sanaafi jamaawwan yookiin salaamoowwan iddoo kanatti argaman hunda eeguu dhuunfata.Kana malees qabeenyawwan muudaaf dhufan hunda loogii malee raabsamuu isaanii eega/to’ata.

#### 4.5.3.4. Shananoo Wareega Fuudhufi Eegu

Akkuma beekamu dirree muudaa kanatti qabeenyi adda addaa bifa wareegatiin ni kanama.Qabee nya keennamu kanatu wareega jedhama.Wareegni kennamu kunis abbaa fuudhufi eegu qaba.kan aafuu shananoon kun qabeenyi kennamu hundi osoo hin qisaasa’iin abbaa karraaf yookiin wayyuuf kenna.Wayuunis qabeenya fuudhan kana haala walqixa ta’een namoota dirree sanatti tajaajila adda addaa kennaniif ni raabsama.Walumaagalatti shananoon kun qabeenyawwan kana fuudhee kunuunsuun eegee qaama dhimmi ilaaluuf kan dabarsee kennuudha.

#### 4.5.3.5. Wayyuu /Abbaa Karraa

Dirreen muudaa kun abbaa isa bulchuufi hogganu qaba.Abbaa kanutu wayyuu jedhama.Way-yuun kan hawaasni ofii filatu osoo hin taane kan Rabbii namaaf dhaabudha.Wayyuunis nama Awuliyaati.Kanaafuu,shananoowwan kunniin Wayyuu kanaan hogganamu.Shananoonis qabee-nyawwan kennaman kanniin wayyuutti dabarsee kenna.Gaheen wayyuus ta’eewwan ta’an hunda odeeffannoo shananoo irraa fuudhuun wanta ta’uu qabu hunda kan qajeelchaniifi bulchaniidha. Walumaagalatti wayyuun abbaa Awuliyaa ta’uun yookiin abbaa karraa ta’uun jamaawwan dirree sanaatti argaman hundaaf itti gaafatamummaan tajaajilu.Kanaafuu shananoowwan kunniin niyyaa jamaa dhaggeeffachuun wayyuuf dhiyeessu. Wayyuunis jamaa hunda walitti qabuun wanti yaaddan,hawwitan,feetaniifi kan biroos jechuun eebba laatuf/kennaniif.Kana malees wayy uun dhimmoota biyyummaa ibsan waa’ee nageenyaafi tasgabbii adda addaa jamaawwan iddoo sanatti argaman hundaaf barumsa kennuun akka ciman dhaamsa dabarsu.Jamaanis ergaa isaanii kana fudhachuu bakka jiranitti hojii irra oolchu.Kana malees yemmuu biyyi nageenyafi tasgabbii dhabu,yeroo hongeen baay’atufi kan kana fakkaatan uumaman dirree jilaatti bahuun kadhannaanfi gorsi adda addaa ni taasifama.

#### 4.5.3.6. Jamaa/Salaamoo

Hawaasni adda addaa amantaan,saalaan,umriin,qabeenyaan,sadarkaa barnootaaniifi kan kana fakkaataniin osoo wal hin foo'iin uumaa isaanii bakki itti kadhatan muuda jedhama.Namoonni iddoo muudaa kanaatti itti gaafatamummaan to'atan yookiin bulchan shananoo jedhama.Gaheen shananoo ta'eewwan iddoo kanatti raawwatan hunda to'ataniifi kan seera qabsiisaniidha. Wantoonni to'ataman kunis qabeenya adda addaati.Qabeenyi kunis qarshii,huccuu,hoolaa,re'ee , korma,midhaanifi kan kana fakaatan wareegaan kan galaniidha.Qabeenya kanas salamoo keessaa jaarsa yookiin nama dubbii beeku filachuun akkas jechuun wareega galfatu.

Wabiliyowoo imaanaa dhaamiyyowoo
Yaa diree moominawoo
Nagaan deebinewoo
Alamdululla'ii Rabbila'aalamii
Alamdululla'ii dirree naanniyewoo
Guutuu deebinewoo Moominawoo.

Jechuun niyyaan isaanii gahee milkiin deebi'uu isaanii faaruu kana faarsuun dhaamsa isaanii dabarsu.Kana booda shananoon wareegama kana akkas jechuun eebbaan irraa fuudhu.

Isinii dhaqqabee ammallee isiniif haa dhaqqabu
Fayyaa argadhaa
Daraaraa horaa
Dhalli keessan haa guddatu
Kan guddate haa beeku
Beekaan keessan haa bulu,

kanaafi kan kana fakkaatan jechuun abbaan karraa yookiin wayyuun wareega isaanii irraa fuudhuu.Namoonnii tuutaan yookiin gareen walitti gurma'uun dirree muudaa deeman kun salaamoo yookiin jamaa jedhamu.Salaamoon yookiin jamaan gara dirree muudaa kanatti osoo hin deemiin abbaan karraa yookiin wayyuun hoolaa,re'ee yookiin korma qopheessuun abbaan karraa yookiin wayyuuniifi manguddoonni filatamuun eebbi dabaree dabareen ni raawwata.Kana booda salaamoon yookiin jamaan kallatii adda addaa irraa deemee dhufe dirree muudaaf qopha'e kanatti qubatu.Bakki qubatan kunis dirree jilaa jedhama.Dirree jilaa kanatti salaamoon yookiin jamaan dura seenee jamaa itti aanee seenu tarree galuun faaruu simannaa adda addaa jechuun simatu.Salaamoon simatamus faaruu adda addaa faarfataa iddoo isaanii qopha'e qubatu.Salaamoowwan kunis nyaata|galaafi wantoota dhugamu dhugaatii adda addaa qabatanii dhufan hunda jaalalaafi tokkummaan waliif hiru.Kana booda jamaan bakka teesumaa kana muka

dhaabanii afaa pilaastikaa irrtti diriirsu. Keessa isaa immoo sigaajjaa yookiin afaa afachuun sirnoota isaanii dabarfatu.sirnoonni kunis eebbafi faaruwwan adda addaa faarfachuun sirnicha ho'isu.Iddoon jamaan keessa buluufi oolu miziraa jedhama.Miziraa kana keessatti jimaan ni qama'ama,bunnis ni dhugama.yeroo bunni danfuufi jimaan dhiyaatu eebba raawwachuun bunnis buufama; jimaanis qama'ama.qama'amuun duratti akkas jechuun eebbaan jimaa hiiku.

Yaa Rabbi kan nagaan nu oolchite nagaan nu bulchi/oolchi
Kan barana walitti nuqabde bara dhufus nagaayaan walitti nu qabi
Akka jimaa kana nagayaan hiiknetti rakkoof gadadoo keenya nurraa hiiki.
Yaa Rabbi jamaa milkii nu godhi…ameen! jechuun eebbicha goolabu.

Walumaagalatti iddoo kanatti qaamni hawaasa adda adda bakka itti uumaafi uumama isaanii itti kadhataniifi kan rakkate,kan deege,kan fayyaa dhabe,kan ilmoo dhabeefi kan kana fakkaataniif du'aayiin taasifamaafi.

## 4.6.Qabiyyeewwan Itti Fayyadama Afaanii Muuda Dirree Shibbaash Moomi naatti Mul'atan

### 4.6.1. Arraagaa

Akka manguddoonni naannoo sanaafi abbaan karraa ibsanitti,Arraagaan qaama muudaa keessaa isa tokko jechuun ibsu.Kun immoo aadaa duraan warri ShibbaashMoominaa itti amananiidhaAr-raagaan kunis wanta akka dibbeetti bocamee uffata bareedaadhaan galguun yookiin maruun guyyaa sirni muudaa gaggeeffamu sana naannoo sa'aa jahaafi walakkaatti shananoowwan keessaa namni qulqulina qabu masgiida wanti ulfoo kun keessa taa'u keessaa mataatti baattamuun gara alaa baha.Yemmuu kana jamaan achitti argamu hundi ililchaafi faarsaa gara dirree jilaatti gadi baha.yemmuu kana namoonni Awuliyaa,jaannii,ayyaana qabaniifi kan kana fakkaatan arraagaa kana marsuun iyyuufi dalaqsiisuun sirnichi haala ho'aan akka raawwatuuf gahee guddaa taphatu.Sirna kana booda abbaan karraa yookiin wayyuun namoota ayyana qabanis,kan jaanniin irratti qubattes kadhannaan taasifameefi akkas jechuun eebbisu.

Biyyi keenya nagaa haa ta'u
Mootummaa sireerra haa bulchu
Afaan wal-nuhaabarsiisu
Muunni muuda nagayaa haa ta'u
Kan baranaan nugahe bara dhufuun nagaan nuhaa gahu
Adda nu hin baasin

Kan dhibame haa fayyu
Kan qalbii dhabe qalbii haa argatu
Kan bultii dhabe bultii haa argatu
Kan ilma dhabe ilma yaa argatu,ameen!

…kanaafi kan kana fakkatan erga eebbisanii booda arraagoon gara masgiida keessaa bahetti jamaan jeekkaraa yookiin faarsaa galchu.kana booda jamaan bakka miziraa isaanitti hadraa ho'isu.Kanaafuu sirni muudaa haala kanaan ni raawwata jechuudha.

### 4.6.2. Faloo

Maalummaa falachuu ilaalchisee maanguddoon dhimma kana gadifageenyaan beekan H/kullii H/Aadamfi Muhaammad Aliyyii akka ibsanitti:

Falachuun adeemsa rakkoo uumame tokko hiikuuf adeemsifamuudha.Rakkoon kunis namni tokko yoo waajallatee uumame,balleessaa balleesse,yoo fujujame/abaaramefi kan kana fakkaatan yoo qunname faloon hiikkata.Namni sirna faloo kana adeemsisu Walanee jedhama.kanaafuu falachuun namni rakkate,uumamni jalaa jallatte,fujujame…walaneetti rakkoo isa qunname hunda himata.Kana booda walaneen rakkoo isaa erga dhaggeeffatee booda wantoota faloodhaaf barbaachisan itti hima.Abbaan dhimmaas wantoota itti himame hunda caqasee guyyaa beellamaa falachuun adeemsifama.Fakkeenyaaf namni fujujame/abaarame tokko nama nama isa abaare sana barbaaduun akka dhiifama isaaf taasisu nigaafatama.Kana booda ayyamamaa yoo ta'e beellamni qabameefii,watoonni faloof barbaachisan kanneen akka uffata,qarshii…faa qopheessuun,walaneen waamama.Itti aansuun namni fujujame sun wantoota qopha'e sana itti uwwisuun dhiifama naaf godhi jechuun gaafata.Kan dhiifama godhuufis akkas jechuun dhiifama godhaaf:

Siif dhiise  siif haa dhiisu
Siif qajeelchinee siif haa qajeelu
Horiif sanyiin tee lafa haaguuttu
Sanyiin tee hanga abba torbbaatti siif haa qajeeltu
Alaa manni kee guutuu haa ta'u...

Jechuun miijuu qopha'e sana harka waljala dabarsuun unatu. Nyaatas ganaa irraa wal-irraa fuudhuun nyaatu.kana booda nyaannifi dhugaatiin qopha'e sun namoota sirna sanarrtti argaman waliin niyaatama ni dhugamas.Itti aansuun namtichi dhiifama  godheef uffata isaaf kenname sana fudhachuun gara mana ofiitti deema.Sababni isaas namni dhiifama taasise sun du'ayii namtichaarratti argamuu waan hin qabneefi.Inni biroo immoo  namoonni yemmuu wal-dhaban

yookiin ajjeechaa raawwtan yoo ta’e immoo walanee waamuun akkasumas maanguddoota dubbii beekan filachuun araarri taasifama.Araara kanarrattis wantoonni adda addaa qopha’uu danda’u.Fakkeenyaaf,kan ajjeechaa raawwate korma ni qopheessa. Korma qopha’e sanis qaluun duratti waliin dubbiin nitaasifama.Kormi qapha’e sunas qaluun kan ajjeesefi kan jalaa ajjeefame kakuu akka kakatan taasisuu.Kakuu kanas akkas jechuun kakachiisu:

Ganaa walii irraa nyaattanii,Kan gane Rabbi haa ganu
Kan dhalate hin guddatin
Yoo dhalates hin guddatin
Sanyiin facaaftan hin biqilin…

Jechuun kakuun erga taasifamee booda nyaatni qopha’e akka walirraafi waliin nyaatan taasisu.Sirnichi erga raawwate booda namoonni sirnicharratti argaman gara mana isaanitti deemu.Kanaafuu falachuun rakkoowwan nama qunnamu armaan olitti ibsaman kunneen walaneen wamamuun sirna rakkoo itti hiikaniidha.Falachuun kun iddoo muudattis ta’ee mana dhuunfaatti ni adeemsifama.Falachuu karaa lamaan ilaaluun ni danda’ama.

### 4.6.2.1. Faloo Waan Gaariif Falamu

Faloonwaan gaariif falamuu nidanda’a.Namni milkiin gaariin isa qunname yookiin wanti tasee/hin eeggamne isa qunname, wanti gaariin kun itti fufiinsa akka qabaatuuf sirni falachuu kun ni adeemsifama.Fakkeenyaaf H/kullii H/Adam qunnama isaanii akkas jechuun qorattichatti ibsanii jiru.

Guyyaa tokko naannoo sa’aatii torbatti kanniisni gaagura tokko guutuu danda’u mana keessa iddoon taa’etti ol seenuun meeshaa irra qubate. Guyyaa sadi booda bakkuma qubate sanatti damma dammeessuu eegale.Kana booda kanniisni kun milkii gaarii of keessa waan qabuuf faloo malee manaa bahuu akka hin dandeenye bareetan yookiin ogummaa walanummaa waanan qabuuf (wayyuu) waanan ta’eef,faloof waan barbaachisan hunda nan qopheesse jedhu.Wantoonni qophii kanaaf barbaachisanis:1.Hiddii torba 2.Dhoqqee loonii 3.Fe’umaa 4.Halaaqana (bachoo) 5.Damma bulbulame.Kana booda dhoqqee loonii qopha’e kana iddoo isaaf qopha’e moonaa loonii keessatti bakka tokkotti walitti tuullama.Dhoqqee walitti tuulame ni dhooqsu/golbeessu.Dhoqqee golbate sana naannawa isaatti fe’umaa qopha’e sana irra maruun fiixee isaa gara alaatti baasu.Karaa fiixee fe’uumaan dhoqqee dhommoqe ni haphisu.Sababni isaas dammi bulbulame sun karaa fiixee fe’umaa gara alaatti kallatti mul’isu sanaan dammi cabsee gara alaa akka bahuufi.Dammi bulbulame sun dhoqqee boollatee qopha’e sanatti ni

naqama.Itti aansuun hiddii qopha'e dhodhoosuun damma dhoqqee boollate sanatti naqama.Kana booda dammi bulbulamee dhoqqeetti naqame sun karaa fiixee fe'umaa sanaan cabsee gara alaatti dhangala'a.Yemmuu kana wayyuun/walaneen harka lamaan miijuu guutuu qabatanii akkas jechuun eebbisu.

Milkii guutuutu nutti dhufe, guunnet gaggeessinaa
Moonaa kanatti loonni haa guutu
Fayyaa alaa manaa nuuf eegi
Guutuun dhibaafannee, alaa mana keenya nuuf guuti
Umrii nu dheeressi
Akka dammaa nu mi'eessi
Sa'aa namni keenna yaa horu
Daraaraa siif qopheessine, alaa manni keenna haa daraaru…ameen

jechuun erga wal eebbisanii booda gara manaatti oldeebi'uun miijuu qopha'e sana waliin nyaanna jedhu.Dhoqqee,hiddii,halaqana,fe'umaa fi dammi Fakkoomii/hiikkaa mataa isaanii qabu.Dhoqqeen hormaata looniin bakka bu'a.Hiddiin immoo sanyii keenna akka firii yookiin miciree hidditti haa baay'atu kan jedhu ibsa.Halaqanaan immoo daraara/lalisummaa mul'isa.Fe'umaan immoo hawwii umriin dheerachuu agarsiisa.Dammi immoo nama kamiiyyuu biratti jaalatamuu ibsa jechuun manguddon armaan olitti eeraman ibsanii jiru.Walumaagalatti muuda keessattis sirni falachuu kun akka jiru xiinxalamee jira.

#### 4.6.2.2. Faloo Waan Badaaf Falamu

Qorattichi akkuma armaan duratti maalummaa falachuu jalatti ibsuu yaaletti,faloon rakkoo cimaa kanneen akka fuja'uu/abaarramuu,cubbuu adda addaa dalaguu yookiin isa qunnamu walanee bira deemuun cubbuu hojjate hunda itti himachuun akkamitti falachuu akka danda'u gaafata.Kana booda walaneen namni isa fujuje yookiin itti gadde sun lubbuun yoo jiraate dhiyeessuun ,yoo hin jiraanne immoo gosa yookiin maatii isaa keessaa bakka buufamuun faloon akka gaggeeffamu taasifama.Adeemsi itti falamus armaan olitti maalummaa falachuu keessatti ibsamee jira.Faloon waan badaaf falamu wanti dhalatu yookiin uumamu waan duraan beekkamuun alaa yoo ta'edha.Fakkeenya 1ffaa saattiin takka jabbii miila shan yookiin sadi qabu yoo dhalte milkii badaa jedhama.Fakkeenya 2ffaan,namni tokko ilma dhalee kan hin guddanneef yoo ta'e,hojjatee kan hin milkoofneef yoo ta'eefi kan kana fakkaatan yoo nama qunnnaman faloo waan badaaf falamu falachuun furama jechuun odeefkennitoonni qorattichaaf kennanii jiru.

### 4.6.2.3. Iddoo Faloo

Qorataan akkuma armaan olitti waa'ee falachuu ibsuu yaaletti ,falachuun iddoofi abbaa faloo hiikuun adeemsifamuu isaa ibsee jira. Falachuun akkuma fujaa yookiin abaarsa isaattifi eessatti akka fujame erga hubatameen booda iddoon murteeffama.Namni iddoo muudatti fujame bakkuma fujame sanatti hiikkoon taasifamaafi.Iddoo kanatti namoonni faloo hiikan shananoon yookiin walaneen ta'uu danda'a.Kanaafuu faloo iddoo muudatti hiikkoon taasifamuu ni danda'a.Inni biro immoo mana abbaa dhimmichhtti qophiin adda addaa qopha'uun walaneen waamamee sirnichi adeemsa isaa eeguun ni raawwata.Kana booda namoonni sirnicharratti argaman hundi nyaataa dhugaatii qopha'e erga nyaatanii dhugan booda gara mana issaanitti galuun sirnichi raawwatu.

### 4.6.3. Dhibaayyuu

Dhibaayyuun waan gabaabaadha.Kana jechuun yeroo gabaabaa keessatti namoota muraasaan dhimmoota adda addaa qajeelchuuf kan qopha'uudha.Namni tokko jiruun yemmuu bitaa itti taatu miijuu qopheeffachuun kadhannaan adda addaa erga taasifamee booda miijuun qopha'e dhibaasuun wal irraa fuudhuun habbuuqatanii walitti tuttufuun wal-eebbisu.

### 4.6.4. Ayyaana

Sirna muudaa keessatti Ayyaanni amantii waliin walitti dhufeenya qaba.Ayyaanni hafuura ( power) yookiin ulfoo nama irra qubachuun kan dalqsiisudha.Ayyaanni awuliyaa dha.Ayyaani ixaana/adursa aar suun kan namaaf raagudha/raagduudha,jechuun odeefkennitoonni adda addaa yaada garagaraa kennanii jiru.Ayyaanni kunis karaa adda addaan hiikni kennamaafii jira.Hiikni kunis ayyaanni carraa gaarii yookiin badaa nama qunnamu ta'uu ibsu.Namoonni tokko tokko immoo ayyaanni waggaatti si'a tokko yookiin tokkoo ol kan kabajamuu ta'uu ibsa laatu.Inni sadaffaan ayyaanni nama ulfoo qabu yookiin ayyaantuu/ nama waa beeku jechuun balballoomsu.Walumaagalatti sirna muudaa keessatti ayyaanni maali? Eessaa madde?Eenyuun maadde? Kan jedhu adda baasanii ilaaluun dirqama.

Gosaafi madda ayyaanaa Ayyaanni ergaafi madda isaaarratti hunda'uun bakka gurguddaa lamatti qooduun ilaaluun ni danda'ama.Isaanis:1.Qaadiriyaa 2.Tiyaaniyaa jedhamu.

#### 4.6.4.1. Qaadiriyaa

Gosti ayyaana kanaa karaa Bahaan nama Abaadiir jedhamuun akka jalqabame ni himama. Ayyaanni kunis kan nama dallaqsiisufi itti fayyadamni afaanii kallattii adda addaan akka adeemsifamu ni himama.

#### 4.6.4.2 Tiyaaniyaa

Ayyaanni kuni karaa Bahaan nama Daawwee jedhamuun odeefkennitoonni ni addeessu.Ayyaanni kunis gosoota ayyaanaa xixinnoo kanneen akka Adaalmootii,Xaqwaar,Wasangalaafi kan kana fakkaatan kan of keessatti hammataniidha.Walumaagalatti gosa ayyaana kana lamaanuu keessatti itti fayyadamni Afaanii adda addaa taasifamuun sirnichi ni raawwata.

### 4.6.5. Awuliyaa

Awuliyaan kan wayyuu irran bulee wanti wayyuun sun Rabbiin kadhateefi nama eebbise waaqayyoon akkuma jiruun kan kennuufi kan milkeessuudha. Kanaafuu awuliyaan namaoota kanneen waaqayyo ayyameefi fedhe irratti qubsiisuun yoo kadhatan waaqayyo kan dhagahuuf,kan milkeessuufi kan kana fakkaatan kan raawwachiisuudha.Kanaafuu namni kamiiyyuu awuliyaa qabaachuu hin danda'u jedhu.Kanaafuu,namni ayyaanni irraa bulee dalaqsiisuu itti fayyadama afaanii adda addaa taasisuun kadhannaan adda addaa ni taasasifamaaf.

## 4.7. Faaruu Sirna Muuda Dirree Shibbaash Moominaatti Faarfamuufi Faayidaa Isaa

Faaruun sirna muudaa dirree Moominaatti/Gunaa Gannateetti yookiin iddoo muunni kabajamutti faayidaawwan adda addaa kanneen akka eebba,abaarsa,qeeqa,galata,simannaafi kan kana fakkaatan ittiin dhaamachuuf jamaan/salaamoon kan faarsudha.Dirree kanatti faaruuwwan Afaan Oromoofi Afaan Amaaraan`walkeessaa makuun haala ho'aa ta'een ni faarfama.Faayidaan isaas,iddoo muudaa sanaatti hirmaattonni keessa isaanii yookiin quuqama isaanii faaruutti fayyadamuun dhaamsa isaanii itti dabarfachuuf tajaajila.Haaluma kanaan ergaafi faayidaa isaanii akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

Gannatee teettanii burqaa buqqiftanii
Allaatitu simee gala dhageennanii.
Allaattin gaafasii bar handarii fa'aa
Wajjiin jirtan Roobaa, nama garii fa'aa.

Faaruu kana irraa wanti hubachuu dandeenyu,jamaan yookiin salaamoon jaalala Shibbaash Moominaaf qaban ibsachuuf kan itti fayyadamaniidha.Kana malees Shibbaash Moominaan dirree muudatti dhufuu isaanii dhageenyaan namni yookiin jamaan baay'inaan bahuufi namni tokko illee manatti akka hin hafne kan addeessudha.

Laga kataarillee teettanii gannatee
Sumaan tabba bayee namichi laafellee
Madiinaa fakkaataa mandarri keetillee.

Jechuun iddoo Shibbaash Moominaa irra turaniifi namni abdii kutateefi rakkoowwan adda addaaa isa qunname maqaa Shibbaash Moominaatiin du'iin yoo taasifameef,abdiin isaallee ni lata,rakkoon isaallee ni furama jechuun ibsu.Kana malees masgiinni isaanii yookiin iddoon itti muunni adeemsifamu baay'ee bareedaafi madiinaa waliin wal fakkaachuu isaa kan himuudha.

Asalaamaleyikum Shibbaash Moominawoo
Asalaamaleyikum Aayyoo tiyyawoo,
Akka nun laalle masoon biyyaawoo
Nutti jabaadhu kazoo tiyyawoo.

Faaruu kana irraa wanti hubannu jamaan dirree muudaa kanatti garee adda addaatti walitti gurma'uun nagaya Shibbaash Moominaa gaafachuun wanta hamaa biyyaaf hin tolle nurra qabi jechuun hadraa ho'isanii faaruu keessatti kadhannaa taasisu.

Oson dhaqa taate Aayyiyewoo
Gunaa gadi tarraan qubbaa teessaniwoo
Qubbaa gadi hin dhiisne armii taataniwoo
Garii ergitanii isin deemtaniwoo,
Jaalala keesaniin jirra ammallewoo.

Jechuun Shibbaash Moominaa eessaa kaatee eessa akka geettefi eessatti akka armii taate,akkasumas jaalala jamaan isheef qabuufi ammallee Awuliyaan ishee akka isaan eegu abdii godhachuun niyyaa isaanii ibsatu.

Aayyiyyewoo ! Aayyiyyewoo! Aayyiyyewoo!
Madiinaan Habashaa Gunaa gannatewoo
Koola Moominayyoo jala jirtaniwoo,
Asalaamaleeyikum dirree Ganniyewoo,
Nurraa nuu fageessi gadadoofi rakkoo.

Dirree kanatti faaruun tajaajila yookiin ergaa adda addaa qaba.Haaluma kanaan ergaan faaruu kanaas jamaan madiinaan nama kamiiyyuu Gunaa Gannatee ta'uu,akkasumas namni kamiyyuu

koola isaanii jala yookiin kadhannaa isaanitiin buluu/jiraachuu isaanii ibsa.Kana malees,waan badaafi hamaa irraa akka isaan tiksuu kadhatu.

Shibbaash Moominawoo ganda wayyuuwanii,
Beenaa achi deemnaa warri araaddanii,
Qoricha dawoomaa warri barbaaddanii,
Isaan harka jiraa,wanti niyyatanii .

Faaruun kun ergaa dhaamuu ta'a.Ergaan isaas dirreen Shibaash Moominaa qoricha waan hundaa waan ta'eef namni achi deemuuf niyyaa qabdan achi deemuun qoricha dawoomaa argadhaa jechuun bu'aan dirreen sun namaaf kennu ergaa jedhu of keessaa qaba.

Isaan harka jira qorichi dawoomaa
Sumatu nuuf eegaa alaa mana keenyaa.

Jechuun awuliyaan Shibbaash Moominaa alaa mana isaanii akka eeguuf dhhaamasa isaanii dhaamatu.

Qorichawoo marfee kiyya moominatii
Qorichuma dhugaa,kiyya dharaa miti
Marfee kuma caala,nama si beekuttii.

Jechuun Shibbaash Moominaa Awuliyaa isaanii yoo kadhatan osoo hin turin akka dhaqabuufi jechi jedhan kun dhugaa ta'uu isaa nama waan isaanii hin beeknetti dhaamsa himuu of keessa qaba.

Moominawoo!Moominawoo!
Isaan keessan gariin argaa Rasuulawoo
Ka Gannateef Faraqasaan walitti fuulawoo
Maal siin jettee,jamaan Moominawoo.

Jechuun Shibbaash Moominaan jamaan isaan bira dhufe maal akka jedhaniin gaafachuufi iddoon muudaa inni biroo faraqasaa jedhamu dirree muudaa Gannatee jedhamu waliin walitti fuullee ta'uu isaa addeessa.

Lafee tiyya Malee an takkuu lallabnee
Jaalala tee malee an qarshii inkasabnee
Raajii namaa laalee nama hin dadhabnee.

Jechuun namni faaruu baasuu yookiin uleen sun haqa namaa tuqquu dhabuu isaafi waan ofii isaatiin akka jiraatufi jaalala isaaniif qabu ibsa.

Sangaa loonii tayee anaan hin qotanii
Sangaa fardaa tayee ana yaabbatanii
Maal jetteen Amaartittiin Shawaa
Ollaan kiyya martuu naan jedhe maseenaa
Haadha koo Moominaa mee natti ol seenaa
Gannatee koo jiraa qorichi maseenaa
Maqaa keessan biraa hin jedhamu maseenaa,

Jechuun namni dhala dhabe yookiin ijoollee horachuu hin dandeenye ollaafi namoonni adda addaa quba itti qabuun hamachuufi qeequun hamileen waan tuqameef maqaa keessan dhahanii wanti dhabamu waan hin jirreef ilma naaf kenni jechuun faaruu keessatti kadhannaa taasisu.

Asalaa maleyikum baahira safaa
Silkii teessan eegaa eessan rafaa
Ogguun jenne geettee natti dafaa.

Namni faaruu faarfatu immoo nama dirree kanatti niyyaa niyyatee,wanti niyyate sun yeroon gahuu isaa yaadachuun niyyyaan isaa sun akka milki'uuf hawwii qabu ibsachuu isaa akeekkachiisa.

Daakkiyyeen si beeytee lagarrattu
Yoo ka alaan baatee nama gattuu
Barana wallaallaa tanarrattuu.

Jechuun namni waa niyyatee hin milkoofne haala dhaadachuun,garuu keessatti haala aariifi mararfannaa qabuun dhaamachuu of keessaa qaba.

Gaarri Baale keessaa shashalaleen
Kennaniif silxaanii akka galeen
Akka waan Jarmanii Salaxxanee.

Faaruu kana keessatti uleen yookiin namni faaruu kana faarfatu Afaan Amaariffaafi Afaan Oromoo walitti makuun fayyadame.Kana malees gaarri Baalee kan keesssa bashannanamu, akkasumas namni wayii dandeettii cimaa qabuufi dandeettii isaarratti hunda'uun hatattamaan aangoo argachuu isaa kan adddeessudha.

Mootii teesson waabee qarree
Ariifataa jeettiin bira taree
Maali yoo daqiiqaan wal-agarree.

Yaanni faaruu kanaa jaalala faarfataan dirree muudaa kanaaf qabuufi sirni muudaa kun waggaan osoo hin ta'in yeroo yeroon osoo ta'ee yookiin osoo fagaachuu baatee yaada jedhu of keessaa kan qabuudha.

Ani hin dhageenye sijaadan lafa jalaa
Wanni lammiin laaltee na dadhabduuf
Jawaaratuu booroo tiyya gala.

Qabiyyeen faaruu kanaas,faarfataan diinni na ilaalee maaliif natti hinaafaa? Hinaafus jawaara/jamaan yemmuu muudaa deebi'u waan akka biyyee bishaaniin walitti makamee kan dhugamu,kunis wanti namaaf hin tolle akka itti hin dhiyaanne kan dhoorku jedhamee kan itti amanamutu kutaa/booroo kiyya keessa jira jechuudha.Knaafuu faaruun kunis waan kana addeessa.

Osoo Gannatee taate biyyi tiyyaa
Isiniif Rasuulaa firri kiyya
Gab-jedhe na ciisaa dirri kiyyaa.

Yaanni kun immoo faarfataan dirreen muudaa Gannatee jedhamtu tun jaalatamtuufi bareedduu,akkasumas firri kiyya hundi michuu keeti kanaaf tasgabbii argatti qalbiin tiyyaa yaada jedhu of keessaa qaba.

waa jetteen Diireen ka Gannatee
Yoo jabbileen Shibbaash dhufte tolee
Naa ibsaa,ibsaan keessan anaaf irree.

Namni faaruu kana faarfatu dirree muudaa kanitti jamaan isaa yemmuu dhufu dirreen ni ho'iti yookiin ni bareeddi,akkasumas wanti niyyate hundi akka milka'uuf haala itti kadhannaa isaa adeemsisuudha kan jedhu ergaa qaba.

Mootummaa teesson Dirree
Isiniin jabaattee tiyya irreen
Gaafa horiin tiyya hin jirre.

Ergaan ulee kanaa yeroo horii yookiin qabeenya dhabetti,awuliyaan dirree muuda kanaa,irree yookiin jabinna akka ta'eef dhaamsa jedhu dhaamuu barbaadeti.

Aayyiyyoon maskootii qabdi Kalee
Gadin dhiisu waanii argu malee
Irran taru Gunaa bulu malee.

Dhaaamsi faaruu kanaa Aayyoo Moominaan kaleessa yookiin dur ajaa'iba adda addaa ni raawwatu ture.Har'as niyyaan kiyya yookiin wantin dirree kanatti himadhe yoo naaf hin dhaqqabin asuma buleen eeggadha malee gara qe'ee yookiin iddoo kootitti hin deebi'u yaada jedhu of keessaa qaba.

Haadhatuu zajaa qabaa duuddan itti baatteetii
Abbaatuu zajaa qabaa lukaan itti kaattetii
Nullee biqila,jarri goombisoo ijaareeti.
Bookiyyoon tee bonaanille gannitee
Beekaa wallaalaa hin qabdu jaalalti tee.

Ergaan faaruu kanaa,wanti gaarii hin taane tokko yoo uumame harka isaanitu isaan dhaqqabe yookiin gahe malee,nuti dhalataa isaanii taanus hammeenyi nuti hojjanne hin jiru waan ta'eef maaliif cubbuu isaanitiin adabamna yaada jedhu of keessaa qaba.Kana malees iddoo Awuliyaa yookiin muudaa kanatti wanti kadhatanii dhaban hin jiru waan ta'eef beekaa wallaalaa osoo hin jedhin namni kamiiyyuu dirree kana hin hanqatu/hin hafu jechuun dhaamsa dabarfatu.

Abbaayewoo waliyyii gaafa qaraa
Keenna hojiin kanuma gaafa maraa.

Ergaan faaruu kanaa,waliiyyiin hojiin isaa yeroo hunda dirree muudaa kanatti gasa tokkoo hojjachuu isaa adeemsa itti ibsuudha.

Rooba hedaa duumessi kee rarra'ee
Anniyyaa yoona Gannateett darra'ee.

Jechuun Awuliyaan dirree muudaa sanaa dhimmoota adda addaa irratti murtee kennuuf hadraan yookiin faaruun adda addaa faarfamaa,kan niyyaa adda addaa qabus niyyaa isaa himachaa wadaajni haala malee ho'uu isaa ibsa.

Abbaayewoo kukkubbaa yaa kukkubbaa
Yaa leenca, leenca maree taa'ee gubbaa.

Ergaan faaruu kanaas,awuliyaan dirree kanaa sodaatamaafi waan itti niyyatan hundi kan dafee dhaqabuufi kabajamaa,kan namoonni dirree kanaatti bulan hundi kabajuufi sodaatu ta'uu addeessa.

Gannateetti galchanii hoolaa qoloo
Tiraafikii kiyyawoo koottu toloo.

Jechuun faarfatu.Haalli itti fayyadama afaanii faaruu kana keessattis iddoo muudaa kanatti yookiin Gunaa Gannateetti jamaan waan niyyaa isaanii hoolaa yookiin re'ee bifti isaa/ishee qoloo/diimaa ta'e/taate wareega galchu.Kana malees,niyyaa keenya hunda waan guuttuuf waggaa waggaan osoo hin turin dafii koottu jechuun Afaan Amaariffaa itti makuun dhimma bahu.

An Siwwaamu sirriin wal-taatu malee
Duubumaa naa darbi kireetan gayee.

Ergaan faaruu kanaas,uleen yookiin namni faaruu kana faarfatu an siwaammachuuf yookiin sikadhachuuf keessi koo sirrii mitii,haa ta'u malee akka balleessaa koo osoo hin ta'iin dhiifama keettiin dhiifama naaf laadhu hiika jedhu of keessaa qaba.

Abbaayyewoo anumaa maal heddanii
Singatu gaafa duraa naan jettanii.

Hiikni isaas uleen/faarfataan niyyaa isaa dirree kanatti niyyatee,niyyaan isaa nama dafee hin geenyyeef yookiin hin milkoofne yoo ta'u,innis komii dirree kana irraa qabu ibsuu ilaallata.

Rijaalallaa, rijaala maaltu shakkaa
Ardii turban hulluuyixan gaafa Makkaa.

Haalli itti fayyadama Afaanii faaruu kana keessatti yookiin ergaan isaa dirree keessanitti buluu eenyutu shakkaa? Sababni isaas isin nama qulqulluu Waaqayyotti bulu waan taataniif shakkii malee jamaan keessan dirree keessanitti bula yaada jedhu of keessaa qaba.

Bookiyyoon tee bonaanillee okayaa
Faanosa hin dhaamnetu keessaa bobba'a.
Dirree Gannatee yaa shaallaltuu yaa shaallaltuu
Naa bilbili silkii Moominaan yemmuu galtuu.
Walaluu miila jalaan baate aduun
Meeshan abbaa qabu kaaniin hin maluu.
Suuta waraaban malee ni  boorayaa layini kee
Gariin Madiinaa jedhaanii ganda kee.

Jechuun ergaa isaanii dabarsu.Haalli itti fayyadama Afaanis dirreen muudaa yeroo ayyaanni waggaan dhufu qofa kan kabajamu osoo hin ta'in,yeroo biroos dirreen kun kan namaan guuttame ta'uu isaa ibsa.Kana malees,dirree Moominaatti  wanti dhabame hin jiru.Abbaan fedhe hundi iddoo kana deemuun dhimma isaa baha yookiin akkka fedhe ta'a yaada jedhu of keessaa qaba.Itti dabaluunis dirree muudatti ayyaana waggaan dhufu hawwiin eegaan jira waan ta'eef,yeroon

yemmuu gahu nattis himaa yaada jedhu balballoomsa.Inni biroos,haqni namaa nama biroof akka hin barbaachifnee akkasumas iddoo kanatti seerafi safuu dirrichaa eeguun/kabajuun kan hin adeemsifamne yoo ta’e akka gaarii hin taaneefi dirreen moominaa iddoo ulfoo akka ta’e tarreessa.

Akkuma feete sin jedhee Rabbillee
Aayyoo Moominawoo bareeduu Bilillee.
Ayyoo Moominaan jaannata dhaqqabadhaa jedhanii
Amartiin tee tirikaa bitadhaa jettanii.
Jaannata keessa karaa baaftaniwoo
Azaaba fuula duraa waa nurraa kaaftaniwwoo.

Ergaan faaruu kanaas,namni isaanitti bule wanti hundi ni milka’aaf.Akkasumas Ayyoo Moominaan wanti hundi yookiin rakkoon namaa hundi akka tiriika baasee mul’isa yookiin agarsiisa yaada jedhu of keessaa qaba? Ergaan isaallee Aayyoo Moominaaf rabbillee raajii hojjadhu jedhee si uume.Kana malees,bareedina kee akka Bilillee si bareechee,awuliyaan kee wanta hazaaba ilma namaatiif hin tolle nurraa qulqulleessa hiikaa jedhu of keessaa qaba.

Haajoo suraa, sura keessa Makaannii
Homa keessan odeessa zamaannii.

Jechuun dirreen kun ajaa’iboonni adda addaa akka raawwatamaniifi jamaan hundi gaarummaa karra kanaa akka dubbatan faaruu kana keessatti ibsuu barbaadan.

Salaamaleyikum aayyiyyoo
Salaamalayikum aayyiyyoo
Qariin lamaan nutti gumbiisaa.
Hamaa keenna nurraa buqqisaa.

Jechuun aayyoo Moominaa maqaa dhahuun wanta isaaniif hin tollee akka isaanirra balleessitu faaruu keessatti abaaru.

# BOQONNAA SHAN: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo

Qbiyyeen kun xumra qorannoo kanaa yoo ta'u,qabxiiwwan kanneen akka Cuunfaa,Argannoofi yaboo Itti Fayyadama Afaanifi faaruu Oromoo Muuda dirree Shibbaash Moominaatti:Godina Arsii Aanaa Gunaatti kan jedhu balballoomsa.

## 5.1. Cuunfaa

Xiyyeeffannoon guddaan qorannoo kanaa"Itti fayyadama Afaanifi faaruu Oromoo sirna muuda dirree Shibbaash Moominaatti keessatti: Godina Arsii Aanaa Gunaatti",kan jedhuudha.Kanaafuu, sirna kana keessatti jamaan haalli itti Afaanitti fayyadamu maal fakkaata? Jedhanii xiinxaluun barbaachisaadha.Ilmi namaa waliin jireenya isaa keessatti ittiin waliigaluufAfaan murteessaadha. Ogafaanni Afaanichaa akka guddatuuf haalli itti fayyadama Afaanii hawaasaa yookiin jamaa sirna muudaa sana keessatti maal fakkaata?,Faayidan inni guddina Afaanitiif qabu maali? Faayidaan afaanii maali? Adeemsifi yoomeessi sirna muuda dirree Shibbaash Moominaa maal fakkaata? Qooddattoonni sirna kana keessatti hirmaatan eenyu faadha? Faaruu iddoo kanaatti faarfamaniifi faayidaan isaa hoo? Kan jedhu qorattichi adda baasee xiinxalee jira.Kana malees,iddoon muudaa Aanaa Gunaa Gannatee kun eenyuun hundeeffame?,akkamitti hundeeffame?, maaliif hundeeffame?, dhiibbaa akkamiituu irra gahe? Kan jedhu qorattichi akka armaan gaditti ibsee jira.

Biyyoonni guddatanis ta'ee guddachaa jiran gosa kabaja ayyaana adda addaa qabu.Haaluma kanaan,biyyi keenyas aadaafi afaan eenyummaa isaa ittiin ibsatu qaba.Kanaafuu,biyya keenna keessatti aadaawwan kanneen akka:Irreecha,fuudhaafi heerumaa,gumaa,ateeteefi kan kana fakkaatan qabu.Aadaawwaan kanneen keessaa aadaan sirna muudaa isa tokko.Sirni muudaa kun iddoo adda addaatti yeroo gara garaa keessa ni raawwata.Sirni muudaa kun akka biyya keenyatti fakkeenyaaf dirree Sheek Huseen,Gunaa Gannatee (Aanaa Gunaa keessa),Faraqasaa (Aanaa Martii keessa),Sheeqamsaree (Aanaa Collee keessa)fi kan kana fakkaatan yoomessa isaanii eeganii ni kabajamu. Haata'u malee,dirreewwan kanneen keessaa dirreen Gunaa Gannatee (Shibbaash Moominaa) iddoo itti sirni muudaa gaggeeffamuudha.Iddoon kun Godina Arsii Aanaa Gunaatti kan argamuudha.

Bara 1870 moota keessa dubartii (nama awuliyaa) Shibbaash Moominaatiin hundeeffame.Mog-gaasni Gunaa Gannatees yeroo jalqaba Shibbaash Moominaa iddoo sana qubatutti haalli

qilleensa naannoo sanaafi taa'umsi lafaa waan baay'ee itti toleef Afaan Amaariffaan biyyi kun biyya gannataati jette.Kanumarraa ka'uun Gunaa Gannatee jedhame.Iddoo kana malee, Shibbaash Moominaa bakka adda addaatti iddoo muudaa Masgiidota baay'ee ijaarsifte.

Sirnoota durii keessa rakkoofi hacuuccaan baay'een irraa gahee jira.yeroo bulchiinsa Zawidituu keessa masgiida keessatti karra itti cufanii ibidda itti qabsiisanii gubanii jiru.Haata'u male,yemmuu masgiinni gubatutti Isheen kitaaba qur'aana qabattee utubaatti maramtee ajaa'iba addaatiin osoo hin gubatiin lubbuun bahuu Ishee maangudoonnifi barreeffamni adda addaa ni addeessa.Amantaan Ishee jalqaba kiristaana akka taatefi boodarra immoo Ayyaanni yookiin Awuliyaan irra qubachuun Musliima taatee amantii Musliimaa babal'isuun Ishee ni himama.

Muuda jechuun iddoo qulqulluu namoonni yookiin jamaan gosa adda addaa amantaan,beekum-saan,umriin,saalaan,gosaan,Afaaniin,daangaaniifi kan kana fakkaateen osoo walhin daangeessin bakka itti sirni kabajamuudha.Dirreen muudaa kun seerafi adeemsa itti ayyanichi kabajamu qaba.

Hayyuun fedhii ummataan ummata keessaa beekaafi dandeetti itti ummata isaa bulchu yookiin hoganu jedhamee kan filamuudha.Wayyuun immoo nama hawaasni ofii filatu osoo hin taane Waaqayyo dandeetti kenneefii kan dhaabudha.Arraagaan qabiyyee muudaa keessaa isa tokko ta'ee,aadaa duraan Shibbaash Moominaa itti amananiidha.Shananoon qooddattoota sirna muudaa kana keessaa qaama tokko ta'ee,gahee adda addaa qaba.Shananoon kunis,bakka shanitti qoodamuun sirni muudaa jalqabamee hanga xumuramutti ta'eewwan achi keessatti raawwataman hunda to'achuun seera eegsisa.Faloon sirna muudaa keessaa isa tokko.Faloo jechuun namni tokko yoo uumamni itti bitaachofte yookiin akka malee taate,yoo fujujame/abaarramefi kan kana fakkaatan yoo isa qunname kan ittiin rakkoo hiikkatuudha.Namni faloo baasuus walanee jedhama.Faloo bakka lamatti hiruun ilaaluun ni danda'ama.Isaanis faloo waan badaaf falamuufi faloo waan gaariif falamuudha.Faloon kunis manatti yookiin iddoo muudatti falamuu danda'a.Dhibaayyuun waan gabaabaa namoota muraasaan waa qajeelchuuf kan raawwatamuudha.Ayyaanni sirna muudaa keessaa isa tokko.Ayyaanni hafuura wayii ta'ee namoota adda addaarra qubachuun kan dallaqsiisudha.Ayyaanni kun gosa qaadiriyaafi Tiyaaniyaa jedhamuunis nibeekkama.Awuliyaan kan Wayyuu irraan bulee,wanti wayyuun sun kadhate,eebbisefi abaare battalumatti kan Rabbi dhagahuuf jechuudha.

Muunni dirree Shibbaash mominaatti yookiin Gunaa Gannateetti waggaa keessatti si'a sadi kabajama.ji'oonni muunni kun kabajamus: Onkololeessa 19, Muddee 19fi Caamsa 19 haala ho

’aa ta’een kabajama.Muunni kunis faayidaa kanneen akka walamanuu,waljaalachuu,tokkummaa, walgargaaruu,muuxannoo waljijjiiruu,walqixxumma,madda galiifi kanneen kana fakkaatan faadha.Faaruun dirreewwan muudatti ergaawwan/dhaamsa kanneen akka: eebba,abaarsa,galata, qeeqafi kanneen kana fakkaatan dabarsuuf gargaara.Namni faaruu muudaa faarsu ulee jedhama.

Walumaagalatti guddinna Afaanitiif aadaan kamiiyyuu murteessaa waan ta’eef,aadaawwan qabnu hunda hammayyoomsuun faayidaan gama adda addaatiin akka argamu gochuun gahee nama hundaati.

## 5.2. Argannoo (Findings)

Qorattichis”Itti fayyadama Afaanifi faaruu Oromoo sirna muuda dirree Shibaash Moominaatti keessatti: Godina Arsii Aanaa Gunaatti” jedhu qaaccessuun argannoowwan akka armaan gadiitti tarreessee jira.

- Sirna muudaa kana keessatti namoonni iddoo adda addaarraa waan dhufaniif,itti fayyadamni Afaanii,Afaan Amaaraafi Afaan Oromoon bal’inaan mul’achuu isaa.
- Faaruun fedhii,jibba,jaalalla,kabaja,durummaa,hiyyummaa,waraana,beela,rakkoo,quufafi kan kana fakkaatan kan itti ibsatan ta’uu.
- Muuda keessatti qabiyyeen itti fayyadama Afaanii kallattii adda addaan mul’achuu.
- Faaruwwan gosa adda addaa keessatti jechoonni itti fayyadama Afaanii keessatti mul’atan cicimoo,iccitii kan qabaniifi ergaa adda addaa qabaachuu.
- Itti fayyadamni Afaanii dirree kanaa qaacceffamee,gosa gosaan mala ogbarruun taa’uu dhabuu.
- Haalli itti fayyadama Afaaniifi akkaatan kabaja sirna muuda kanaa ammayyoomuu dhabuu.
- Sirna muudaa kanarratti qooddattoonni gahee mataa isaanii qabaachuu isaa.
- Sirni muudaa kun adeemsafi yoomeessa dhaabbataa qabaachuu.
- Faaruun dirree kanaatti faarfamu eenyummaafi fedhii isaanii calaqqisiisuu danda’uu.
- Afaan sirna muuda kana keessatti faayidaa adda addaa kennuu isaa.

## 5.3. Yaboo Qorannichaa/Recomandation

Ilmi namaa sochii isaa keessatti jijjiirama adda addaa fiduuf Afaanitti dhimma bahuun murteessaadha.Kanaafuu,afaan aadaa malee,aadaanis afaan malee jiraachuu hin danda’an.Haa

ta'u malee,afaanis ta'ee aadaan jiraachuuf ilmi namaa jiraachuun murteessaadha.Qorattichis qorannoo isaa keessatti rakkoowwan guddina Afaanifi aadaatiif hudhaa ta'an xiinxalee jira.kanumarraa ka'uun rakkoowwan xiinxalaman akka armaan gaditti tarreeffamanii jiru.Rakkoowwan kanas qaamni dhimmi ilaalu kamuu akka hiikuuf/furuuf imanaa akka armaan gaditti tarreessen jira.

- Qabiyyeewan sirna muudaa keessatti mul'atan adda baasuun bifa ogbarrun barreessun baroodha.
- Qabiyyeewan eenyummaa hawaasa sanaa ibsuu danda'an adda baasuun bifa ammayyaa ta'een barreessuun gaariidha.
- Faaruwwan gosa adda addaa keessatti,jechoonni itti fayyadama Afaanii cimoo,iccitii kan qabaniifi ergaa adda addaa kan dabarsan waan ta'aaniif xiyyeeffannoon itti kennamee barreeffamuu qabu.
- Qaamni dhimmi ilaallatu,haalla Itti fayyadama Afaaniifi kabaja ayyaanaa muudaa kana ammayyoomsuu qabu.
- Faaruuwwan iddoo muudaa kanatti faarfaman gosa gosaan adda baasuun akkasumas seenaa Shibbaash Moominaa barreessuun mana kitaabatti teessisuun hawaasnifi barattoonni akka irraa qayyabatan gochuun gaariidha.
- Iddoon muudaa kun guddina Afaanifi aadaa Oromoof bu'uura waan ta'eef,qaamni dhimmi ilaallatuu midiyaalee adda addaaf beeksisuu qaba.

# Wabii (Bibiliography)


Addunyaa Barkeessaa.(2014). *Akkamtaa* yaadrimee Qorannoo Hujoo (concept of applied) Finfinnee: Efficiency printing press.

Asmerom Legesse.(1973:15).*Gada:* Three Approaches to Study of African Society. New York: The Free Preess.

Berg.B.(2001).*Qualitative reaserch methods for social science.*California: California state university,Long Bech.

Clark, H. (1996). *Using Language.* Cambridge: Cambridge University Press.

Dastaa Dassaalanyi. (2009). *Bu'uura Qorannoo*: Addis Ababa.mana maxxansa Boolee.

David E.Gray.(2004). *Doing reaserch in the real world* .London:SAGE publications Ltd.

Dirribii Damissee. (2009). *Ilaalcha Oromoo: Baarroo Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo.* Finfinnee: Subi Printing Press.

Fishman J.A. (1971). *Advance In Sociology of Language.*Vol.1,Mouton,The Hague:Parise

Gabii Tusuu.(2015). *Xiinxala Fayyadama Afaanii Hordoftoota Amantaa Islaamaa Biratti:* Waraqaa Qorannoo Digrii lammaffaa Kan hinmaxxanfamne, Yuunivarsiitii Addis Ababaa.

Geda Melba. (1981). *Oromia Khartum Sudan.*

Goldman-Rakic,P. S.(1998). *The prefrontal landscape: Implications of functional architecture for understanding humanmentation and the central executive.* In A. C.

*Roberts*,W.T.Robbins et al.(Eds). *The prefrontal cortex*: Executive and (pp. 87-102). New York: Oxford University Press

Hudson,R.A.(1996 ). *Sociolinguistics*( 2nd ed). Cambridge: Cambridge University Press.

Hodge, B. and Kress, G. (1993). *Language as Ideology* (2nd ed). London and New York:Routledge.

http//en.wikpedia.org/wki/ *usage*

https:// *saylordotarg*.github.io>s16.t…

http//www.mvoganizing.org.

JeylanW.Hussein. (2005). *The Functions of African Arts,The Arsi Oromo Oral Arts in Focus,* African Study Monographs 26, No 1 P. 15-5865

Melakneh Mengistuu.(2008*). Fundamental of literature.*Addis Abeba:Comertial printing press.

Mokonin Ragasa,(2008). *Xiinxala Ayyaanafi Fakkoomiwwan Sirna Raawwii Muuda Dirree Sheek Huseen*

Morinis, E.A. (1984). *Pilgrimage in the Hindu Tradition:* A Case Study of West Bengal.Delhi: Oxford University Press.

Nicolas Wiliam.(2006).*social reaserch methods* .London.SAGE Publications Ltd. University Press.

Rappaport,A.Roy. (1999:25). *Ritual and Religion in the Making of Humanity*.UK: Cambridge

Sims and Stephen. (2005*). Living folklore.* An introduction to study of people on their traditions. Longanutah University press.

Turner & etal. (1978). *Image and Pilgrimage in Christian Culture:* Anthropological Perspectives. New York, Colombia University Press.

Wasanee Bashaa.(2001/2005). *Qartuu Finfinnee.*

Wirtuu,(1990). *Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo Jildii 3ffaa*. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Koomeershaal.

Wolff, E. (2000). "*Language and Society".* In Heine, B. and Nurse, D. (eds.) African Languages: an Introduction. Cambridge University Press.

Young, R. F. (2008). *Language and interaction:* An advanced resource book. London,England: Routledge.

# Dabaleewwan

## Dabalee A

**Yunivarsitii Finfinnee Kolleejjii Namoomaa,qo'annoo Afaanotaa, joornaalizimii sabqun-namtti, Muumee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii**

Kabajamoota Odeeffannoo Kennitota!

Kaayyoon Afgaaffii kanaa Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu sagantaa gannaa tiin digirii lammaffaa guuttachuuf mataduree"Itti Fayyadama Afaaniifi Faaruu Oromoo Sirna Muuda Keessatti: Xiyyeeffannoon Godina Arsii Aanaa Gunaa Dirree Shibbaash Moominaatti" ilaalchisee odeeffannoo funaanuufi. Kanaafuu,hirmaannaa keessan milkaa;ina qorannoo kanaaf gatii olaanaa waan qabuuf,ragaa dhugaafi haqa qabeessa ta'e akka naaf kennitan abdiin qaba.Sababni isaas qorannoo kanaan booda wantoonni qaama dhimmi ilaallatuun fooyya'uu qaban akka fooyya'uuf fulcha waan ta'uuf,odeeffannoon kennamuu qabu xiyyeefffannoon akka naaf kennitan kabaja guddaan isin gaaffadha.

**QAJEELFAMA:**Gaafilee armaan gaditti dhiyaataniif haaluma gaafatamtaniin Afaaniin deebii kennaa.

1.Maqaa________________________________
2.Saala________________________________
3. Umrii_________________________________
4. Ganda_________________________________
5. Aangoo________________________________

1.Muunni maali?

2.Muunni Drree Moominaatti yoom,akkamittifi eenyuun gageeffama?

3.Maddi Shibbaash Moominaa eessaa hanga eessatti?

4.Sirna muudaa keessatti baniinsifi goolabni ayyaanichaa maal fakkaata?

5.Sirna Muudaa keessatti Ayyaanni maali?

6.Sirnni muudaa kun amattii dhamoo aadaadha?

7.Faayidaan muudaa maali?

8.Sirna muudaa keessati gosoonni Ayyaanaa jiruu? Isaanis eenyu faadha?

9. Falachuun maali? Maaltu falama? Maaliif falama? Yoomifi eenyuun falama?

10.Faaruun maali?

11.Faaruwwan kun bifa adda addaa qabuu? Fkn.kennuun naaf himuu dandees suu?

12.Ergaawwan faaruwwanii naaf himuu dandeessuu?

**Dabalee B**

**Yunivarsitii Finfinnee Kolleejjii Namoomaa,qo'annoo Afaanotaa, joornaalizimii sabqun-namtti, Muumee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii**

Ragaa namoota akka iddattootti Afgaaffiin odeeffannoo kennan

| T.L. | Maqaa guutuu | Umrii | Saala | Aanaa | Ganda | Sadarkaa barnootaa | Ogummaa |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | H/kullii H/Adam | 75 | Dh. | Gunaa | Jaawwii | Barnoota Amantaa | Wayyuu |
| 2 | Muhaammad Aliyyii | 61 | Dh. | Gunaa | A/jamaa 01 | Digirii 1ffaa | Hojjataa B.A.T. |
| 3 | Kaabboo Muhaammad | 46 | Dh. | Gunaa | A/jamaa 01 | " | " |
| 4 | A/waahid Haamid | 58 | Dh. | Gunaa | A/jamaa 01 | " | " |
| 5 | Sh/A/rahmaan Elemoo | 68 | Dh. | Gunaa | Andallee | Barnoota Amantaa | Qotee bulaa |
| 6 | Haamid Huseen | 56 | Dh. | Gunaa | Gunaa | B.bu'uuraa | " |